# HUJII ERGAMTOOTAA

**Yesuus Gara Samiitti Ol Fudhatamuu Isaa**

1 Yaa Tewoofiloos, ani waan Yesuus hojjachuu fi barsiisuu jalqabe hunda kitaaba kiyya kan jalqabaa keessatti barreesseera. 2 Wanni kunis waan erga Yesuus ergamtoota filate sanaaf karaa hafuura qulqulluutiin[a] ajaja kennee booddee[b] hanga gaafa inni Samiitti ol fudhatameetti ta'ee dha. 3 Innis du'a isaa booddee namoota kanatti uf agarsiisee waan akka inni jiraataa ta'e mirkaneessu baayees dhiyeesse; bultii afurtamaa keessattis guyyaa hedduu isaanitti muldhatee waayee mootummaa Waaqayyoo dubbate. 4 Otoo isaan waliin jiruus akkana jedhee isaan ajaje; "Waadaa[c] Abbaa kan waayee isaa narraa dhageessan sana eegadhaa malee Yerusaalemii hin bayinaa. 5 Yohaannis bishaaniin cuupheetii; isin garuu bultii xiqqoo booddee hafuura Qulqulluun ni cuuphamtu."

6 Isaanis yommuu walitti qabamanitti," yaa Gooftaa, ati yeroo kanatti Israa'eliif mootummaa ni deebiftaa?" jedhanii isa gaafatan.

7 Inni immoo akkana isaaniin jedhe; "yeroo yookiin guyyaa Abbaan aangoo isaatiin murteesse beekuun hujii keessaniimiti. 8 Yeroo hafuurri Qulqulluun isin irra bu'utti garuu humna ni argattu; isinis Yerusaalem keessatti, Yihuudaa cufaa fi Samaariyaa keessatti, hanga qarqara lafaattis dhuga-baatota[d] kiyya ni taatu."

9 Eega inni waan kana dubbatee booddees otuma isaan ilaalanuu ol-fudhatame; duumessis ija[e] isaanii duraa isa dhosse.

10 Yeroo inni ol bahaa turettis, otuma isaan xiyyeeffatanii gara Samii ilaalaa jiranuu namoonni uffata adaadii uffatan lama isaan bira dhadhaabatan. 11 Akkanas jedhaniin; "yaa namoota Galiilaa, isin maaliif asi dhadhaabattanii gara Samii ilaaltu? Yesuus innumti isin biraa samiitti ol-fudhatame kun, akkuma isin otoo inni samiitti ol-bawuu argitan kana deebi'ee ni dhufa."

**Maatiyaas Bakka Yihuudaa Filatamuu Isaa**

12 Isaanis tulluu gaara Ejersaa jedhamu irraa Yerusaalemitti deebi'an; gaarri kunis Yerusaalem irraa gara kiiloo meetira[f] tokkoo fagaata. 13 Isaanis yommuu Yerusaalem ga'anitti kutaa fooqii kan keessa jiraachaa turan sanatti ol ba'an; isaanis Pheexiroosii fi Yohaannis,Yaaqoobii fi Indiriyaas,

[a] 2 ykn *ayyaana woyyuutiin;* [b] 2 ykn *duubatti;* [c] 4 ykn *kakuu;* [d] 8 ykn *dhugeessitoota/rageessitoota;* [e] 9 ykn *ila;* [f] 12 *hiikkaani tokko tokko deemisa guyyaa sambata tokkoo jedha*

Filiiphoosii fi Toomaas, Bartelomewoosiifi fi Maatewoos, Yaaqoob ilma Ilfiyoosi, Simoon isa "hinaafticha" jedhamuu fi Yihuudaa ilma Yaaqoobi turan. **14**Marti isaaniis dubartootaa[g] fi Maariyaam haadha Yesuusi waliin, obboleeyyan isaa waliinis otoo gargari hin kutin yaada tokkoon kadhannaatti jabaachaa turan.

**15**Jidduma sana Pheexiroos ka'ee amantoota gara dhibba tokkoo fi diddamaa ta'an jidduu dhaabate. **16**Akkanas jedhe; "Yaa obboleeyyani, dubbiin kitaabaa kan hafuurri Qulqulluun yeroo dheeraan dura waayee Yihuudaa isa warra Yesuusin qaban fide sanaa afaan Daawitiitiin dubbate sun raawwatamuu[h] qaba. **17**Innis miseensa keennaafi nama akka tajaajila[i] kana keessatti qooda qabaatuuf filatame ture."

**18**Yihuudaan horii hammeenna hojjatee argate sanaan lafa bitate; innis mataan lafa dhayee qixxeelamaanitti tarsa'e; mardhumaan isaa cuftinuus keessaa jige. **19**Namoonni Yerusaalem keessa jiraatan hundinuus waan kana dhagayan; lafa sanas afaan isaaniitiin 'Akeldaamaa' jedhanii waaman. Akeldaamaa jechuun 'lafa dhiigaa' jedhuu dha.

**20**"Kitaaba faarfannaa keessatti akkana jedhamee barreeffameeraatii;

'qe'een[j] isaa haa onuu;
namni keessa jiraatus hin hafin' akkasumas
" 'Aangoo[k] isaa namni dhibiin[l] haa fudhatuu.'

**21**Kanaaf worra yeroo gooftaa Yesuus nu jidduu ba'ee galaa ture hundumaa nu waliin turan keessaa nama tokko filachuun barbaachisaa dha; **22**Namni filatamu kun nama cuuphaa Yohaannisiitii jalqabee hanga gaafa Yesuus nu biraa samiitti ol - fudhatameetti nu wajjiin ture ta'uu qaba. Namoota kanneen keessaa tokko nu waliin dhugeessituu du'aa ka'iisa Yesuusi ta'uu qabaatii."

**23**Kanaafis namoota lama dhiyeessan; isaanis Yooseef isa Barsabaa jedhamu kan Yosxoos jedhamee beekamu tokkoo fi maatiyaasi. **24**Akkanas jedhanii Waaqa kadhatan; "Yaa Gooftaa garaa nama hundumaa beettu, ati namoota kanniin lamaan keessaa isa kam akka filatte nutti agarsiisi; **25**Kunis akka inni tajaajilaa fi ergamtummaa Yihuudaan dhiisee gara bakka[m] ufii isaatti garagale sana fudhatuufi." **26**Isaanis hixaa buusan; hixaan sunis Maatiyaasiif ba'e. Innis ergamtoota kudhanii tokkotti ida'ame.

[g]14 ykn *nadheeni;* [h]16 ykn *guutamuu;* [i]17 ykn *hujii;* [j]20 ykn *manii;* [k]20 ykn *guddinna;* [l]20 ykn biraa; [m]25 ykn *fulaa*

### Dhufaatii Hafuura Qulqulluu

2 Yeroo guyyaan Pheenxeqoosxee ga'etti, marti isaanii bakka[n] tokkotti walitti qabamanii turan.
[2]Akkuma tasaas Sagaleen[o] akka bubbee jabaa bubbisu tokko Samii irraa dhufee mana isaan keessa tataa'aa turan sana hunda guute.
[3]Isaanis waan akka arraba ibiddaa tokko isaa gargari qoodamee dhufee tokko tokkoo isaanii irra bubbu'u argan.
[4]Cufti isaaniis Hafuura Qulqulluun[p] guutamanii akkuma hafuurrii sun isaan dandeessisetti afaan gara biraatiin[q] dubbachuu jalqaban.

[5]Yeroo sana Yihuudonni Waaqa sodaatan saboota Samii jala jiran mara keessaa dhufanii Yerusaalem keessa jiraachaa turan.
[6]Yeroo sagaleen sun dhagayamettis namoonni hedduun waan jedhan dhabanii walitti qabaman; worri hafuuraan guutaman sun afaan tokkoo tokkoo namoota sanaatiin dubbachaa turaniitii.
[7]Isaanis akka malee dinqifatanii[r] akkana jedhan; "namoonni dudubbatan kunniin hundi warra Galiilaatii mitii?
[8]Yoos akkamiin tokkoon tokkoon keenya isaanii afaanuma keenya kan nu itti dhalanne dubbatu dhageenya ree?
[9]Nu warri Phartee, warri Meediyaatii fi warri Elaami, jiraattonni Mesoophotaamiyaa, Warri Yihuudaatii fi

[n]1 ykn *fulaa;* [o]2 ykn qoonqooni/qoonqi; [p]4 ykn *Ayyaana Woyyuun,* [q]4 ykn *dhibiini;* [r]7 ykn *maadeffatanii/ajaa'ibsiifatanii*

**2:1** *Guyyaa Pheenxeqoosxee* - Guyyaan kun naannoo caamsaa 20 ta'a; innis guyyaa Yihuudonni ayyaana haamaa midhaanii itti ayyaaneffatan. Pheenxeqoosxee jechuun "shantammaffaa" jechuudha; kunis sababii ayyaanni kun erga ayyaanni Faasikaa dabree guyyaa shantamaan duubatti ayyaaneffamuuf. Ayyaanni kun ayyaanota warri Israa'eli waggaa keessatti ayyaaneffatan gugurdoo sadan keessaa isa tokko. Isaan guyyaa kanatti kennamuu seeraa qaabatan; yeroo ayyaana kanaatti dhiironni Yihuudotaa gara Yerusaalem dhaquun barbaachisaa ture.

**2:2** *Bubbee jabaa* -Afaan Ibraayisxiitiifi afaan Girikkiitiin jechi, "bubbee" jedhu kun jecha, "hafuura" jedhuun tokkuma; innis kitaabota qulqulluu keessatti milikkita jireenyaatiif, akkasumas argamuu Waaqaatii fi humna Waaqaatiif fayyada ture.

**2:3** *Waan akka arraba ibiddaa* - Ibiddii milikkita argamuu Waaqayyooti; Waaqayyoo waliinis ni deema.

**2:9** *Phartee* - Pharteen naannoo biyya hardha Iraani jedhamtu keessatti gara kaaba ba'aatti argamtuudha.

*Meediyaa* - Meediyaan naannoo biyya hardha Iraan jedhamtu keessatti gara kaaba dhiyaatti argamtuudha.

*Elaam* - biyya hardha Iraan jedhamtu keessatti gara kaaba dhiyaatti argamti.

*Mesoophotaamiyaa* - Biyya hardha Iraaq jedhamtu keessatti, laga Xegroosiitiifi laga Efraaxiisi jidduutti argamti.

*Yihuudaa* - naannoon kun Yerusaalemillee ufitti ida'ata.

*Qaphadooqiyaa* - lafa Isiyaa diqqoo keessatti naannoo ba'aatti, biyya hardha Turki jedhamtu keessatti argamtuu dha.

Qaphadooqiyaa akkasumaas jiraattonni Phanxoosiitii fi Isiyaa, [10]Firgiyaatii fi Phanfiiliyaa, Gibxiitii fi kutaawwan biyya Liibiyaa kanneen naannoo Qareeneetti argaman, nu warri Roomaadhaa dhufne, nu Yihuudonnii fi warri amantii[s] Yihuudotaa fudhanne Lamaan, [11]Nu namoonni qare-exiitii fi Araboonni kunoo yommuu namoonni kunniin afaanuma keennaan dinqii Waaqaa dubbatan dhageenna!" [12]Cufti isaaniis maadeffatanii, waan jedhanis wallaalanii, "kun maal jechuu dha?" jedhanii wal-gaafatan.

[13]Namoonni tokko tokko garuu, "isaan daadhii baayee dhuganiiru" jedhanii isaanitti qoosan

**Haasaa Pheexiroosi**

[14]Pheexiroosis ergamtoota kudhanii tokko sana waliin ka'ee dhaabate; qoonqa isaas ol fudhatee tuuta sanaan akkana jedhe; "Isin yaa namoota Yihuudaatii fi warri Yerusaalem keessa jiraattan hundi, mee waan kana beekaa; waan ani isinitti himu kana hubadhaa dhagayaa; [15]Yeroon kun waan guyyaa keessaa sa'aatii sadaffaa ta'eef namoonni kunneen akka isin yaaddan sana hin machoofne. [16]Kun garuu waan Yoo'el raajichi[t] dubbateedha; innis akkana jedha:

[17]"Waaqayyo akkana jedha; bara dhumaa keessa,
Ani Hafuura kiyya nama hunda irratti nan dhangalaasa;
ijoolleen keessan dhiiraa dubri raajii dubbatu[u];
dargaggeeyyiin keessan daayyaa[v] argu;
Maanguddoonni keessanis abjuu abjootu[w].
[18]Bara sana keessa garboota kiyya warra dhiiraa fi dubartii[x] irrattillee,

[s]10 ykn *aadaa;* [t]16 ykn *raagichi;* [u]17 ykn *in fagan /wa himan/ dubbii raagaa;* [v]17 ykn *muldhata /manaaba;* [w]17 ykn *oobjuu oobjatan /eebjuu eebjatan;* [x]18 ykn *nadheeni*

**2:9** *Phanxoos* - mootummaa gama kibbaatiin qarqara galaana gurraachaa gara caalu qabatu.
*Isiyaa* - kutaa biyya Roomaa tan dhiya biyya hardha Turki jedhamtuutti argamtu.
*Firgiyaa* - bulchiisa jidduu gala dhiya Isiyaa diqqoo keessatti kaaba ajeeniitiifi laga Haaliisii jidduutti argamu.
*Phamfiiliyaa* -kutaa biyya Roomaa tan kibba Isiyaa diqqootti biyya hardha Turki jedhamtu keessatti argamtu.
*Gibxi* - kutaa biyya Roomaa tan lafuma hardha Gibxi jedhamu kana turte.
*Liibiyaa* - Biyya kaaba Afriikkaatti argamtu tan gama dhiyaatiin Gibxitti aantu.
*Qareenee* - Magaalaa guddittii kutaa biyya Roomaa kan Qareenikaatiifi kutaa bulchiisa Liibiyaa.
*Roomaa* - Magaalaa guddittii teessoo bulchiisa mootummaa Roomaa.

Hafuura kiyya nan dhangalaasa;
isaanis raajii ni dubbatu.
19 Ani, ol Samii irratti baasa,
gadi lafa irrattis, milikkita[y],
dhiiga, ibiddaa fi hurrii aaraa nan argisiisa.
20 Otoo guyyaan Gooftaa inni guddichii fi ulfinna qabeessii sun hindhufin dura,
aduun dukkanatti jijjiiramti,
ji'i[z] immoo dhiigatti jijjiirama.
21 Namni maqaa Gooftaa waammatu,
marti nifayya.'
22 "Yaa namoota Israa'eli, dub-
bii kana dhaga'aa; akkuma isinuu
beettan, Yesuus namni Naazreeti
nama Waaqni baasa, raajii fi
milikkita karaa isaatiin isin
jidduutti hojjateen isinii filatee
dha. 23 Namicha kana Waaqay-
yottu akkuma duri murteesseefi
akkuma duraan dursee beeku
sanatti dabarsee isinitti kenne;
Isinis namoota hamoo waliin
tokko taatanii fanniftanii isa
ajjeeftan. 24 Waaqayyo garuu
cinqama keessaa isa baasee,
worra du'an keessaa isa kaase;
duutii isa irratti aangoo[a] qa-
baachuu hin dandeenneetii.
25 Daawitis akkana jedhee waayee
isaa dubbate:
" 'Ani yeroo hunda Gooftaa of-duratti nan arga ture;
Waan inni mirga kiyya jiruuf,
ani hin raafamu.
26 Kanaaf garaan koo ni gammada;
arrabni koos ni ililcha;
foon koos abdiin jiraata.
27 Ati lubbuu tiyya si'ool[b] keessatti hin dhiiftuutii;
tokkichi kee qulqulluunis akka torttoru hin gootu.
28 Karaa jireenyaa na barsiifteerta;
fuula kee durattis gammachuun na guutta.'
29 "Yaa obboleeyyani, akka Daawit
hangafni abbootii durii sun du'ee
awwaalamee, awwaali isaas hanga
hardhaatti akka asuma jiru ani
ija[c] jabaadhee isinitti himuu nan
danda'a. 30 Innis waan raaga
tureef akka Waaqni sanyii isaa
keessaa nama tokko teessoo isaa
irra teessisuuf akka kakatee
waadaa seeneefii[d] ture beeke.
31 Innis waayee du'aa ka'iisa
kiristoosi jechuunis akka lubbuun
isaa qilee keessatti hin hafin,
foon isaas akka hintortorin
duraan dursee argee dubbate.
32 Yesuusuma kana Waaqni
du'aa kaaseera; nu martinuu
rageessitoota[e] waan kanaa ti.
33 Kanaaf inni gara mirga
Waaqayyootti ol guddifamee,

[y] 19 ykn *milikkeeta/malkata;* [z] 20 ykn *jiin;* [a] 24 ykn *jabeenna;* [b] 27 ykn *qilee;* [c] 29 ykn *adda;* [d] 30 ykn *abdachiisee;* [e] 32 ykn *dhugeessitoota/dhuga- baatota*

**2:31** *Kiristoos* - Masiihicha jechuunis kan muudame; kunis maqaa isa Waaqni saba ufii furuuf jedhee erguuf waadaa gale sanaa ti.

hafuura Qulqulluu Abbaan
abdachiisee ture sana fuudhee
waan isin amma argitanii fi waan
isin dhageettan kana dhan-
galaase. 34 Daawit gara Samiitti
ol hin baaneetii; inni mataan isaa
garuu akkana jedha:

" 'Gooftaan Gooftaa kiyyaan
akkana jedhe;
"Ati karaa mirga kiyyaatiin
taa'i;
35 Hanga ani diinota[f] kee
ejjata[g] miila keetii sii godhutti." '

36 "Kanaaf Yesuus isin fanniftan
kana akka Waaqni Gooftaa fi
Masiihii isa godhe manni Israa'eli
cufti dhugumaan haa beekuu."

37 Namoonni sunis yommuu waan
kana dhagayanitti, garaan isaanii
raafamee Pheexiroosii fi ergam-
toota kaaniin[h], "Yaa obboleeyyani,
yoos maal haa goonuu?" jedhan.

38 Pheexiroosis akkana jedhee
deebise; "Tokkoon tokkoon kees-
san cubbuu irraa deebi'aa; dhii-
fama[i] cubbuu keessaniitiifis maqaa
Yesuus kiristoosiitiin cuuphamaa;
kennaa hafuura Qulqulluus ni
argattuu. 39 Abdiin kunis isiniifi
ijoollee keessaniif, akkasumas
warra Waaqayyo Gooftaan kee-
nya ufitti waamu kanneen fagoo
jiran hundaaf kenname."

40 Innis dubbii dhibii baay'eedhaan
dhugeessee, "Dhaloota jallaa kana
duraa uf oolchaa" jedhee isaan
gorse. 41 Warri dubbii isaa fud-
hatanis ni cuuphaman; gaafas
nama gara kuma sadiittu isaanitti
ida'ame.

### Tokkummaa Amantootaa

42 Isaanis barsiisa ergamtootaatti,
jireenya tokkummaatti, buddeena
caccabsuutti, Waaqa kadha-
chuuttis ni jabaatan. 43 Namni
martinuus sodaan guutame; ajaa'ib-
nii fi milikkinni baay'een ergam-
tootaan hojjatame. 44 Amantoonni
cuftinuus waliin turan; waan
cufas walumaan qabu turan.
45 Qabeenna isaaniitii fi mi'a
isaaniis gurguranii nama hundaaf
akkuma barbaachisetti qoodaa
turan. 46 Isaanis guyyuma guyyaan
mana qulqullummaatti wal-ga'aa
turan; mana tokkoo tokkoo isaaniittis
buddeena caccabsanii, gamma-
chuu fi garaa qulqulluun waliin
nyaachaa turan. 47 Waaqas gala-
teeffachaa turan. Namoota mara
durattis ulfinna qabu turan.
Gooftaanis guyyuma guyyaan
warra fayyan waldda'a isaaniitti
ida'aa ture.

### Pheexiroos Namicha Naafa Tokko Fayyisuu Isaa

3 Gaafa-tokko Pheexiroosii fi
Yohaannis yeroo kadhannaa
jechuunis waaree booddee[j] sa'aatii
sagalitti mana qulqullummaatti
ol-ba'aa turan. 2 Namoonnis akka

[f]35 ykn nyaapholee; [g]35 ykn faanoo; [h]37 ykn kaawwaniin; [i]38 ykn haraara; [j]1 ykn saafa'a / saafaya

inni warra mana qulqullummaa seenan waa kadhatuuf jedhanii namicha dhalootuma isaatii jalqabee naafa ture tokko guyyuma guyyaan baatanii gara karra mana qulqullummaa kan "midhaagaa" jedhamuutti geessu turan. **3**Innis otoo Pheexirsoosii fi Yohaannis mana qulqullummaa seenanuu argee horii isaan kadhate. **4**Pheexiroosis Yohaannis waliin namicha hubatee ilaalee "mee nu ilaali" jedheen. **5**Namichis waa isaan irraa argachuu abdatee hubatee isaan ilaale.

**6**Pheexiroosis, "Ani meetii yookaan warqii hin qabu; ani garuu waan qabu sii kenna; maqaa Yesuus Kiristoos isa Naazreetiitiin ol ka'ii deemi!" jedhe. **7**Pheexiroosis harka isaa kan mirgaa qabee ol isa kaase; yeruma sana miilaafi gulubiin[k] isaa ni jabaate. **8**Innis utaalee ka'ee miilaan deemuu jalqabe; deemaa, utaalaa, Waaqas galateeffachaa isaan waliin mana qulqullummaa seene. **9**Namoonni cuftinuu yommuu deemuu isaatii fi Waaqa galateeffachuu isaa arganitti, **10**Akka inni namicha karra mana qulqullummaa kan, "midhaagaa" jedhamu sana bira taa'ee kadhachaa ture sana ta'e hubatan; isaanis waan isaaf ta'e sanaaf akka malee maadeffatani[l]; nidinqifatanis[m].

**Dubbii Pheexiroos Dubbate**

**11**Namoonni martinuu yeroo namichi fayye sun Pheexiroosii fi Yohaannis biraa deebi'uu didetti ajaa'ibssiifatanii otoo isaan bakka[n] gardaafoo[o] Solomooni jedhamu keessa jiranuu fiigaa isaanitti dhufan. **12**Pheexiroosis yommuu waan kana argetti akkana isaaniin jedhe; "Yaa namoota Israa'eli wonni kun maaliif isin maadeffachiisa? Akka waan nu humna yookiin qulqullummaa mataa keennaatiin akka namichi kun deemu gooneetti maliif ija[p] nutti babaaftu? **13**Waaqni abbootii keennaa, Waaqni Abrahaami, Waaqni Yisaaqiitii fi Waaqni Yaaqoobi tajaajilaa[q] isaa Yesuusin Kabajeera[r]**;** isin garuu akka inni du'uuf dabarsitanii isa kennitan; Yeroo philaaxoos gadi isa dhiisuu murteessee turettis isin fuuluma philaaxoosi duratti isa mormattan[s]. **14**Isinis isa qulqulluu fi qajeelaa sana gantanii akka namichi nama ajjeese sun gadi isinii dhiifamu kadhattan. **15**Isin burqaa jireennaa ajjeeftan; Waaqayyo garuu warra du'an keessaa isa kaase; nus dhuga- baatota[t] waan kanaa ti. **16**Namichi isin argitaniifi isa beettan kun Maqaa Yesuusiitti amanuudhaan fayye; Maqaa

[k]7 ykn *koomettuuni;* [l]10 ykn *ajaa'ibsiifatan/ raajeffatan;* [m]10 ykn *maman/ ajaa'ibsiifatan;* [n]11 ykn *fulaa,* [o]11 ykn *balbala /buusaa;* [p]12 ykn *ila;* [q]13 ykn *hojjataa;* [r]13 ykn *ulfeesseera;* [s]13 ykn *gantan/ waakkattan;* [t]15 ykn *rageessitoota/ dhugeessitoota*

Yesuusiitiifi amantii[u] karaa
isaatiin dhufuttu akkuma isin
cufti argitan kana namicha
kanaaf fayyaa guutuu kenne.

**17**"Ammas yaa obboleeyyan akka
isinis otoo hin beekin akkuma
bulchitoonni keessan gochaa turan
sana gootan ani nan beeka.
**18**Waaqayyo garuu waan afaan
raagota[v] maraatiin akka masiihiin
isaa cinqamu duraan dursee dub-
bate sana akkanaan raawwate[w].
**19**Kanaaf akka cubbuun Keessan
haaqamuufi akka barri haaromaa[x]
gooftaa biraa dhufuuf cubbuu
irraa gara Waaqaatti deebi'aa;
**20**Kunis akka masiihiini isinii
filatame sun jechuunis Yesuus
ergamuufi. **21**Innis hanga yeroon
Waaqayyo itti waan hunda bak-
katti deebisu sun ga'utti Samii
irra turuu qaba; waan kanas
Waaqayyo bara dheeraan dura
karaa raajota isaa qulqullootaatiin
dubbatee ture. **22**Muuseen akkana
jedheeraatii; 'Waaqni keessan
Gooftaan saba mataa keessanii
keessaa raajaa akka kiyyaa tokko
isinii kaasa; isinis waan inni
isinitti himu cufa dhagayaa.
**23**Namni raaga sana hin dhageenne
kamiyyuu saba keessaa baafamee
ni balleeffama.'

**24**"Saamu'el irraa jalqabee
raagonni isa booddee[y] dhufanii
waa dubbatan hundi duraan
dursanii waayee yeroo sanaa
labsaniiru. **25**Isin immoo ilmaan
raajotaatii fi ilmaan kakuu Waaqni
abbootii keessan waliin seene
sanaatii; innis Abrahaamiin, 'sabni
lafa irraa cufti karaa sanyii
keetiitiin ni eebbifama' jedhe.
**26**Waaqayyo Yeroo ilma isaa du'aa
kaasetti, tokko tokkoo keessan
hammeenna irraa isin deebi-
suudhaan isin eebbisuuf jedhee
jalqabatti gara keessanitti isa erge."

## Pheexiroosii Fi Yohaannis Yaa'ii Yihuudotaa Duratti

4 Otoo Pheexiroosii fi Yohaannis
namootatti dubbachaa jiranuu,
luboonnii[z]**,** Ajajaan eegdota mana
qulqullummaatiifi Saduuqonni
isaanitti dhufan. **2**Sababii ergam-
toonni lamaan namoota barsi-
saniifi du'aa ka'iisa karaa Ye-
suusiitiin argamu labsaniifis
akka malee aaran. **3**Isaanis Phe-
exiroosii fi Yohaannisin qabanii
hanga guyyaa itti aanuutti mana
hidhaatti isaan galchan; lafti
galgalooftee turteetii. **4**Warra dub-
bicha dhagayan keessaas baayeettu
amane[a]**;** baayinni worra amanees
gara kuma shaniitti ol- ka'e.

**5**Guyyaa itti aanuttis bulchi-
toonni, maanguddonnii fi bar-
siistonni seeraa Yerusaalemitti
wal-ga'an. **6**Hannaan lubichi
olaanaan, isa waliin immoo

[u]16 ykn *dhugeeffachaa;* [v]18 ykn *raajota;* [w]18 ykn *guutate;* [x]19 ykn *haarom-famiisaa;* [y]24 ykn *duubaan;* [z]1 ykn *qaalloleeni;* [a]4 ykn *dhugeeffate*

Qayyaaffaan, Yohaannis, Iskindiroosii fi namoonni maatii lubicha olaanaa ta'an kaan achi turan. 7 Isaanis Pheexiroosii fi Yohaannisin jidduu isaanii dhaabanii,"isin humna maaliitiin yookaan maqaa eenyuutiin waan kana gootan?" jedhanii gaafachuu jalqaban.

8 Pheexiroosis Hafuura Qulqulluun[b] guutamee akkana isaaniin jedhe; "Isin yaa bulchitootaa fi maanguddoota uumataa! 9 Hardha waayee waan dansaa nama naafa tokkoof godhameetii fi akka inni itti fayyifame yoo nu gaafattan, 10 Isinii fi namoonni Israa'eli martinuu waan kan beekaa; namichi kun maqaa Yesuus kiristoos nama Naazreeti kan isin fanniftanii Waaqayyo immoo warra du'an keessaa isa kaase sanaatiin fayyee fuula keessan dura dhaabate! 11 Yesuusis,

" 'dhagaan isin warri ijaartuun tuffattan
sun garuu dhagaa golee[c] ta'e.'

12 Fayyinni nama dhibii[d] tokko irraallee hin argamu; maqaan nu ittiin fayyifamnu kan Samii gaditti namootaaf kenname dhibiin tokkoyyuu hin jiruutii."

13 Namoonni sunis yommuu ija[e] jabeenna Pheexiroosiitii fi Yohaannisi arganii akka isaan worra barumsa hin qabnee fi worra hinbeekamne ta'an hubatanitti ni ajaaibsiifatan[f]; akka isaan Yesuus waliin turanis niqalbeeffatan. 14 Garuu namicha fayyifame sana isaa isaanuma wajjiin achi dhaabatu arganii waan dubbatan dhaban. 15 Kanaaf akka isaan gumii keessaa gadi ba'an ajajanii waliin mariyachuu jalqaban; 16 Akkanas jedhan; "jara kana maal ha goonuu? akka isaan dinqii guddaa hojjatan namni Yerusaalem keessa jiraatu hundi nibeeka; nus waan kana waakkachuu hin dandeenyu. 17 Garuu akka wonni kun hagana caalaa uumata keessa hinbaballanneef nu akka jarri kun ammaan achi maqaa kanaan nama tokkottillee hin dubbanne isaan uf eegachiisuu qamna."

18 Isaanis jara waamanii akka isaan matumaa[g] maqaa Yesuusiitiin hin dubbanne yookaan hin barsiifne isaan ajajan. 19 Pheexiroosii fi Yohaannis garuu deebisanii akkana jedhan; "Qooda Waaqaa isinii ajajamuun fuula Waaqaa duratti akka qajeelaa ta'ee fi akka hinta'in mee isinuu ilaalaa. 20 Nu waayee waan argineetii fi waayee waan dhageennee dubbachuu dhiisuu hin dandeennuutii." 21 Sababii namootaatiif karaa ittiin isaan adaban dhabanii erga ittuma fufanii isaan doorsisanii booddee[h]

[b]8 ykn *ayyaana woyyuun;* [c]11 ykn *mikikkilaa* [d]12 ykn *biraa;* [e]13 ykn *adda;* [f]13 ykn *maadeffatan/dinqifatan;* [g]18 ykn *akkanallee jedhanii;* [h]21 ykn *duubatti*

gadi isaan dhiisan; namoonni
cuftinuu dinqii godhame sanaaf
Waaqa galateeffachaa turaniitii.
22 Umriin[i] namicha karaa baasaatiin
fayyifame sanaa Waggaa afur-
tamaa ol tureetii.

**Kadhannaa Amantootaa**

23 Pheexiroosii fi Yohaannis yeroo
gadi dhiifamanitti gara saba isaanii
dhaqanii waan Luboonni hanga-
foonnii fi maanguddoonni jedhaniin
hundumaa isaanitti himan. 24 Isaanis
yommuu waan kana dhaaga'anitti
kadhannaan sagalee[j] isaanii tok-
kummaan Waaqatti ol-fuudhanii
akkana jedhan; "Yaa Gooftaa, Samii,
lafaafi galaana, waan isaan keessa
jiru cufas sittuu uume. 25 Ati Ha-
fuura qulqulluun karaa afaan
tajaajilaa[k] keetii abbaa keenya
Daawitiitiin akkana jettee dub-
bateerta;

" 'namoonni ormaa maaliif
aaranii gubatu?
Namoonnis maaliif waan faay-
idaa hinqamne yaadu?
26 Mootonni lafaa lolaaf qophaa'an;
bulchitoonnis gooftichaafi ,
Masiihii isaatiin mormuuf
walitti qabaman.'

27 Dhugumaan Heroodisii fi
Philaaxoos Phoonxoos namoota
ormaatiifi uumata Israa'eli waliin
hojjataa kee isa qulqulluu,
Yesuus isa ati muuddetti mari-
yachuuf jedhanii magaalaa[l] kana
keessatti walitti qabaman. 28 Isaanis
waanuma humniifi, fedhiin kee
akka wonni kun ta'uuf duraan
dursanii murteessan sana hojjatan.
29 Yaa gooftaa, eegaa doorsisa
isaanii ilaaliitii akka garboonni
kee ija jabeennaan dubbii kee
dubbataniif dandeettii kenniif.
30 Nama fayyisuufi maqaa
hojjataa kee qulqullichaa,
maqaa Yesuusiitiin milikki-
taafi waan ajaa'ibaa hojjachuuf
harka kee diriirfadhu."

31 Eegii isaan Waaqa kadhatanii
booddee lafti isaan itti wal ga'an
sun ni sosochoote; Isaan martinuus
hafuura qulqulluun guutamanii
ija jabeennaan dubbii Waaqaa
dubbatan.

**Qabeenni Amantootaa Kan Hunda Isaanii Ta'uu Isaa**

32 Amantoonni hundinuus garaa
tokkoo fi yaada tokko qabu turan;
waan qaban maras walumaan
qoodachaa turan malee namni
tokkolleen akka waan qabeenyi
inni qabu kamiyyuu kan mataa
isaa qofa ta'eetti hinlakkoofne[m].
33 Ergamtoonnis du'aa ka'iisa gooftaa
Yesuusi humna guddaan dhuga
ba'aa[n] turan; ayyaanni guddaanis
cufuma isaanii irra ture. 34 Rak-
kataan tokkolleen isaan jidduu
hinturre; warri lafa yookiin mana
qaban martinuu gurguranii horii

[i]22 ykn *gannii;* [j]24 ykn *qoonqa/qoonqoo;* [k]25 ykn *hojjataa;* [l]27 ykn *dira;* [m]32 ykn *hin herrenne;* [n]33 ykn *dhugeessaa/ rageessaa*

isaa fidanii, [35]Miila ergamtootaa bira kaa'u turan; horiin sunis akkuma isaan barbaachisetti tokkoo tokkoo isaaniitiif hirama ture.

[36]Yooseef namni gosa Leewii kan qophiroositti dhalate, inni ergamtoonni Barnaabaas jedhaniin tokkos achi ture. Barnaabaas jechuun ilma jajjabeennaa jechuudha. [37]Innis Oobruu[o] qabu tokko gurguree horii isaa fidee miila ergamtootaa bira kaa'e.

### Hanaaniyaa Fi Safiiraa

**5** Namni Hanaaniyaa jedhamu tokko niitii isaa Safiiraa wajjiin walii galee lafa gurgurate. [2]Innis otuma niitiin isaa beettuu horii sana irraa gartokko ofii isaatii hambifatee kan hafe ammoo geessee miila ergamtootaa bira kaa'e.

[3]Pheexiroos garuu akkana jedhe; "Yaa Hanaaniyaa, akka ati Hafuura Qulqulluu[p] sobdee horii lafa gurgurattee argate irraa gar-tokko hambiftuuf sheexanni maaliif akkas garaa kee guute? [4]Lafti sun otoo hin gurguraminiyyuu kankee turee mitii? Erga gurguramee duubattis horiin sun harkuma kee hinturree? yoos akka ati waan akkasii gootu maalittu si yaachise? Ati Waaqa sobde malee nama hin sobne."

[5]Hanaaniyaanis yommuu waan kana dhagayetti lafa dha'ee du'e; Warri waan kana dhagayan hundinuus sodaa guddaan qabaman. [6]Dargaggoonnis dhufanii, reeffa isaa kafanan; gadi baasaniis isa awwaalan.

[7]Gara sa'aatii sadii booddee niitiin isaa otoo waan ta'e hin beekin dhuftee ol-seente. [8]Pheexiroosis, "Gatiin isin Hanaaniyaa waliin lafa gurgurattan sana irraa argattan kanumaa? mee natti him!" jedhee ishii gaafate.

Ishiinis, "Eeyee kanuma" jette.

[9]Pheexiroosis, "Isin akkam hafuura Gooftaa qoruuf walii galuu dandeessan? ilaa, miilii warra dhiirsa kee awwaalanii balbala dura ga'eera; si'is gadi si baasuu!" jedheen.

[10]Ishiinis yeruma sana miila isaa jalatti lafa dhooftee duute; dargaggoonni sunis ol-seenanii reeffa ishii argan; gadi baasaniis dhiirsa ishii biratti ishii awwaalan. [11]Waldaan kiristaanaa marti, warri waan kana dhaga'an martinuus sodaa guddaan qabaman.

### Ergamtoonni Dhukkubsattoota Baay'ee Fayyisan

[12]Ergamtoonnis milikkitaa[q] fi baasa baay'ee uumata jidduutti hojjatan. Amantoonni Cuftinuus bakka[r] gardaafoo[s] Solomooni jedhamutti walitti qabamu turan.

[o]37 ykn *maasii/maasaa;* [p]3 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [q]12 ykn *malkataa/ milikkeetaa;* [r]12 ykn *fulaa;* [s]12 ykn *balbala/ buusaa*

[13]Warra hafan keessaa namni
tokkoyyuu isaanitti ida'amuuf
ija[t] hin jabaanne, uumanni garuu
akka malee isaan ulfeessa ture.
[14]Haga duraa caalaas dhiironnii
fi dubartoonni[u] hedduun Gooftaa
amananii[v] amantootatti ida'aman.
[15]Kanaafis akka Yommuu phe-
exiroos achiin dabrutti gaandid-
dumti isaalleeni isaan keessaa
tokko tokko irra bu'uuf jedhanii
namoonni dhukkubsattoota[w] karaatti
baasanii siree fi itillee irra ciciib-
san. [16]Namoonnis magaalota[x]
naannoo Yerusaalemi jiran keessaa
warra fayyaa hinqamnee fi warra
hafuura xuraawaan cinqaman
fidanii achitti wal-ga'an; worrii
geeffaman hundinuus nifayyan.

**Ergamtoonni Gaargalfamuu Isaanii**

[17]Lubni olaanaanii[y] fi miseen-
sonni garee saduuqotaa warri isa
waliin turan martinuu hinaaffaan
guutaman.[18]Isaanis ergamtoota
qabanii mana hidhaa keessa
buusan. [19]Garuu Maleekkaan gooftaa
tokko halkaniin balbala mana
hidhaa banee gadi isaan baase.
[20]Innis, "Dhaqaa mana qulqul-
lummaa keessa dhadhabadhaatii,
dubbii jireenya haarayaa kana
cufa isaa uumatatti himaa"
jedheen.

[21]Isaanis akkuma isaanitti hi-
mame sanatti ganama barii mana
qulqullummaa seenanii uumata
barsiisuu jalqaban.

Lubni olaanaanii fi warri isa waliin turan yommuu achi ga'anitti gumii Yihuudotaatii fi yaa'ii maanguddoota Israa'eli walitti waaman; akka ergamtoota sana fidaniifis mana hidhaatti namoota
ergan. [22]Qondaaltonni ergaman
sun garuu yommuu mana hidhaa
ga'anitti jara achitti hin arganne;
Kanaafis deebi'anii, [23]"Mana hid-
haa sana isaa sirriitti qollofamee[z]
jiru, eegdotas,otoo isaan balbala
dura dhaabatanii jiranuu agarre;
yeroo bannetti garuu nama tok-
kollee achi keessatti hin arganne.
[24]Ajajaan eegdota mana qulqul-
lummaatiifi Luboonni hangafoonni
yommuu oduu kana dhagayanitti
maadeffachuun[a] waan jedhan
wollaalanii, "maaltu dhalate im-
moo!"jedhan.

[25]Yomms namichi tokko
dhufee, "jarri isin mana hidhaatti
galchitan sun kunoo, mana
qulqullummaa keessa dhadhaa-
batanii uumata barsiisaa jiru"
jedhe. [26]Kana irratti ajajaan sun
qondaaltota wajjiin dhaqee
ergamtoota sana fide; isaanis
sababii uumanni dhagaan nu tuma
jedhanii sodaataniif humnatti hin
fayyadamne.

[t]13 ykn *adda;* [u]14 ykn *nadheeni;* [v]14 ykn *dhugeeffatanii;* [w]15 ykn *warra fayyaa hinqabne;* [x]16 ykn *dira* [y]17 ykn *qaallicha guddaa;* [z]23 ykn *akka dansaa cufamee*; [a]24 ykn *dinqifachuun/ ajaa'ibsiifachuun*

[27]Ergamtootas fidanii, akka Lubni olaanaani isaan qoruuf fuula yaa'ii Yihuudotaa dura isaan dhadhaabachiisan. [28]Lubichi olaanaanis "nu akka isin maqaa kanaan hin barsiimne jabeessinee isin ajajnee turre; isin garuu barsiisa keessaniin Yerusaalem guuttaniirtu; akka nu itti gaafatamtoota dhiiga namicha kanaa taanu nu gochuu barbaaddu " jedhe.

[29]Pheexiroosii fi ergamtoonni kaan garuu akkana jedhanii deebisan; "Nu namaaf ajajamuu irra Waaqaaf ajajamuu qamna. [30]Yesuus kan isin muka irratti fanniftanii ajjeeftan sana Waaqni abbootii keennaa worra du'an keessaa isa kaaseera. [31]Akka inni saba Israa'eliitii cubbuu irraa deebiifi haraara cubbuu kennuuf jedhee Waaqni gooftaa fi fayyisaa godhee mirga ufiitti ol isa guddise. [32]Nu dhugeessitoota waan kanaa ti; akkasumas Hafuuri Qulqulluuni Waaqni warra isaaf ajajamaniif kenne sun dhugeessaa waan kanaa ti."

[33]Isaanis yommuu waan kana dhagayanitti akka malee aariin guggubatanii ergamtoota ajjeesuuf mariyatan. [34]Fariisichi Gamaali'eel jedhamu, barsiisaan seeraa kan namni hundi kabaju[b] tokko garuu gumii Yihuudotaa keessa dhaabatee akka ergamtoonni sun yeroof gadi baafaman ajaje. [35]Innis akkana isaaniin jedhe; "yaa namoota Israa'eli, waan jara kana gochuuf deemtan keessatti of-eegadhaa. [36]Bara dheeraan dura Tewoodaas akka waan nama guddaa ta'eetti of-ilaalee kaanaan namoonni gara dhibba afuriitti hedaman isa faana bu'an; Inni ni ajjeefame; hordoftoonni isaa nibittinneeffaman; akkasumaan badanis. [37]Namicha kanaan booddee[c] immoo Yihuudaan, namni Galiilaa bara lakkoobsa[d] sabaa keessa ka'ee nama baayee ufitti kutate; Innis ni ajjeefame; warri isa faana bu'anis ni bittinnaa'an. [38]Kanaaf dubbii kana keessatti ani isinittin hima; mariin isaanii yookaan hujiin isaanii kun yoo waan nama irraa dhufe ta'e nibada. [39]Yoo waan Waaqa irraa dhufe ta'e garuu jara kana dhowwuu hin dandeettan; isin mataan keessaniyuu akka otoo Waaqaan wal-loltanuu hin argamne uf eegadhaa!"

[40]Isaanis gorsa isaa fudhatan; ergamtoota sanas ol-waamanii garafan; akka isaan maqaa Yesuusiitiin waa hindubbannes ajajanii gad isaan dhiisan.

[41]Ergamtoonnis akka maqaa sanaaf jedhanii qaana'aniif waan ga'umsa argataniif akka malee gammadaa fuula gumii duraa deeman. [42]Isaanis guyyuma guyyaan mana qulqullummaatti, mana

[b]34 ykn *ulfeessu;* [c]37 ykn *duubatti;* [d]37 ykn *too'annoo/henna/ laakkofsa*

namaattis otoo gargari hin kutin akka Yesuus Masiihii ta'e barsiisaa, lallabaas turan.

### Namoonni Torba Filatamuu Isaanii

6 Bara sana keessa yommuu baayinni barattootaa ida'amaa deemetti Yihuudonni Girikoota keessa jiraatan Ibrootatti gunguman; nadheen Yihuudotaa kanneen dhiirsonni isaanii irraa du'an nyaata guyyaa guyyaan hiramu keessatti hacuucamanii turaniitii.
**2**Kanaaf ergamtoonni kudhanii lamaan barattoota cufa walitti qabanii akkana jedhaniin; "Maaddii tajaajiluuf[e] jennee dubbii waaqaa barsiisuu dhiisuun nuuf qajeelaamiti. **3**Kanaaf yaa obboleeyyan isin namoota maqaa dansaa qaban kanneen hafuura qulqulluu[f] fi qaroomaan guutaman torba jidduu keessanii filadhaa; nus itti gaafatama kana isaanitti kenninee, **4**Waaqa kadhachuufi dubbii isaa barsiisuutti jabaannaa."
**5**Wonni isaan jedhanis tuuta sana mara gammachiise; isaanis Isxifaanoos namicha amantiifi[g] hafuura qulqulluun guutame tokko, akkasumas FiliPhoosin, Phirookoroosin, Niqaanoorin, Xiimoonin, Pharmeenaasii fi Niqoolawoos namicha Anxookiyaa isa amantii Yihuudotaatii gale sana filatan.
**6**Isaanis jara kana fuula ergamtootaa dura dhaaban; ergamtoonnis Waaqa kadhataniifii harka isaan irra kaa'an.
**7**Dubbiin Waaqaa ni babaldhate; baay'inni barattootaas Yerusaalem keessatti akka malee ida'ame; luboonni[h] akka malee hedduu ta'an amantii kanaaf ajajaman.

### Isxifaanos Qabamuu Isaa

**8**Isxifaanos ayyaanaa fi humna Waaqayyootiin guutamee baasaa fi milikkita[i] gugurdaa namoota jidduutti hojjachaa ture. **9**Miseensonni mana sagadaa warra, "namoota bilisooman" jedhaman, jechuunis Yihuudonni Qareenaafi Iskindiriyaadhaa dhufan akkasumas Yihuudonni Qiilqiyaafi Isiyaadhaa dhufan tokko tokko Isxifaanosiin mormuu jalqaban.
**10**Isaan garuu qorooma isaa yookiin hafuura qulqulluu inni

[e]2 ykn *gololchuuf;* [f]3 ykn *Ayyaana Woyyuufi;* [g]5 ykn *dhugeeffachaafi;* [h]7 ykn *qaalloleen;* [i]8 ykn *malkata/milikkeeta*

**6:1** *Nadheen dhiirsonni irraa du'an* - Kun garee nadheen akka malee rakkataniiti. Yerusaalem keessa nadheen dhiirsonni isaanii bara jireenna isaanii gara caalu magaalaa qulqullittiin ala jiraatanii akka achitti du'anii itti awwaalamaniif jedhanii gara Yerusaalem dhufanii irraa du'an tokko tokkottu ture. Yihuudonnis garee kana gargaaruuf jedhanii akka maallaqni isaan ittiin nyaata bitatan isaanii kennamuuf mala tokko qopheessan.

ittiin dubbatu sanaan mormuu hindandeenye.

[11]Kanaafuu akka isaan, "Nu Otoo Isxifaanos Muusee fi Waaqayyoo irratti dubbii arrabsoo[j] dubbatuu dhageenyeerra" jedhaniif dhossaan namoota tokko tokko sossobatan.

[12]Isaanis Uumata, maanguddootaa fi barsiistota seeraa kakaasan; Isxifaanosittis dhufanii qabanii fuula gumii Yihuudotaa duratti isa dhiyeessan. [13]Dhugeessitoota[k] dharaas qopheeffatan; dhugeessitoonni sunis akkana jedhan; "Namichi kun bakka[l] Qulqulluu kanaafi Seeraan mormuu matumaa[m] hindhiifne. [14]Nu isaa, 'Yesuus namni Naazreeti kun bakka kana nidiiga; seera Muuseen nuu kennes ni jijjiira' jedhu dhageennerra."

[15]Warri gumii sana keessa turan cufti ija[n] babaasanii Isxifaanosin ilaalanii akka fuuli isaa akkuma fuula maleekkaa ta'e argan.

**Haasaa Isxifaanosi**

7 Lubni olaanaanis[o], "Wonni kun dhugumaa?" jedhee isa gaafate

[2]Innis akkana jedhee deebise; "Yaa obboleeyyanii fi yaa abbootii, mee na dhagayaa! Waaqni ulfinnaa, yeroo abbaan keenya Abrahaam Mesophotaamiyaa keessa turetti, otoo inni biyya kaaraani hindhaqin isatti muldhate. [3]Waaqayyos, 'Biyya keetii fi saba kee dhiisiitii gara lafa ani si agarsiisuu dhaqi' jedheen.

[4]"Innis biyya Kaldootaatii bahee dhaqee Kaaraani keessa jiraate. Eegii abbaan isaa du'e ammoo Waaqayyo achii isa baasee biyya isin amma keessa jiraattan kanatti isa erge [5]Ta'us Waaqayyo dhaala tokkollee, lafa taakkuu tokkittiillee biyya sana keessatti hin kennineef; Garuu Waaqayyo akka Abrahaamiifi sanyii isaa warra isaan booddeetiif[p] biyya sana akkuma qabeennaatti kennuuf waadaa seeneef[q]. Abrahaam yeroo sana ijoollee tokkollee hinqabu ture. [6]Waaqayyo akkana jedhee karaa kanaan isatti dubbate; 'sanyiini kee biyya kan isaa hinta'in keessatti alagaa[r] ta'a; Waggaa dhibba afuris ni garboonfama; ni cunqurfamas.' [7]Waaqayyo akkana jedhe;' Ani garuu saba isaan akkuma garbootaatti tajaajilan[s] sana nan adaba; eegasii immoo isaan biyya sanaa ba'anii lafa kanatti na Waaqeffatu.' [8]Waaqayyos kakuu dhagna qabaa[t] Abrahaamiif kenne; Abrahaamis Yisaaqin dhalfatee[u] guyyaa saddeettaffaatti dhagna isa qabe; Yisaaqis eegasii Yaaqoobin dhalfate; Yaaqoob immoo abbootii

[j]11 ykn *arrabaa;* [k]13 ykn *dhuga-baatota/ rageessitoota;* [l]13 ykn *fulaa;* [m]13 ykn *takkumaa;* [n]15 ykn *ila,* [o]1 ykn *qaallichii guddaani;* [p]5 ykn *duubaatiif;* [q]5 ykn *kakateef;* [r]6 ykn *ideemtuu;* [s]7 ykn *jala hojjatan;* [t]8 ykn *gadoomaa/qabaanqabaa;* [u]8 ykn *godhate/ uumate*

gosoota kudhanii lamaanii dhal-
fate.
9"Abbootiin sunis waan Yooseefitti
hinaafaniif akka inni biyya
Gabxiitti garba ta'uuf isa gurgu-
ran; Waaqayyo garuu isa waliin
ture; 10Rakkinna isaa hunda kees-
saa isa baase; Waaqayyos fuula
fari'oon mooticha Gibxii duratti
ulfinnaa fi qorooma Yooseefii
kenne; Fari'oonis biyya Giphxiitiifi
mana mootummaa isaa mara
irratti bulchaa isa godhe.
11"Baruma sana biyya Gibxiiti-
ifi biyya kana'aani cufatti beelli
bu'ee rakkinna guddaa fide; Ab-
bootiin keenyas waan nyaatan
tokkollee argachuu hindandeenne.
12Yaaqoobis akka Gibxi keessa
midhaan jiru dhageennaan yeroo
jalqabaatiif abbootii keenya achi
erge. 13Imala isaanii lammaffaa
irrattis Yooseef eenyummaa isaa
obboleeyyan isaatti hime; Fari'oonis
waayee obboleeyyan Yooseefi
beeke. 14Yooseefis ergasii mana
ergee abbaa isaa Yaaqoobiifi maatii
isaa hunda jechuunis walumatti
qabaatti nama torbaatamii shan
waamsise. 15Yaaqoobis Gibxitti
gadi bu'e; innis[v] abbootiin keen-
nas achitti du'an. 16Reeffi isaaniis
Sekeemitti geeffamee lafa aw-
waalaa kan Abrahaam ijoollee
Hamoori irraa horii wayiitiin
bitee ture sanatti awwaalame.
17"Akkuma yeroon waadaa
Waaqni Abrahaamiif seene sun
itti raawwatamu[w] dhiyaachaa
dhufeen baayinni saba keennaa
Gibxi keessatti akka malee gud-
date. 18Kana irratti Mootiin
waayee Yooseef waan tokkollee
hinbeekin dhibiin[x] tokko bulchaa
biyya Gibxii ta'e**.** 19Innis akka
malee saba keenya cunqurse;
abbootii keenyas akka daa'imman
isaanii dhumaniif akka isaan gad-
gatan giddisiise[y].
20"Yeroon Muuseen dhalates
yeruma kana ture; innis fuula
Waaqayyoo duratti midhaagaa
ture; ji'a sadiifis mana abbaa
isaatti kunuunfamee guddate.
21Yommuu inni alatti gatametti
intalli Fari'ooni fudhattee akka
ilma isiitti isa guddifatte.
22Muuseen qarooma warra Gibxii
cufa barate; innis dubbii isaatiifi
hujii isaatiin jabaa ture.
23"Muuseen yommuu umriin[z]
isaa waggaa afurtama guutetti
obboleeyyan isaa ijoollee Israa'eli
dhaqee ilaaluu murteesse. 24Muu-
seenis otoo namni Gibxii tokko
nama isaanii tokko miidhuu arge.
Kanaafis nama isaanii gargaaruu
dhaqee namicha Gibxii sana
ijjeesuun haaloo baaseef; 25Muuseen
waan sabni isaa akka Waaqni
karaa isaatiin saba Israa'eli furu
hubatu se'ee ture; sabni sun ga-
ruu hin hubanne. 26 Guyyaa itti

[v]15 ykn *isaafi;* [w]17 ykn *guutamu;* [x]18 ykn *biraa;* [y]19 ykn *giddeesse/dirqisiise* [z]23 ykn *ganni*

aanutti immoo otoo namoonni
Israa'eli lama wal-lolanuu itti
dhufee, 'Jarana, isin obboleeyyan
waliiti; yoos maaliif wal-miitu
ree?' jedhee walitti araarsuu yaale.
**27**"Namichi nama kaan miidhaa
ture sun garuu Muusee achi of-irraa
darbatee akkana jedhe; 'eenyuttu
nurratti bulchaa fi abbaa murtii
si godhe? **28**Ati akkuma kaleessa[a]
namicha Gibxii ajjeefte sana nallee
ajjeesuu barbaadaa?' **29**Muuseenis
waan kana dhageennaan biyya
Miidiyaaniitti baqatee galtuu ta'ee
achi jiraate; achittis ilmaan lama
dhalfate.
**30**"Erga Waggaan afurtamni
dabree duubattis maleekkaan tokko
lafa onaa[b] naannoo gaara siinaa
keessatti arraba ibidda tuusii[c]
bobawuu keessatti Muuseetti
muldhate. **31**Innis waan kana argi-
naan waan arge sana maadef-
fate[d]; yommuu ilaaluuf itti dhi-
yaatettis sagalee[e] gooftaa dhagahe.
**32**Sagaleen sunis, 'Ani Waaqa
abbootii keetii, Waaqa Abrahaami,
Waaqa Yisaaqiitiifi Waaqa
Yaaqoobiiti' jedheen. Muuseenis
ni hollate; ilaaluus ni sodaate.
**33**"Gooftaan ammoo akkana
jedheen; 'lafti ati irra dhaabattu
tun waan bakka[f] qulqulluu taateef
kophee kee baafadhu. **34**Ani akka
sabni kiyya biyya Gibxii kees-
satti cunqurfamaa jiru dhugu-
maan argeera; boo'icha isaaniis
dhaga'ee isaan bilisoomsuuf[g]
jedhee gadi bu'eera; egaa koottu
gibxittin deebisee si ergaatii.'
**35**"Namni isaan, 'eennuttu bul-
chaafi abbaa murtii si godhe?'
jedhanii tuffatan sun muusuma
kana; Isas Waaqni akka inni
bulchaafi furaa isaanii ta'uuf
karaa maleekkaa ibidda tuusii
keessaan isatti muldhate sanaatiin
erge. **36**Innis Gibxi keessatti,
galaana diimaa irratti akkasumas
waggaa afurtama lafa aloo kees-
satti dinqiifi milikkita hojjachaa
Gibxi keessaa isaan baase.
**37**"Muuseen kun isuma saba
israa'eliitiin, 'Waaqayyo sabuma
keessan keessaa raaga[h] akka kiy-
yaa tokko isinii erga jedhe sana.
**38**Innis, Maleekkaa gaara siinaa
irratti isatti dubbate sanaafi ab-
bootii keenna waliin lafa onaa
keessatti gumii keessa ture; dub-
bii jiraataas nutti kennuuf fudhate.
**39**Abbootiin keenya garuu isaaf
ajajamuu didan; qooda ajajamuu
isa tuffatanii garaa isaaniitiinis
gara Gibxiitti deebi'an. **40**Aaroni-
inis, 'Waaqota nu dura deeman
nuu tolchi; Muuseen biyya Gibxiitii
nu baase sun maal akka ta'e hin
beennuutii' jedhan. **41**Yeroon isaan
Waaqa tolfamaa bifa jabbiitiin
qopheeffatanis baruma sana;

[a]28 ykn *kalee;* [b]30 ykn *aloo;* [c]30 ykn *gurbii/miciree;* [d]31 ykn *dinqifate/ ajaa'ibsiifate;* [e]31 ykn *qoonqa /qoonqoo;* [f]33 ykn *fulaa;* [g]34 ykn *balchoomsuuf;* [h]37 ykn *raajaa*

isaanis Waaqa sanaaf aarsaa[i] dhiyeessanii waanuma harka isaaniittiin tolfame sanaaf ayyaana ulfinnaa ayyaanessan.
**42**Waaqayyo garuu isaan irraa garagalee akka isaan humnoota samii irraa Waaqeffataniif isaan dhiise. Kunis waan kitaaba raajotaa keessatti barreeffame sanaan walfakkaata, innis akkana jedha;

" 'yaa mana Israa'eli isin waggaa
afurtama lafa aloo keessatti
takumaa sooriyoofi kennaa
naa kennitanirtuu?
**43**Isin fakkii Waaqota waaqeffachuuf tolfattanii jechuunis
dunkaana molokiitiifi
urjii waaqa keessan raafaa olqabdaniirtu.
kanaaf ani biyya Baabilooniin
gamaatti isin ariya.'

**44**"Abbootiin keenya lafa onaa keessatti dunkaana dhuga ba'iisaa uf-biraa qabu turan. Dunkaani sunis akkuma Waaqni akka Muuseen akkuma bifa arge sanaatti hojjatuuf isa qajeelchetti hojjatamee ture.
**45**Abbootiin keennas dunkaanicha fudhatanii biyya saba Waaqni isaan duraa ariyee baase sanaatti Iyyaasuu waliin galan; dunkaanni suna hanga bara Daawitiitti biyya sana ture.
**46**Daawitis fuula Waaqayyoo duratti fudhatama argatee Waaqa Yaaqoobiitiif mana jireenyaa ijaaruuf kadhate.
**47**Garuu kan mana sana ijaareef Solomoon ture.

**48**"Ta'us Waaqayyo Guddichi mana harki namaa ijaare keessa hin jiraatu; kunis akkuma raagichi akkana jedhee dubbatee dha:
**49** " ' Samiin teessoo kiyya;
laftis ejjata miila kiyyaati;
Yoos isin mana akkamii
naa ijaartu ree?
jedha Gooftaan;
Yookaan lafti boqonnaa
kiyyaa eessa ta'a?
**50**Waan kana mara harkii kiyya hin hojjannee?'

**51**Yaa namoota mataa jabeeyyii nana; garaani keessan hinamanu; gurri keessanis hin dhagawu! Isin yeroo cufa hafuura qulqulluun mormitu; akkuma abbootiin keessan godhan sana isinis gootu.
**52**Raajaan abbootiin keessan hingaargalchin[j] tokkolleen jiraa? Isaan warra duraan dursanii dhufaatii isa qajeelaa sanaa himanillee ni ajjeesan; Isinis amma

[i]41 ykn *sooriyoo;* [j]52 ykn *hin baqachiisin/hin ari'in*

**7:43** *Molooki* - Waaqa tolfamaa warra Kana'aani kan Waaqeffatamuu isaa keessa ijoollee gubanii aarsaa dhiyeessuunis jiru.
*Raafaa* - Waaqa tolfamaa bara durii kan bulchaa pilaaneetii Saatarni jedhamuuti jedhamee waaqeffatamu.

isa dabarsitanii kennitanii ajjeeftaniirtu; [53]Worri karaa Maleekkaatiin seera fudhattanii seera sanaaf ajajamuu diddanis isinuma."

### Isxifaanos Dhagaan Tumamuu Isaa

[54]"Isaanis yommuu waan kana dhagayanitti aariin guggubatanii isatti ciniinnatan.; [55]Isxifaanos garuu hafuura Qulqulluun guutamee gara Samii ol ilaalee ulfinna Waaqayyootii fi Yesuusinis isaa mirga Waaqayyoo dhaabatu arge. [56]Innis, "Ani kunoo, Samiin banamee, ilma namaas isaa mirga Waaqayyoo dhaabatu nan arga" jedhe.

[57]Kana irratti isaan hundi gurra isaanii qabatanii qoonqa guddaan iyyaa isatti girrisan. [58]Magaalaa[k] keessaas gadi isa baasanii dhagaan isa tumuu jalqaban. yeroo sana dhugeessitoonni uffata isaanii miila dargaggeessa Saa'ol jedhamu tokkoo jala keewwatan.

[59]Isxifaanosis otoo isaan dhagaan isa tumaa jiranuu," Yaa Gooftaa Yesuus, lubbuu tiyya fudhadhu" jedhee kadhate. [60]Jilbiinfatees sagalee guddaan, "Yaa Gooftaa, cubbuu kana isaanitti hin lakkaayin[l]" jedhee iyye; Innis eegii waan kana dubbatee booddee ni du'e.

**8** Saa'olis ajjeefamuu Isxifaanosi irratti namootaan walii galee ture.

### Gaargala Waldaa Kiristaanaa

Guyyuma sana waldaa Kiristaanaa ishii Yerusaalem jirtutti gaargali[m] guddaan isaa ka'e; ergamtoota malee worri kaan martinuu biyya Yihuudaatiifi Samaariyaa cufa keessa bibittinnaa'an. [2]Namoonii Waaqa sodaatanis Isxifaanisin awwaalan; boo'icha guddaas boo'aniif. [3]Saa'ol garuu waldaa kiristaanaa balleessuu jalqabe; Innis mana tokko irraa gara mana biraa[n] dhaqee dhiiraa fi dubartii[o] lafa irra harkisee mana hidhaatti galchaa ture.

### Filiphoos Samaariyaa Keessatti

[4]Warri bittinnaa'an sun lafa dhaqan Cufatti dubbii sana lallaban. [5]Filiphoosis gara magaalaa[p] Samaariyaa tokkootti gadi bu'ee achitti kiristoosin lallabe. [6]Namoonni sunis yommuu waan Filiphoos dubbatu dhagahanii baasa inni hojjatu arganitti qalbeeffatanii isa dhagahan. [7]Hafuuri xuraawaanis sagalee[q] guddaan iyyee nama hedduu keessaa ba'e; warri laamsha'aniifi[r] warri naafatan baayeenis ni fayyan. [8]Kanaafis gammachuu guddaattu magaalaa sana keessatti ta'e.

### Simoon Falfalticha

[9]Garuu yeroo sanaan dura

[k]58 ykn *dira;* [l]60 ykn *hin hedin;* [m]1 ykn *ariyatamni/baqachiisni;* [n]3 ykn *dhibii;* [o]3 ykn *nadheeni;* [p]5 ykn *dira;* [q]7 ykn *qoonqa/ qoonqoo;* [r]8 ykn *kokkottaa'aniifi*

namichi Simoon jedhamu tokko
magaalaa sana keessatti falfala
hojjatee namoota samaariyaa
mara ajaa'ibsiisaa[s] ture; Innis
akka waan nama guddaa ta'eetti
uf-hedaa ture. **10**Namoonni hund-
inuu xiqqaa guddaan qalbii isaanii
gara isaa deebifatanii, "Namichi
kun humna Waaqaa isa 'humna
guddaa' jedhamu sanaadha"
jedhanii isa saadan. **11**Namoonni
sunis sababii inni yeroo dheeraa
falfala isaatiin isaan dinqisiiseef
qalbii isaanii gara isaatti deebifa-
tan. **12**Garuu yommuu Filiphoos
wangeela waayee mootummaa
Waaqayyootii fi maqaa Yesuus
Kiristoosi lallabetti amananii[t]
dhiiraa-dubartiin cuuphaman.
**13**Simoon mataan isaayyuu amanee
cuuphame; Innis milikkitaa fi dinqii
arge sana maadeffachaa Filiphoos
waliin deeme.

**14**Ergamtoonni Yerusaalem turan
akka warri Samaariyaa dubbii
Waaqaa fudhatan dhagayanii
Pheexiroosii fi Yohaannisin
isaanitti ergan. **15**Ergamtoonni
sunis yommuu achi ga'anitti akka
isaan Hafuura Qulqulluu[u] argatan
kadhataniif; **16**Hafuuri qulqulluun
isaan keessaa nama tokko irrallee
hinbuune tureetii; Isaan maqaa
gooftaa Yesuusi qofaan cuupha-
manii turan. **17**Pheexiroosii fi
Yohaannis harka isaanii jara
sana irra kakaa'an; isaanis
hafuura Qulqulluu argatan. **18**Si-
moon falfaltichis akka yeroo
ergamtoonni harka isaanii nama
irra kaa'an hafuuri qulqulluun
namaa kennamu arginaan ergam-
tootaaf horii kennee, **19**"Akka
namni ani harka irra kaa'u cufti
hafuura qulqulluu argatuuf dan-
deettii kana naallee kennaa" jed-
heen.

**20**Pheexiroos garuu akkana
jedhee deebiseef," Sababii ati
kennaa Waaqaa waan horiin
bitachuu dandeettu seeteef ho-
riin kee suma wajjiin haa baduu!
**21**Garaan kee fuula Waaqaa du-
ratti waan qajeelaa hinta'iniif ati
tajaajila[v] kana keessatti qooda
yookaan carraa[w] hin qabdu.
**22**Kanaaf hammeenna kee kana
irraa deebi'iitii gooftaa kad-
hadhu; inni yaada garaa keetii
kana sii dhiisa[x] ta'aatii. **23**Ani
akka ati yaada hadhaawaan guu-
tamteefi akka ati garbicha cub-
buu taate nan arga."

**24**Simoonis, "akka wonni isin
jettan kun tokkoyyuu narra
hingeenneef gooftaa naa kadhad-
haa" jedhee deebise.

**25**Pheexiroosii fi Yohaannis eegii
dhugaa-ba'anii[y] dubbii gooftaas
labsanii booddee[z] gandoota
Samaariyaa hedduu keessatti
wangeela lallabaa Yerusaalemitti
deebi'an.

[s]9 ykn *dinqisiisaa/maadeffachiisaa;* [t]12 ykn *dhugeeffatanii;* [u]15 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [v]21 ykn *hujii;* [w]21 ykn *fulaa;* [x]22 ykn *haraarama;* [y]25 ykn *dhugeessanii /rageessanii;* [z]25 ykn *duubatti*

## Filiphoosii fi Namicha Itoophiyaa Tokko

[26]Maleekkaan Gooftaa tokkos Filiphoosiin, "Ka'iitii karaa Kibbaatiin[a] gara daandii Yerusaalemii ba'ee Gaazaatti gadi bu'u sanaa dhaqi" jedheen; daandiini sunis daandii lafa alooti[b]. [27]Innis ka'ee deeme, karaa isaa irratiis murattee[c] Itoophiyaa tokko jechuunis qondaalticha Hindakee mootittii saba Itoophiyaa kan qabeenya ishii cufa irratti itti gaafatamaa ta'e arge; qondaali sun sagaduuf jedhee Yerusaalem dhaqee ture. [28]Innis yeroo biyya isaatti deebi'u gaarii isaa irra taa'ee kitaaba Isaayyaas raagichaa[d] dubbifachaa ture. [29]Hafuurri qulqulloonis Filiphoosiin, "Dhaqiitii gaarii sanatti dhiyaadhu" jedhe.

[30]Filiphoosis gaarii sanatti fiige, otoo namichi sun kitaaba Isaayyaas raagichaa dubbifatuu dhaga'ee, "Ati waan dubbifattu kana ni hubattaa?" jedhee gaafate.

[31]Namichis," Yoo namni naa hin ibsin ani akkamiin hubachuu danda'aa?" jedhe. Innis akka Filiphoos ol bahee isa bira taa'uuf waammate.

[32]Kutaan kitaabaa kan namichi nafni saalaa irraa murame sun dubbisaa ture isa kana:

"inni akkuma hoolaa bakka qalmaatti geeffamee,
yookiin akkuma ilmoo hoolaa kan fuula nama rifeensa irraa mummuruu duratti caldhisuu
akkasuma afaan isaa hin saaqanne.
[33]Inni cunqurfamuu isaatiin murtii qajeelaa dhowwatame
eenyuttu waayee sanyii isaa dubbachuu danda'a?
jireenyi isaa lafa irraa fudhatameeraatii."

[34]Muratteen sunis Filiphoosiin, "raajaan sun waayee eennuu dubbata? waayee mataa isaa moo waayee nama dhibiiti? Maaloo mee natti himi!" jedhee gaafate. [35]Filiphoosis kutaadhuma kitaabaa sanaan afaan saaqatee oduu dansaa waayee Yesuusi isatti hime.

[36]Isaanis otoo karaa deemanuu bisaanitti ba'an; namichi nafni saalaa irraa murame sunis, "kunoo bisaan asi jira; yoos maaltu cuuphamuu na dhowwa ree?" jedheen. [37]Filiphoosis, "Ati yoo garaa kee guutuun amante cuuphamuu ni dandeessa" jedheen. Namichis deebisee, "Akka Yesuus Kiristoos Ilma Waaqayyoo ta'e ani nan amana" jedhe. [38]Innis akka gaariin sun dhaabatu ajaje; isaan lamaanuu dhaqanii bishaan seenan; Filiphoosis isa cuuphe. [39]Yommuu isaan bishaan keessaa ba'anittis hafuurri Gooftaa Filiphoosin fudhate; muratteen

[a]26 ykn *bitaatiin;* [b]26 ykn *onaatti;* [c]27 ykn *nama nafni saala irraa murame;* [d]28 ykn *raajichaa*

sunis eegasii isa hin agarre; garuu gammadaa karaa isaa itti fufe. 40Filiphoos immoo Azaxoonitti argame; innis hanga Qisaariyaa gawutti magaalota mara keessatti wangeela lallabaa dabre.

**Saa'ol jijjiiramuu Isaa**

9 Jidduudhuma sana Saa'ol barattoota Gooftaa ajjeesuuf dubbiin doorsisaa gara Luba olaanaa[e] dhaqee, 2Nama karaa wangeelaa irra jiru kamiyyuu dhiiras -dubartiis yoo argate akka hidhee Yerusaalemitti geessuuf akka lubni sun gara manneen sagadaa kanneen Damaasqoo jiraniitti xalayaawwan isaa bareessuuf isa kadhate. 3Otoo inni deemaa jiruu akkuma Damaasqootti dhiyaateen akkuma tasaa ifni tokko Samii irraa naannoo isaatti balaqqise[f]. 4Innis lafa dhayee sagalee[g], "Yaa Saa'ol, Yaa Saa'ol ati maaliif na gaargalchita[h]?" isaan jedhu tokko dhaga'e.

5Saa'olis, "Yaa Gooftaa, Ati eenyu?" jedhee gaafate.

Innis akkana jedhee deebiseef; "ani Yesuus isa ati gaargalchituudha. 6Amma, Ka'ii magaalaa[i] seeni; waan ati gootu sitti himuutii."

7Namoonni Saa'ol waliin deemaa turanis waan dubbatan dhabanii dhadhaabatan; isaanis qoonqa dhagayan malee nama tokkollee hin argine. 8Saa'olis lafaa ka'e; Innis yommuu ijji[j] isaa banametti Womaa arguu hin dandeenne; isaanis harka isaa qabanii dura bu'anii Damaasqootti isa geessan. 9Ijji isaas Guyyaa sadii guutuu arguu hin dandeenye; innis womaa hin nyaanne; womaas hin dhunne.

10Damaasqoo keessa barataa Hanaaniyaa jedhamu tokkottu ture; Gooftaanis daayyaa[k] keessa," Yaa Hanaaniyaa!" jedhee isa waame.

Innis, "Yaa Gooftaa, kunoo ani asi jira" jedhee deebise.

11Gooftaanis akkana jedheen; "Ka'ii gara daandii 'Qajeelaa' jedhamu sanaa mana Yihuudaa dhaqiitii nama saa'ol jedhamu kan xarseesii dhufe tokko iyyaafadhu; Inni Waaqa kadhachuutti jiraatii. 12Saa'olis nama Hanaaniyaa jedhamu tokko isaa dhufee akka agartuun isaa deebi'uufiif harka isa irra kaa'u daayyaan arge. 13Hanaaniyaanis deebisee akkana jedhe; "Yaa Gooftaa, ani waayee namicha kanaa, miidhaa inni qulqulloota kee warra Yerusaalem jiraatan irratti hojjate hundumaa dhagayeera. 14Ammas warra maqaa kee waammatan cufa hidhuuf jedhee luboota hangafoota irraa aangoo[l]

[e]1 ykn *qaallicha guddaa;* [f]3 ykn *billiqe;* [g]4 ykn *qoonqa/qoonqoo;* [h]4 ykn *ariyatta/ baqachiifta;* [i]6 ykn *dira;* [j]8 ykn *iltii;* [k]10 ykn *muldhata/manaaba;* [l]14 ykn *guddinna*

fudhatee dhufeera."

15Gooftaan garuu Hanaaniyaadhaan akkana jedhe; "Namichi kun mi'a kiyya kan ani akka inni namoota Ormaatiifi mootota isaanii duratti, saba Israa'eli durattis maqaa kiyya baatuuf jedhee filadhe waan ta'eef ka'ii dhaqii! 16Ani akka inni maqaa kiyyaaf jedhee rakkachuu qabu isattin argisiisa."

17Hanaaniyaanis dhaqee mana sana seene; harka isaas Saa'ol irra kaa'ee, "Yaa obboleessa kiyya Saa'ol, Gooftaa Yesuus inni otoo ati asi dhuftuu karaa irratti sitti muldhate sun akka agartuun tee sii deebituu fi akka ati hafuura Qulqulluun guutamtuuf na ergeera" jedhe. 18Yeruma sana wonni akka qolaa ija Saa'oli irraa harca'e; agartuun isaas ni deebiteef; innis ka'ee cuuphame. 19Nyaatas ni nyaate; ni jajjabaates.

### Saa'ol Damaasqoo fi Yerusaalemitti Lallabuu Isaa

Saa'ol bultii gabaabduuf barattoota Damaasqoo jiran bira bubbule. 20Innis akka Yesuus Ilma Waaqaa ta'e yeruma sana manneen sagadaa keessatti lallabuu jalqabe. 21Warri isa dhagahan martinuus maadeffatanii[m] akkana jedhan; "namichi kun isuma Yerusaalem keessatti warra maqaa kana waammatan balleesse sanaa mitii? ammas hidhee luboota hangafootatti isaan geessuuf dhufee mitii?" 22Saa'ol garuu ittuma jabaachaa deeme; innis akka Yesuusiini kun masiihii ta'e mirkaneessuudhaan Yihuudota Damaasqoo keessa jiraatan afaan qabachiise.

23Eegii guyyaan hedduun dabree booddees Yihuudonni isa ajjeesuuf mariyatan. 24Saa'ol garuu marii isaanii kana beeke; isaanis isa ajjeesuuf jedhanii halkanii guyyaa balbala magaalaa sanaa jabeessanii eegaa turan. 25Barattoonni isaa garuu halkaniin fuudhanii guuboodhaan[n] dallaa irraan dabarsanii gadi isa buusan.

26Innis yommuu gara Yerusaalemi dhufetti barattootatti ida'amuu yaale; isaanis waan barataa ta'uu isaa hin amaniniif[o] hundi isaanii isa sodaatan. 27Barnaabaas immoo fuudhee ergamtootatti isa geesse; akka Saa'ol itti karaatti gooftaa arge, akka itti gooftaan isatti dubbateefi akka inni sodaa malee Damaasqoo keessatti maqaa Yesuusiitiin lallabe isaanitti hime. 28Saa'olis Yerusaalem keessatti isaan waliin ba'ee galaa ture. 29Innis maqaa Gooftaatiin ija[p] jabeennaan lallabee, Yihuudota Girikoota keessa jiraatan wajjiinis dubbachaa, isaaniinis morkachaa

[m]21 ykn *dinqifatanii/ajaa'ibsiifatanii;* [n]25 ykn *cancalaan/sabaqeen;* [o]26 ykn *hindhugeeffatiniif;* [p]29 ykn *adda*

ture; isaan garuu isa ajjeesuu barbaadan. [30]Obboleeyyanis yommuu waan kana beekanitti fuudhanii Qiisaariyaatti gadi isa buusan; gara Xarseesiittis isa ergan.

[31]Kanaafis waldaan kiristaanaa Yihuudaa, Galiilaa fi Samaariyaa keessa jirtu guutummaatti nagaya argatte; nicimtes. Ishiinis hafuura Qulqulluun jajjabaatee sodaa Gooftaatiin jiraachuudhaan baay'innaan guddachaa deemte.

### Eeniyaa Fi Doorqaa

[32]Pheexiroos otoo biyya sana keessa naanna'aa jiruu qulqulloota Liidaa keessa jiraatan ilaaluuf gadi bu'e. [33]Achittis namicha laamsha'aa[q] Eeniyaa jedhamu kan waggaa saddeeti siree irratti hafee ture tokko arge. [34]Pheexiroosis, "Yaa Eeniyaa, Yesuus Kiristoos si fayyisa; ka'iitii siree kee afadhu" jedheen. Eeniyaanis yoosuma ka'e. [35]Namoonni Liidaa fi Saroonaa keessa jiraatan Cuftinuu isa arganii Gooftaatti deebi'an.

[36]Yoophee keessas barattuu Xaabiitaa jedhamtu tokkottu ture; Xaabiitaa jechuunis Doorqaa jechuu dha. Isiinis yeroo hunda waan gaarii hojjatti; hiyyeeyyiis nigargaarti turte. [37]Isiinis baruma sana keessa dhukkubsattee[r] duute; reeffa isiis dhiqanii kutaa fooqii[s] tokko keessa kaa'an. [38]Liidaan tun Yoopheetti dhiyoo turte; barattoonnis yommuu akka Pheexiroos liidaa jiru dhagayanitti nama lama isatti erganii, "Maaloo dafii nu bira ga'i!" jedhanii isa kadhatan.

[39]Pheexiroosis ka'ee isaan waliin deeme; akkuma inni achi ga'eenis gara kutaa fooqii sanaatti isa geessan. Nadheen dhiirsonni isaanii irraa du'an martinuu isa bira dhaabatanii kootiifi wayaa gara biraa[t] kan doorqaan yeroo isaan waliin turte hojjatte sana isatti agarsiisanii boo'aa turan.

[40]Pheexiroosis hunda isaanii gadi baasee jilbiinfatee Waaqa kadhate; reeffa sanattis garagalee, "Xaabiitaa ka'i!" jedhe. Ishiinis ija ishii banattee Pheexiroosin argite; kaatees teette. [41]Innis harka qabee ishii kaase; amantootaafi nadheen dhiirsonni isaanii irraa du'an waamee fayyaa ishii isaan fuul-dura dhaabe. [42]Kunis Yoophee mara keessatti beekame; namoonni baayeenis Gooftaatti amanan. [43]Pheexiroosis Yoophee keessa gogaa-duugduu Simoon jedhamu tokko bira guyyaa hedduu ture.

### Qorneelewoos Pheexiroosin Waamuu Isaa

**10** Namichi Qorneelewoos jedhamu tokko Qisaariyaa

[q]33 ykn *nafni irratti du'e;* [r]37 ykn *fayyaa dhabdee;* [s]37 ykn *mana ol-dheeraa;* [t]39 ykn *dhibiini*

keessa ture; innis kutaa, 'humna waraana Xaaliyaanii' jedhamu keessatti ajajaa dhibbaa ture. [2]Qorneelewoosii fi maatiin isaa Cuftinuu warra Waaqaaf bulaniifi warra waaqa sodaatan turan; innis warra rakkataniif arjummaadhaan kenna ture; yeroo cufas Waaqa kadhata ture. [3]Innis gaafa tokko maleekkaa Waaqayyoo tokko isaa gara isaa dhufee, "yaa Qorneelewoos" jedhuun guyyaa keessaa gara sa'aatii sagaliitti ifaan ifatti daayyaan[u] arge.

[4]Qorneelewoosis sodaan ija[v] babaasee isa ilaalee, "Yaa Gooftaa, maal barbaadda?" jedhee gaafate.

Maleekkaan sun ammoo akkana jedhee deebise; "kadhannaa keetii fi kennaan ati hiyyeeyiidhaaf kennitu aarsaa[w] qaabachaa[x] ta'ee fuula Waaqayyoo duratti ol-ba'eera. [5]Ammas gara Yoopheetti nama ergiitii Simoon isa Pheexiroos jedhamu sana asi fichisiisi. [6]Innis namicha gogaa duugu kan simoon jedhamu kan manni isaa afaan galaanaatti argamu tokko bira jira."

[7]Qorneelewoosis yommuu maleekkaan isatti dubbate sun deemetti tajaajiltoota[y] isaa keessaa nama lama, warra isa eegan keessaa immoo loltuu Waaqayyoof bule tokko Waamee, [8]Waan kan hunda isaanitti himee Yoopheetti isaan erge.

**Daayyaa Pheexiroos Arge Tokko**

[9]Guyyaa itti aanuttis otoo worri ergaman sun karaa jiranuu, yeroo isaan magaalattiitti[z] dhiyaatanitti Pheexiroos gara sa'aatii jahaatti Waaqa kadhachuuf gubbaa manaatti ol-ba'e. [10]Innis beela'ee waan nyaatu barbaade; otoo isaan qopheessaafii jiranuus akka waan fajajee[a] ta'e; [11]Samii banameefi waan akka wayaa baldhaa tokkos isaa roga isaa afraniin qabamee lafatti gadi buufamu arge. [12]Woyaan sunis bineensota miila afurii,uumamaawwan lafa irra loo'aniifi[b] Simbirroota[c] samii kanneen gosa cufaa uf keessaa qaba ture. [13]Qoonqii[d] tokkos, "Yaa Pheexiroos ka'iitii qalii nyaadhu" jedheen.

[14]Pheexiroos garuu deebisee, "Yaa Gooftaa, hinta'u! ani takkumaa waan baktii yookaan waan xuraawaa hin nyaanne!" jedhe.

[15]Qoonqii sunis yeroo lammaffaa deebisee, "Ati waan Waaqayyo qulqulleesseen xuraawaa hin jedhin" jedheen.

[16]Wonni kunis yeroo sadii ta'e; woyaan sunis yeruma sana deebi'ee samiitti ol fudhatame.

[17]Otoo Pheexiroos, waayee hiikkaa daayyaa sanaa maadeffachaa[e]

[u]3 ykn *muldhataan/manaabaan* [v]4 ykn *ila;* [w]4 ykn *sooriyoo;* [x]4 ykn *yaadannoo;* [y]7 ykn *hojjattoota;* [z]9 ykn *dira;* [a]10 ykn *darraawuu;* [b]12 ykn *munyuuqaniifi;* [c]12 ykn *simphirree;* [d]13 ykn *sagaleen/ qoonqooni;* [e]17 ykn *dinqifachaa/ ajaa'ibsiifachaa*

jiruus namoonni Qorneelewoos erge sun mana Simoon iyyaafachaa dhufanii balbala dura dhaabatan. [18]Isaanis lallabanii, “Simoon inni Pheexiroos jedhamu tokko asi jiraa? "jedhanii gaafatan.

[19]Ammas otoo Pheexiroos waayee daayyaa sanaa yaadaa jiruu, hafuurri Qulqulluun[f] akkana isaan jedhe;" Yaa Simoon, kunoo namoonni sadii si barbaaduutti jiru; [20]Ka'iitii gadi bu'i; isaan waliin deemuus hin shakkin; anattu isaan ergeetii."

[21]Pheexiroosis gara namoota sanaatti gadi bu'ee," namni isin barbaadaa jirtan ana; maaliif dhuftani?" jedheen.

[22]Jarri sunis akkana jedhanii deebisani; "Nu ajajaa dhibbaa kan Qorneelewoos jedhamu tokko biraa dhufne; inni nama qajeelaa fi nama Waaqa sodaatu kan Yihuudota hunda birattis kabajamuu[g] dha; maleekkaan qulqulluun tokko akka inni mana isaatti si waamsisee waan ati jettu dhagawuuf isatti dubbate. [23]Pheexiroosis namoota sana manatti ol galchee keessumsiise.

**Pheexiroos mana Qorneelewoosi Dhaqe**

Guyyaa itti aanutti Pheexroos ka'ee isaan waliin deeme; Obboleeyyan tokko tokkos yoophee ka'anii isa waliin deeman. [24]Isaanis guyyaa itti aanu Qiisaariyaatti galan; Qorneelewoosis firoota isaatii fi jaallan[h] isaa warra isatti dhiyatan walitti waamee isaan eegaa ture. [25]Akkuma Pheexiroos mana seeneen Qorneelewoos isa simatee isaa sagaduuf jedhee miila isaa irratti lafa dhaye. [26]Pheexirsoos garuu, "Ka'i! anis namumaatii" jedhee ol isa qabe.

[27]Pheexirsoosis isa waliin dudubbachaa mana seenee namoota walitti qabaman hedduu arge. [28]Innis akkana isaaniin jedhe; "akka Yihuudiin tokko nama ormaa wajjiin tokkummaa qabaachuufi mana walii dhaquun seera hin ta'in isin mataan keessaniyyuu beettu; garuu Waaqayyo akka ani nama tokkoonuu baktii yookaan xuraawaa hinjenne natti agarsiseera. [29]Kanaaf yommuu isin nama natti ergitanitti ani mormii tokko malee dhufe; eegaa waan isin na waamtaniif beekuu nan barbaada."

[30]Qorneelewoosis akkana jedhee deebise; "bultii afuriin dura, sa'aatiidhuma kanatti, ani sa'aatii sagalitti mana kiyyatti Waaqa kadhachaa ture; akkuma tasaa namichi wayaa adii qaanqee uffatu tokko na dura dhaabatee, [31]Akkana jedhe; 'Yaa Qorneelewoos! Waaqayyo kadhannaa kee

[f]19 ykn *Ayyaanni Woyyuun;* [g]22 ykn *ulfinna qabu;* [h]24 ykn *michoota/ hiriyyoota*

dhagayeera; kennaa ati hiyyeyyii kennitus yaadateera. **32**Yoopheetti nama ergiitii Simoon isa Pheexiroos jedhamu sana waamsis; inni mana Simoon namicha gogaa duugu kan galaana bira jiraatu sanaa jira.' **33**Kanaaf ani yeruma sana nama ergee si waamsise; atis baga dhufte. Eegaa nu martinuu waan akka ati nutti himtu Gooftaan si ajaje cufa dhagawuuf jennee asi fuula Waaqayyoo dura jirra."

**34**Pheexiroosis akkana jedhee dubbachuu jalqabe; "ani amma akka Waaqni nama Wal hincaalchifne dhugumaan nan hubadha. **35**Garuu saba hundumaa keessaa namni isa sodaatuu fi namni waan qajeelaa hojjatu kamiyyuu fuula isaa duratti fudhatamaa dha. **36**Isin ergaa Waaqni karaa Yesuus kiristoosiitiin nagaya labsuun saba Israa'eliitti erge sana beettu; Yesuus Kiristoos kun gooftaa waan cufaati. **37**Isin waan Cuuphaa Yohaannis lallabeen duubattii Galiilaadhaa jalqabee Yihuudaa mara keessatti ta'e sana ni beettu. **38**Kunis akka Waaqni Yesuus nama Naazreeti sana hafuura Qulqulluu fi humnaan muudeefi akka Yesuus waan dansaa hojjachaafi worra humna daabiloosi jala turan fayyisaa biyya hunda keessa nanaanna'eedha; Waaqayyo isa waliin tureetii. **39**"Nus waan inni biyya Yihuudotaatii fi Yerusaalem keessatti hojjate cufaaf dhugaa-baatota[j]. Isaanis muka irratti fannisanii isa ajjeessan. **40**Waaqayyo immoo guyyaa sadaffaatti warra du'an keessaa isa kaase; akka inni namatti muldhatus godhe. **41**Inni nama maratti hin muldhanne; garuu nu dhugeessitoota Waaqni duraan dursee filatettiifi eega inni warra du'an keessaa ka'ee booddees isa waliin nyaannee dhunnetti muldhate. **42**Innis akka nu namootatti lallabnuu fi akka inni nama Waaqni warra jiraniifi warra du'an irratti abbaa murtii godhee shuume ta'e akka dhugaa baanuuf nu ajaje. **43**Raajonni[k] martinuu akka namni isatti amanu[l] cufti maqaa isaatiin dhiifama[m] cubbuu argatu waayee isaa ni dhugeessu."

**44**Otuma Pheexiroos ammallee waan kana dubbachaa jiruu, hafuuri Qulqulluun warra dubbii sana dhagayaa turan hunda irra bu'e. **45**Amantoonni Yihuudotaa kanneen Pheexiroos waliin dhufan waan kennaan hafuura Qulqulluu namoota ormaa irratillee dhangala'eef ni dinqifatan; **46**Jaraa afaan haaraya dubbatuufi Waaqas jajatu dhagayaniiruutii.

Pheexirsoosis akkana jedhe;

[i]37 ykn *booddee;* [j]39 ykn *dhugeessitoota/rageessitoota;* [k]43 ykn *raagotni;* [l]43 ykn *dhugeeffatan;* [m] 43 ykn *haraara*

[47]"akka namoonni akkuma keenna
hafuura Qulqulluu argatan kun-
niin hin cuuphamneef namni
bishaan dhowwachuu danda'u
eennu?" [48]Innis akka isaan maqaa
Yesuus Kiristoosiitiin cuupha-
man ajaje; isaanis akka Pheexi-
roos bultii xiqqoo isaan bira tu-
ruuf isa kadhatan.

### Pheexiroos Waan Hojjate Gabaasuu Isaa

**11** Ergamtoonnii fi obboleeyyan
Yihuudaa keessa jiran
akka namoonii ormaas dubbii
Waaqayyoo fudhatan dhagayan.
[2]Kanaaf yommuu Pheexiroos
Yerusaalemitti ol ba'etti Yihuu-
donni amanan[n] isaan morman;
[3]Akkanas jedhan; "Ati maaliif
mana namoota dhagna[o] hin
qabatinii dhaxxee isaani
waliin nyaatte?"
[4]Pheexiroosis akkana jedhee
waan ta'e sana tokko tokkoon
isaanii ibsuu jalqabe. [5]"Ani ma-
gaalaa[p] Yoophee keessatti Waaqa
kadhachaa ture; akka waan
muguus ta'een waan akka woyaa
baldhaa tokko isaa roga isaa
afraniin qabamee samii irraa gadi
buufamu daayyaan[q] arge; innis
bakka[r] ani turetti gadi dhufe.
[6]Anis itti dhiyaadhee ilaalee
beeylada miila afurii, bineensota
bosonaa, uumamoowwan lafarra
loo'anii fi simbirroota[s] samii
nan arge. [7]Anis qoonqa,[t] 'Yaa
Pheexirsoos, ka'iitii qaladhuu
nyaadhu' naan jedhu tokko
dhaga'e.
[8]"Ani garuu deebisee, 'Yaa
Gooftaa, hin ta'u! takkumaa wonni
baktiin yookiin wonni xuraawaan
tokkolleen afaan kiyya hinseenne'
jedhe.
[9]"Qoonqii sunis lammata samii
irraa dubbatee, 'Ati waan Waaqay-
yoo qulqulleesseen baktii hin
jedhin' jedhe. [10]Wonni kunis
yeroo sadii ta'e; kana booddees[u]
hundumti isaa samiitti ol fud-
hatame.
[11]"Yoosuma namoonni Qiisaari-
yaadhaa natti ergaman sadii
mana ani jiraachaa ture sana bira
gahan. [12]Hafuurris akka ani shakkii
tokko malee isaan wajjiin deemu
natti hime. Obboleeyyan kunniin
jahaanis na waliin deeman; nus
mana namichaa ol seenne.
[13]Innis akka maleekkaa mana
isaa keessatti itti muldhate tokko
arge nutti hime; Maleekkaan
sunis akkana isaan jedhe; ' Yoo-
pheetti nama ergiitii Simoon isa
Pheexiroos jedhamu sana waam-
sis; [14]Inni ergaa sii fi namoonni
mana keetii cuftinuu ittiin fayyi-
tan sitti hima.'

[n]2 ykn *dhugeeffatan;* [o]3 ykn *qabaanqa-baa hin qabatinii/hin gadoominii;* [p]5 ykn *dira;* [q]5 ykn *muldhataan/manaabaan;* [r]5 ykn *fulaa;* [s]6 ykn *simphirree;* [t]7 ykn *qoon-qoo/sagalee;* [u]10 ykn *duubatti*

[15]"Akkuma ani dubbachuu jalqabeen Hafuurri Qulqulluun[v] akkuma jalqabatti nurra bu'e sana isaan irras bu'e. [16]Anis waan Gooftaan, 'Yohaannis bishaaniin cuuphe; isin garuu hafuura Qulqulluun cuuphamtu' jedhee ture sana nan yaadadhe[w]. [17]Kanaaf erga Waaqni kennaadhuma yeroo nu gooftaa Yesuus Kiristoositti amanne nuu kenne sana isaaniifis kenne Waaqaan mormuuf ani eenyu?"

[18]Isaanis waan kana dhagayanii callisan;" yoos Waaqayyo cubbuu irraa deebi'anii jiraachuu namoota ormaatiifis kenneera!" jedhanii Waaqa galateeffatan.

**Waldaa Kiristaana Anxookiyaa**

[19]Warri sababii gaargala[x] Isxifaanositti ka'eetiin bittinnaa'anii turan sun ergaa sana Yihuudota qofatti himaa, hanga Fiinqee, Qophroosiifi Anxookiyaatti deeman. [20]Isaan keessaa namoonni Qophiroosii fi Qareenaa irraa dhufan tokko tokko garuu Anxookiyaa dhaqanii oduu gaarii waayee Gooftaa Yesuusi Girikootattis himuu jalqaban. [21]Harki Gooftaa isaani waliin ture; namoonni hedduunis amananii Gooftaatti deebi'an.

[22]Oduun kunis gurra waldaa kiristaanaa ishii Yerusaalem jirtuu seene; "Isaanis Barnaabaasin Anxookiyaatti ergan. [23]Innis yommuu achi ga'ee Ayyaana Waaqayyoo argetti ni gammade; akka isaan garaa tokkoon gooftaaf amanamanii jiraataniifis isaan mara jajjaabeesse. [24]Inni nama dansaa hafuura Qulqulluu fi amantiin guutame ture; Namoonni baay'eenis Gooftaatti ida'aman.

[25]Barnaabaasis Saa'olin barbaaduuf jedhee Xarsees dhaqe; [26]Yommuu isa argettis Anxookiyaatti isa geesse. Isaanis waggaa tokko guutuu waldaa sanaan walgayanii namoota baay'ee barsiisan; Barattoonnis yeroo jalqabaatiif Anxookiyaatti, 'Kiristaana' jedhaman.

[27]Jidduudhuma sana raajonni[y] tokko tokko Yerusaalemii ka'anii Anxookiyaatti gadi bu'an. [28]Isaan keessaas namichi Agaaboos jedhamu tokko ka'ee dhaabatee akka beelli guddaan isaa addunyaa hunda irratti bu'u hafuuraan dubbate. wonni Kunis bara moo'umsa Qalaawudewoos Qeesaari keessa ta'e. [29]Barattoonnis tokkoon tokkoon isaanii akkuma dandeettii isaaniitti obboleeyyan Yihuudaa keessa jiraatan gargaaruu murteessan. [30]Isaanis harka Barnaabaasiitiifi harka Saa'oliitti gargaarsa isaanii maanguddootaatti erguun gargaarsa kennan.

[v]15 ykn *Ayyaanni Woyyuu;* [w]16 ykn *qaabadhe;* [x]19 ykn *ariyatama/baqa;* [y]27 ykn *raagonni*

**Pheexiroos Dinqiidhaan Mana Hidhaatii Ba'e**

**12** Baruma sana keessa Heroodis mootichi isaan gaargalchuuf[z] jedhee miseensota waldaa kiristaanaa tokko tokko qabe. 2Innis Yaaqoob obboleessa Yohaannisi goraadeen ajjeese. 3Yommuu akka wonni kun Yihuudota gammachiise argettis, ittuma fufee Pheexiroosinis qabsiise; Wonni kunis yeroo ayyaana qixxaa[a] keessa ta'e. 4Eegii isa qabee booddees[b] akka isaan isa eeganiif jedhee gareewwan loltootaa afur kanneen tokkoon tokkoon isaanii loltoota afur afur uf keessaa qabanitti dabarsee isa kennuun, mana hidhaa keessa isa buuse; kanas ayyaana faasikaatiin duubatti fuula uumataa duratti dhiyeessee isa qoruuf godhe.

5Kanaafuu Pheexiroos mana hidhaa keessatti eegamaa ture; waldaan kiristaanaa garuu jabeessitee waayee isaatiif Waaqa kadhachaa turte.

6Pheexiroosis halkan gaafa Heroodis fuula Uumataa duratti isa dhiyeessuu yaade sanaa sansalata[c] lamaan hidhamee loltoota lama jidduu rafaa ture; Loltoonni kaanis balbala dura dhaabatanii mana hidhaa sana eegaa turan. 7Akkuma tasaas, maleekkaan Gooftaa tokko Muldhate; kutaa mana hidhaa sana keessattis ifti ife; maleekkaan sunis cinaacha Pheexiroosi tuqee isa dammassuun, "Dafii ka'i!" jedheen. Sansalanni sunis harka isaa irraa harca'e.

8Maleekkaan sunis, "uffata kee uffadhu; kophee kees keewwadhu" jedheen; Pheexiroosis akkasuma godhe. Maleekkaan sunis, "Wayaa kee marxifadhuutii na faana bu'i" jedheen. 9Pheexiroosis isa hordofee mana hidhaatii ba'e; innis waan daayyaa[d] argu se'e malee akka wonni maleekkaan hojjatu sun dhugaa ta'e hin beenne. 10Isaanis Waardiyaa[e] duraatii fi isa lammaffaa bira dabranii balbala sibilaa kan magaalaatti[f] gadi baasu bira ga’an; balballi sunis ofumaan banameef; isaanis gadi ba'anii otoo daandii tokko irra gadi bu'aa jiranuu maleekkaan sun isa biraa sokke.

11Pheexiroosis qalbii isaatti deebi'ee, "ani amma akka Gooftaan maleekkaa isaa ergee harka Heroodisiitii fi waan Yihuudonni natti yaadaa turan hunda jalaa na baase shakkii malee beekeera" jedhe.

12Innis erga waan kana hubatee booddee mana Maariyaam, haadha Yohaannis isa Maariqoos jedhamu sanaa bakka[g] itti namoonni baay'een walitti qabamanii Waaqa

[z]1 ykn *ariyachuuf /baqachiisuuf;* [a]3 ykn *maxinoo/qixxaa hin bukaa'in;* [b]4 ykn *duubatti;* [c]6 ykn *haada sibiilaa/ sinsilaata;* [d]9 ykn *muldhataan/manaabaan* [e]10 ykn *eedduu;* [f]10 ykn *diratti;* [g]12 ykn *fulaa*

kadhachaa turan dhaqe. [13]Yommuu Pheexiroos balbala alaa rurrukutetti[h] intalli hojjattuun Roodaa jedhamtu tokko ilaaluu dhufte. [14]Isiinis yommuu sagalee[i] Pheexiroosi hubattetti akka malee gammadde; balbala banuu dhiiftees fiiddee ol deebitee akka Pheexiroos balbala dura dhaabatu himte.

[15]Isaanis, "Ati maraatteerta!" jedhaniin; isiin garuu cimsitee akka wonni kun akkasuma ta'e dubbatte; isaan immoo, "Yoos maleekkaa isaa ti!" jedhan.

[16]Pheexiroos garuu ittuma fufee balbalicha dhadha'e; Isaanis yommuu bananitti, isa arganii dinqifatan[j]. [17]Pheexiroosis akka isaan caldhisaniif harkaan itti hime; akka itti Gooftaan mana hidhaatii isa baases isaanitti odeesse; innis, "Waan kana Yaaqoobii fi obboleeyyanitti himaa" isaaniin jedhe; achii ka'ees lafa dhibii[k] dhaqe.

[18]Yommuu lafti bariitetti raafamni guddaan isaa loltoota jidduutti uumame; isaanis," Pheexiroos maal ta'e?" jedhanii walgagaafatan. [19]Heroodisis cimsee barbaadee isa dhabnaan eegdota sana jabeessee qoree akka isaan ajjeefaman ajaje.

### Du'a Heroodisi

Heroodis Yihuudaa ka'ee Qiisaariyaatti gadi bu'ee diqqoo achi jiraate [20]Innis warra xiroosiitii fi Siidoonaatti akka malee aare; isaanis tajaajilaa[l] mootichaa amanamaa Bilaasxoos jedhamu tokko michoomfatanii[m] tokkummaan gara mootichaa dhaqanii araara kadhatan; biyyi isaanii biyya mooticha sanaa irraa midhaan nyaataa argachaa jiraatteetii.

[21]Guyyaa beellamaattis[n] Heroodis uffata mootii uffatee teessoo isaa irra taa'e; uumatattis dubbate. [22]Namoonnis, "Kun qoonqa Waaqayyoo ti malee qoonqa namaatii miti" jedhanii iyyan. [23]Heroodisis waan Waaqayyoof ulfinna hin kenniniif, yeruma sana maleekkaan Waaqaa tokko isa dhaye; innis raammoon nyaatamee du'e.

[24]Dubbiin Waaqaa garuu ittuma fufee guddachaa, balaldhachaas deeme.

[25]Barnaabaasii fi Saa'ol eega ergama isaanii fixatanii duubatti Yohaannis isa Maarqoos jedhamu sana fudhatanii Yerusaalemii deebi'an.

### Barnaabaasii Fi Saa'ol Ergamuu Isaanii

**13** Waldaa kiristaanaa Anxookiyaa keessa Raagotaa[o] fi

[h]13 ykn *dhadha'etti;* [i]14 ykn *qoonqoo/ qoonqa;* [j]16 ykn *maadeffatan/ ajaa'ibsiifatan;* [k]17 ykn *biraa;* [l]20 ykn *hojjataa;* [m]20 ykn *jaalomfatanii;* [n]21 ykn *koraatti;* [o]1 ykn *raajotaa*

barsiistotattu ture; isaanis Baarnaabaas, Simi'oon isa Niiger jedhamu, Luukiyoos nama qareenaa, Maanaayen isa Heroodis bulchaa kutaa afraffaa sana waliin guddateefi Saa'ol fa'a. [2]Otoo Isaan Gooftaa tajaajilaa[p] fi soomaa jiranuus Hafuurri Qulqulluun[q], "Baarnaabaasii fi Saa'oliin hujii ani itti isaan waammadheef naa filaa" jedhe. [3]Kanaaf isaan eegii soomanii Waaqa kadhatanii booddee[r] harka isaanii jara irra kaa'anii isaan ergan.

### Barnaabaasii Fi Saa'ol Qophiroositti Lallabuu Isaanii

[4]Isaan lachuu hafuura Qulqulluun ergamanii Seluuqiyaatti gadi bu'an; achiis ka'anii dooniin[s] Qophiroos dhaqan. [5]Yommuu salaamiis gayanittis manneen sagadaa Yihuudotaa keessatti dubbii Waaqaa lallaban; Yohaannisis isaan gargaaruuf isaan bira ture.

[6]Isaanis yommuu lafa bishaaniin marfamte sana hundumaa keessa ba'anii hanga Phaafuutti dhufanitti, Yihuudii falfaltichaafi raajaa dharaa kan maqaan isaa Baariyesuus jedhamu tokkotti dhufan. [7]Innis namicha hubataa bulchaa biyyaa ta'e kan Sargiwoos Phaawuloos jedhamu tokko wajjiin ture. Bulchaan sunis waan dubbii Waaqaa dhagawuu barbaadeef nama ergee Barnaabaasii fi Saa'olin waamsifate. [8]Eliimaas falfaltichi kan hiikkaan maqaa isaa afaan Giriikiitiin akkasuma ta'e sun garuu bulchaa biyyaa sana amantii[t] irraa deebisuuf jedhee isaaniin morme. [9]Saa'ol inni Phaawuloos jedhamu sun garuu hafuura Qulqulluun guutamee Eliimaasin hubatee ilaalee akkana jedheen; [10]"Ati ilma daabiloosiitiifi diina[u] qajeelummaa cufaati! dharaafi gowwoomsaa gosa cufaatiinis guutamteerta. Ati karaa Gooftaa isa qajeelaa sana jallisuu hin dhiiftuu? [11]Kunoo amma harki gooftaa sitti ka'eera; atis jaamtee yeroof ifa aduu arguu dadhabda."

Yeruma sana hurriifi dukkanni isa irra bu'e; Innis nama harka qabee isa qajeelchu barbaaduu jalqabe. [12]Bulchaan biyyaa sunis waan Kana arginaan amane; barsiisa waayee gooftaa dinqifatee[v] tureetii.

### Phaawuloos Phisiidiyaa Keessatti Lallabuu Isaa

[13]Phaawuloosii fi miiltonni[w] isaa Phaafuudhaa hoboloon ka'anii biyya phergeeni tan Phamfiiliyaa sana dhaqan; Yohaannisis achitti isaan dhiisee Yerusaalemitti deebi'e. [14]Isaan garuu Phergeen

[p]2 ykn *gooftaaf hojjachaa;* [q]2 ykn *Ayyaana Woyyuun;* [r]3 ykn *duubatti;* [s]4 ykn *hoboloon;* [t]8 ykn *dhugeeffachaa;* [u]10 ykn *nyaapha;* [v]12 ykn *ajaa'ibsiifatee/ maadeffatee;* [w]13 ykn *waa'elii*

keessa dabranii gara Anxookiyaa isii Phisiidiyaatti argamtuu dhufan; guyyaa sanbataatiinis mana sagadaa seenanii tataa'an. [15]Bulchitoonni mana sagadaa sanaas erga kitaabonni seeraatii fi raagotaa dubbifamanii booddee nama isaanitti erganii, "yaa Obboleeyyani, yoo dubbii gorsaa uumataaf qabaattan mee dubbadhaa" jedhaniin.

[16]Phaawuloos ka'ee dhaabatee harkaan milikkita[x] agarsiisee akkana jedhe; "Yaa namoota Israa'eli, isin warri Waaqa sodaattanis mee na dhagayaa! [17]Waaqni saba Israa'eli abbootii keenya filate; innis yeroo isaan biyya Gibxi jiraachaa turanitti sabicha saba guddaa godhe; irree jabaanis achii isaan baase; [18]Lafa onaa[y] keessattis gara waggaa afurtamaa isaanii obse. [19]Biyya Kana'aani keessaas saboota torba balleessee lafa isaanii akka dhaalaatti saba isaatii kenne. [20]Wonni kun martinuu gara waggaa dhibba afurii fi shantamaa fudhate.

"Kanaan duubattis Waaqayyo hanga bara Saamu'eel raajichaatti abbootii murtii isaanii kenne. [21]Yommuu isaan akka inni mootii kennuufiif isa kadhatanitti Waaqayyo gosa Biiniyaami keessaa Saa'ol ilma Qiisi isaanii kenne; Saa'olis waggaa afurtama isaan bulche. [22]Waaqayya Saa'olin mootummaa irraa buusee Daawitin mootii isaanii godhe; innis, 'Ani nama akka garaa kiyyaa Daawit ilma Iseeyii argadheera; inni waan ani akka inni hojjatu fedhu cufa ni hojjata" jedhee waayee Daawiti rageesseera[z].

[23]Waaqayyos akkuma abdachiise sana, sanyii nama kanaa keessaa Yesuus fayyisaa saba israa'eliitiif fide. [24]Yohaannis dhufaatii Yesuusi duratti, cuuphaa cubbuu irraa deebii saba Israa'eli hundumatti lallabee ture. [25]Innis otoo ergama isaa guutachaa jiruu, 'isin eennu na seetan? Ani isaa miti; garuu kunoo, namni ani kophee isaallee hiikuu hin malle tokko na duubaan ni dhufa' jedhe.

[26]"Yaa obboleeyyani, yaa ijoollee Abrahaami, isin warri Waaqa sodaattanis, dubbiin fayyinna kanaa nuu ergame. [27]Warra Yerusaalem keessa jiraatanii fi bulchitoonni isaanii waan Yesuusin hin beekiiniif yookiin dubbii raagotaa isa sanbata sanbata dubbifamu waan hin hubatiniif isatti muruun dubbii raagotaa sana guutan. [28]Isaanis yoo sababii du'a isatti mursiisuu danda'u argachuu baatanillee akka Yesuus ajjeeffamuuf Philaaxoosin kadhatan.

[x]16 ykn *malkata/milikkeeta;* [y]18 ykn *aloo;* [z]22 ykn yaa *dhugeesse/dhugaa- bahe*

**29** Eegii waan waayee isaa bar-
reeffame mara guutatanii bood-
dees muka irraa gadi buusanii
awwaala keessa isa kaa'an.
**30** Waaqayyo garuu worra du'an
keessaa isa kaase. **31** Innis warra
isa waliin Galiilaa gara Yeru-
saalemitti ol ba'anitti guyyaa hed-
duu muldhate; isaanis amma
saba keenya duratti dhugeessi-
toota isaa ti.

**32** "Nus oduu nama gammachiisu
isinitti odeessina; oduun kunis:
Waaqayyo waan abbootii keenna
abdachiise sana, **33** Yesuusin du'aa
kaasuun nuu ijoollee isaaniitiif
guuteera. Kunis akkuma faarfan-
naa lammaffaa keessatti akkana
jedhamee barreeffameedha;

> " 'Ati ilma kiyya;
> Ani hardha si dhalfadheera[a]'.

**34** Wonni Waaqayyo, akka inni
Lammata hintortorreef jedhee
warra du'an keessaa isa kaaseef
akkana jedhamee dubbii kana
keessatti barreeffameera;

> " 'Ani eebba qulqulluu fi
> mirkanaa'aa,
> isa Daawitiif abdachiifame
> sana isinii nan kenna.'

**35** Akkasumas bakka[b] dhibiitti[c]
akkana jedha;

> " 'Ati qulqullicha kee,
> dabarsitee tortoratti hin
> kennitu.'

**36** "Daawitis bara isaa keessa
fedhii Waaqaa tajaajilee boqote;
abbootii isaa biratti awwaalame;
nafni isaas nitortorre. **37** Inni
Waaqni warra du'an keessaa isa
kaase sun garuu hintortorre.

**38** "Kanaaf yaa obboleeyyan ki-
yya, isin akka karaa Yesuusiitiin
dhiifamni[d] cubbuu isinitti lalla-
bame akka beettan nan fedha.
**39** Namni amanu cuftinuu waan
seera Muuseetiin hiikamuu hin
danda'in cufa irraa karaa Ye-
suusiitiin hiikamuu ni danda'a.
**40** Isinis akka wonni raajonni dub-
batan sun isin irra hin geenneef
of-eegadhaa; innis akkana jedha:

> **41** " 'ilaalaa, isin qoostota nana**;**
> dinqifadhaa; dhumaas.
> ani bara keessan keessa
> waan isin yoo namni tokko
> isinitti himellee
> hin amanne tokko nan ho-
> jjadha .' "

**42** Otoo Phaawuloosii fi Barnaa-
baas mana sagadaatii ba'uutti
jiranuu namoonni sun akka isaan
sanbata itti aanullee deebia'anii
dubbii sana lallabaniif isaan kad-
hatan. **43** Eegii Wal-ga'iin mana
sagadaa bittinnaa'ee booddees,
Yihuudonnii fi namoonni aman-
tii Yihuudotaa fudhatanii itti
bulan baay'een isaan hordo-
fan; Phaawuloosii fi Barnaa-
baasis jara sana wajjiin dudub-
batanii akka isaan ayyaana
Waaqayyootti jiraataniif cim-
sanii isaan gorsan.

[a]33 ykn *godhadheera/ uumadheera;* [b]35 ykn *fulaa;* [c]35 ykn *biraatti;* [d]38 ykn *haraarri*

44 Sanbata Itti aanutti uumata magaalaa[e] sanaa keessaa harkii caalu dubbii Waaqaa dhagawuuf walitti qabame. 45 Yihuudonni garuu uumata baay'ee arganii hinaaffaan guutaman; Phaawuloosis arrabsanii waan inni dubbateen morman.

46 Phaawuloosii fi Barnaabaasis akkana jedhanii sodaa malee deebii kennaniif; "nu duraan dursinee dubbii Waaqaa isinitti himuu qabna ture; Isin garuu dubbii sana diddanii akka jireenyi barabaraa isiniif hin malleetti waan of heddaniif kunoo, nu amma gara namoota ormaatti gara-galla. 47 Gooftaan akkana jedhee nu ajajeerartii;

" 'ani akka ati namoota ormaatii ifa taatee,
hanga qarqara lafaatti fayyinna geessituuf si filadheera.' "

48 Namoonni ormaas yommuu waan kana dhagayanitti gammadanii dubbii Gooftaa ulfeessan; warri jireenya barabaraatiif filataman hundinuus ni amanan.

49 Dubbiin Gooftaas naannoo sana mara keessatti facaafame. 50 Yihuudonni garuu dubartoota beekamoo Waaqa sodaatanii fi dura bu'oota magaalattii isaanitti tuttuqan; isaanis Phaawuloosii fi Barnaabaas irratti gaargala[f] kaasanii biyya isaanii keessaa isaan baasan. 51 Ergamtoonni garuu jaraan mormuun miila isaanii irraa awwaara dhadha'atanii Iqooniyuum dhaqan. 52 Barattoonnis gammachuu fi hafuura qulqulluun guutama.

### Iqooniyuum Keessatti Lallabuu Isaanii

**14** Phaawuloosii fi Barnaabaas akkuma amala isaanii Iqooniyuumitti mana sagadaa Yihuudotaa seenan; achittis waan akka dansaa dubbataniif Yihuudonnii fi namoonni ormaa akka malee hedduun ni amanan[g]. 2 Yihuudonni hin amanin garuu namoota ormaa kakaasanii akka isaan obboleeyyaniin mornaniif yaada isaanii hammeessan. 3 Phaawuloosii fi Baarnaabaas sodaa malee waayee Gooftaa dubbachaa yeroo dheeraa achi turan; Gooftaanis akka isaan milikkitaa[h] fi baasa hojjatan isaan dandeessisuun dubbii ayyaana isaa mirkaneesse. 4 Uumanni magaalattiis[i] gargari qoodame; gari tokko Yihuudota waliin, kaan immoo ergamtoota waliin dhaabate. 5 Namoonni ormaatiifi Yihuudonni bulchitoota isaanii wajjiin isaan cinquu fi dhagaan isaan tumuuf mariyatan; 6 Ergamtoonni garuu waan kana

[e]44 ykn *dira;* [f]50 ykn *ariyatama/baqa;* [g]1 ykn *dhugeeffatan;* [h]3 ykn *milikkeeta/ malkata;* [i]4ykn *dira sunii*

beekkatanii magaalota Luqaani-
yaa kanneen Lisxiraa fi Darbee
jedhamaniti, gara biyya naannoo
sanaattis baqatan. 7Achittis wan-
geela lallabuu itti fufan.

**Lisxiraa Fi Darbee keessatti Lallabuu Isaanii**

8Lisxiraa keessa namichi miili
isaa laamsha'e[j], kan dhaloota
isaatii jalqabee naafa turee fi
takkumaa miilaan deemee hin
beekin tokko taa'aa ture. 9Innis
yeroo Phaawuloos dubbatutti isa
caqasaa[k] ture; Phaawuloosis
hubatee isa ilaalee akka namichi
sun fayyuuf amantii qabu arge;
10Sagalee[l] guddaan, "Ka'ii miila
keetiin dhaabadhu!" jedheen.
Namichi sunis ol utaalee ka'e;
miilaan deemuus jalqabe.
11Namoonnis yommuu waan
Phaawuloos hojjate arganitti,
qoonqa isaanii ol-fudhatanii afaan
Luqaaniyaatiin, "Waaqonni bifa
namaatiin nutti gadi bu'aniiru!"
jedhan. 12Isaanis Barnaabaasiin,
'Diyaa' jedhan; Phaawuloos immoo
waan inni dubbataa hangafa
tureef, 'Hermeen' jedhaniin. 13Lubni[m]
Diyaas uumata waliin aarsaa[n]
isaanii dhiyeessuu barbaadee
sangootaa fi daraaraa battee[o]
dhawame gara balbala magaalaatti
fide; manni qulqullummaa diyaas
magaalaa sanaan alatti argama
ture.
14Barnaabaasii fi Phaawuloos
garuu yommuu waan kana dha-
gayanitti woyaa isaanii tar-
saasanii iyyaa fiiganii uumata
keessa seenan; akkanas jedhan;
15"Yaa jarana, isin maaliif waan
kana gootan? nus namuma akka
keessanii ti. Akka isin waan
faayidaa hin qabne kana irraa
deebitanii Waaqa jiraataa isa
samii fi lafa, galaanaa fi waan
isaan keessa jiru hundumaa
uumetti deebitaniif nu oduu nama
gammachiisu isinitti himna. 16Inni
bara durii keessa akka saboonni
cuftinuu akkuma fedhanitti jiraatan
isaan dhiise. 17Ta'us dhuga-
ba'umsa[p] malee uf-hin dhiifne;
bokkaa samii irraa roobsee mid-
haanis yeroo isaatti isinii kennee,
garaa laafummaa isaa agar-
siiseera; soora hedduus isinii
kennee garaa keessan gamma-
chuun guuta." 18Ergamtoonni ga-
ruu dubbii kanaanillee tuuta sana
aarsaa dhiyeessuu irraa deebisuu
hindandeenye.
19Yihuudonni tokko tokko Anx-
ookiyaa fi Iqooniyuumii dhufanii
uumata gara ofiitti deebifatanii
Phaawuloosin dhagaan tuman;
waan inni du'e se'aniis lafa irra
harkisaa magaalaa keessaa gadi
isa baasan. 20Inni garuu yeroo

[j]8 ykn *irratti du'e;* [k]9 ykn *dhageeffachaa* [l]10 ykn *qoonqa/qoonqoo;* [m]13 ykn *qaallichi;* [n]13 ykn *sooriyoo;* [o]13 ykn *wal keessa loofame;* [p]17 ykn *dhugeessaa/ rageessaa*

barattoonni isatti naanaa'anitti ka'ee magaalaa seene; guyyaa itti aanutti immoo Barnaabaas waliin magaalaa Darbeetti qajeele.

### Gara Anxookiyaa Ishii Sooriyaa Keessaatti Deebi'uu Isaanii

21Isaanis erga magaalaa sanatti wangeela lallabanii namoota hedduu barattoota godhataniin duubatti Lisxiraatti, Iqooniyuumii fi Anxookiyaatti deebi'an. 22Isaanis, "Nu mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf rakkinna baay'ee keessa dabruu qamna" jedhanii barattoota jajjabeessaa, akka isaan amantiitti cimaniifis gorsaa turan. 23Phaawuloosii fi Barnaabaas tokko tokkoo waldaa kiristaanaa keessatti maanguddoota filaniifii kadhaa fi soomaan, Goofticha isaan itti amananitti dabarsanii isaan kennan. 24Phisiidiyaa keessa dabranii Phamfiiliyaa seenan. 25Phergeenitti dubbicha lallabanii Axaaliyaatti gadi bu'an.

26Axaaliyaadhaa ka'anii gara bakka[q] itti hujii amma hobbaafatan[r] kanaaf ayyaana Waaqayyootti imaanaa kennamanii turanii Anxookiyaatti hoboloon[s] deebi'an. 27Akkuma achi gahaniinis waldaa kiristaanaa walitti qabanii waan Waaqayyo karaa isaaniitiin hojjate hundaaf, akkamitti akka inni namoota ormaatiif balbala amantii banes isaanitti himan. 28Isaanis barattoota waliin yeroo dheeraa achi turan.

### Walgayii Yerusaalemitti Godhame

**15** Namoonni tokko tokko Yihuudaa gara Anxookiyaatti gadi bu'anii, "Isin yoo akkuma seera Muuseetti dhagna qabachuu[t] baattan fayyuu hin dandeessan" jedhanii obboleeyyan barsiisaa turan. 2Kunis akka Phaawuloosii fi Barnaabaas jara waliin wal-diddaa fi waliin morkii cimaa keessa seenan isaan godhe; kanaaf Phaawuloosii fi Barnaabaas waayee dubbii kanaatiif jedhanii akka Yerusaalemitti ol ba'anii ergamtootaafi maanguddoota bira dhaqaniif amantoota[u] tokko tokko waliin filataman. 3Waldaan kiristaanaas isaan geegessite; isaanis akka namoonni ormaa Gooftaatti deebi'an odeessaa fiinqeefi Samaariyaa keessa dabran. Oduun kunis obboleeyyan cufa akka malee gammachiise. 4Yommuu isaan Yerusaalem ga'anitti waldaan kiristaanaa, ergamtoonnii fi maanguddoonni isaan simatan; isaanis waan Waaqayyoo karaa isaaniitiin hojjate mara jaratti himan.

5Amantoonni garee Fariisotaa tokko tokko garuu ka'anii dhaabatanii, "Namoonni ormaa gadoomuu

[q]26 ykn *fulaa;* [r]26 ykn *fixatan;* [s]26 ykn *bidiruun;* [t]1 ykn *qabaanqabaa/ gadoomuu;* [u]2 ykn *dhugeeffattoota*

qabu; seera Muusees eeguu isaan barbaachisa" jedhan.

**6**Ergamtoonnii fi maanguddoonni dubbii kana ilaaluuf walitti qabaman. **7**Pheexiroosis wal mormii guddaan booddee[v] ka'ee dhaabatee akkana isaaniin jedhe; "Yaa obboleeyyani, isin akka Waaqni yeroo dheeraan dura akka namoonni ormaa afaan kiyya irraa dubbii Wangeelaa dhagayanii amananiif jedhee isinuma keessaa na filate beettu. **8**Waaqni yaada garaa namaa beeku sun akkuma nuu kenne sanatti isaaniifis Hafuura Qulqulluu[w] kennuun akka isaan simate mirkaneesse. **9**Innis sababii garaa isaanii amantiin qulqulleesseef, nuufi isaan jidduutti garaagarummaa tokkollee hin goone. **10**Yoos maaliif qaamphara nus abbootiin keennas baachuu hindanda'in morma barattootaa irra kaa'uudhaan Waaqa qortu ree? **11**Nus akkuma isaanii akka ayyaana gooftaa keenya Yesuusiitiin fayyinu amanna."

**12**Yommuu Barnaabaasii fi Phaawuloos waayee milikkitaa[x] fi baasa Waaqni harka isaaniitiin namoota ormaa keessatti hojjate sanaa dubbatanitti namoonni hundinuu callisanii isaan dhagayaa[y] turan. **13**Erga isaan dubbatanii fixaniin duubattis Yaaqoob akkana jedhe; "Yaa obboleeyyani, mee na caqasaa! **14**Simoonis akka Waaqni duraan dursee namoota ormaa keessaa saba tokko ufii isaatii filachuun jaalala isaa agarsiise nutti himeera. **15**Dubbiin raajotaas[z] waan kana wajjiin walii gala; innis akkana jedhamee barreeffameera:

" '**16**Kana booddee ani nan deebi'a;
mana Daawiti kan jige sana deebisee nan ijaara;
diigamaa isaa immoo deebisee nan ijaara;
deebisees nan dhaaba;
**17**Kunis akka namoonni hafan sun,
namoonni ormaa warri maqaa kiyyaan waamaman cuftinuus gooftaa barbaadaniif'
**18**Jedha Goftichi waan bara dheeraa jalqabee
beekame kana hojjatu.

**19**"Kanaaf nu akka murtii kiyyaatti namoota ormaa kanneen Waaqatti deebi'an rakkisuu hinqamnu. **20**Qooda kanaa akka isaan nyaata Waaqonni tolfamoon xureessan, halalummaa[a], foon horii hudhamee du'eetiifi dhiiga lagataniif xalayaa barreessinee itti himuu qamna. **21**Seerri Muusee dhaloota duriitii jalqabee magaalaa[b] mara kaassatti lallabamaa ture; manneen sagadaa keessattis Sanbata Sanbata nidubbifama."

### Xalayaa Namoota Ormaatti Ergame

**22**Yommus ergamtoonnii fi

[v]7 ykn *duubatti;* [w]8 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [x]12 ykn *milikkeetaa/ malkataa;* [y]12 ykn *caqasaa;* [z]15 ykn *raagotaa lleeni;* [a]20 ykn *algalooma;* [b]21 ykn *dira*

maanguddoonni miseensota waldaa kiristaanaa cufa waliin tokko ta'anii namoota isaanii keessaa tokko tokko filatanii Phaawuloosii fi Barnaabaas waliin gara Anxookiyaatti erguu murteessan; isaanis namoota lama jechuunis Yihuudaa isa Barsabbaa jedhamuufi Siilaas kanneen obboleeyyan keessatti dura-bu'oota turan sana filatan; [23]Xalayaa armaan gadi jiru kanas isaanitti ergan:

obboleeyyan keessan, ergamtootaafi maanguddoota irraa;

gara namoota ormaa kanneen amanan warra Anxookiyaa,

Sooriyaa fi Qiilqiyaa keessa jiraataniitti;

Nagaya isinii dhaamna.

[24]Nu akka namoonni tokko tokko eeyyama keenna malee nu biraa ba'anii waan dubbataniin qalbii isin raasanii isin jeeqan[c] dhageenneerra. [25]Kanaaf nu hundi namoota tokko tokko filannee obboleeyyan keenya jaalatamoo Barnaabaasii fi Phaawuloos waliin isinitti erguu irratti walii galle. [26]Barnaabaasii fi Phaawuloos warra waayee Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosiitiif jedhanii jireenya isaaniillee dabarsanii kennanii dha. [27]Kanaaf akka isaan waanuma nu barreessine sana dubbii afaaniitiin isinii mirkaneessaniif jennee Yihuudaa fi Siilaasin ergineerra. [28]Waan barbaachisaa armaan gadi jiru kana malee akka nu ba'aa tokkollee isin irra hinkeenne Hafuurri Qulqulluun jaalateera; nus itti gammanneerra; [29]Kunis akka isin nyaata Waaqota tolfamoof aarsaa[d] dhiyeeffamani, dhiiga, foon, horii hudhamee du'eetiifi saal qunnamtii seeraan alaa lagattaniidha; isin yoo waan kana irraa uf eeddan, waan qajeelaa hojjattan.

Nagayaan jiraadhaa!

[30]Jarri sunis ergamanii Anxookiyaatti gadi bu'an; achittis amantoota walitti qabanii xalayaa sana itti kennan. [31]Amantoonnis yommuu xalayaa sana dubbisanitti gorsa jajjabeessaa sanatti ni gammadan. [32]Yihuudaa fi Siilaas warri mataan isaaniiyyuu raagota turan sun dubbii baay'een obboleeyyan gorsanii jajjabeessan. [33]erga isaan yeroo gabaabaa achi turaniin duubattis, obboleeyyan akka isaan warra isaan erganitti deebi'aniif nagayaan isaan geegessan. [34]Siilaas immoo achumatti hafuu murteesse. [35]Phaawuloosii fi Barnaabaas garuu Anxookiyaatti hafanii namoota biraa hedduu waliin dubbii Gooftaa barsiisan; ni lallabanis.

**Waldhabiisa Phaawuloosii Fi Barnaabaas jidduutti uumame**

[36]Phaawuloosis bultii diqqoo

[c]24 ykn *dhiban;* [d]29 ykn *sooriyoo*

booddee Barnaabaasiin," mee
koottu, magaalota itti dubbii
Gooftaa lallabne cufatti deebinee
obboleeyyan dubbifnaa; haala
isaan keessa jiranis ni ilaallaa!"
jedheen. [37]Barnaabaasis Yohaan-
nis isa Maarqoos jedhamu sana
isaan waliin fudhatee deemuu
barbaade. [38]Phaawuloos garuu
sababii Maarqoos isaan waliin
hujiitti fufuu didee Phamfiiliyaatti
isaan dhiisee deemeef akka inni
isaan waliin deemu hinjaalanne.
[39]Kana irratti waldhabiisni
guddaan isaa jidduu isaaniitti
uumamnaan gargari qoodaman;
Barnaabaasis Maarqoosin fud-
hatee dooniin qophiroositti qajeele.
[40]Phaawuloos immoo Siilaasin
filatee eegii obboleeyyan dabar-
sanii ayyaana gooftaatti isa ken-
naniin duubatti ka'ee deeme.
[41]Innis waldoota kiristaanaa
jajjabeessaa Sooriyaa fi Qiilqi-
yaa keessa dabre.

**Ximootewoos Phaawuloos fa'a Waliin Deeme**

**16** Phaawuloos ittuma fufee
gara Darbee fi Lisxiraa
dhaqe; barataan Ximootewoos
jedhamu kan haati isaa Yihuudii
amantuu[e] taate tokkos achi ture;
abbaan isaa garuu nama Girikiiti.
[2]Obboleeyyan magaalaa[f] Lisxiraatii
fi Iqooniyuum keessa jiraatan
waayee isaa waan dansaa dubbatan.
[3]Phaawuloos akka Ximootewoos
isa faana deemu barbaade;
kanaaf sababii Yihuudota naan-
noo sana jiraataniitiif jedhee isa
gadoomse[g]; isaan martinuu akka
abbaan Ximootewoosi nama
Girikii ta'e beeku turaniitii. [4]Isaanis
akkuma magaalaa tokkoo gara
magaalaa kaaniitti dabraniin akka
namoonni ajajamaniif jedhanii
murtii ergamtoonniifi maangud-
doonni Yerusaalem keessa jiraatan
murteessan sana namootatti hi-
man. [5]Kanaaf waldoonni kiris-
taanaa amantiitti cimaa, Baayin-
naanis guyyuma guyyaan itti
ida'amaa deeman.

**Phaawuloos Daayyaadhaan Namicha Maqedooniyaa Tokko arge.**

[6]Isaanis Hafuurri Qulqulluun[h]
akka isaan biyya Isiyaa keessatti
dubbicha hin lallabne isaan
dhowwinaan kutaa biyya Firgi-
yaatiifi Galaatiyaa keessa dabran.
[7]Yommuu Miisiyaa ga'anittis
Bitaaniyaa seenuu yaalan; ha-
fuurri Yesuusi garuu isaanii hin
eeyyamne. [8]Kanaaf Miisiyaa
keessa ba'anii Xiro'aadaatti gadi
bu'an. [9]Phaawuloosis halkan sana
namicha Maqedooniyaa tokko isaa
dhaabatee," maqedooniyaa koot-
tuutii nu gargaari" jedhee isa
kadhatu daayyaadhaan[i] arge.

[e]1 ykn *dhugeeffattuu;* [f]2 ykn *dira;* [g]3 ykn *dhagna qabe/qabaan qabaa qabeef;* [h]6 ykn *Ayyaanni Woyyuu;* [i]9 ykn *muldhataan/ manaabaan*

**10**Nus erga phaawuloos daayyaa
sana argeen duubatti, Waaqayyo
akka nu waangeela isaanitti lal-
labnuuf nu waamuu isaati jennee
Maqedooniyaa dhaquuf qophoof-
nee kaane.

### Liidiyaan Kiristoositti Amanuu Ishii

**11**Xiro'aadaadhas dooniidhaan[j]
kaanee Saamotraaqeetti fuula
deeffannee qajeelle; guyyaa itti
aanu immoo Ne'aphoolisitti da-
barre. **12**Achii kaanees Filiphiisi-
yuus dhaqne; ishiinis magaalaa
beekamtuu kutaa biyya Maqe-
dooniyaa tan mootummaa Roomaa
jalatti bulaa turteedha; nus ma-
gaalattii keessa guyyaa baay'ee
turre.
**13**Guyyaa Sanbataa immoo
magaalattii keessaa baanee gara
afaan lagaa bakka[k] akka lafa
kadhannaa itti argannu abdanne
tokkootti gadi buune; teteennees
nadheen achitti walitti qabama-
nitti dubbachuu jalqabne.
**14**Warra nu caqasaa turan kees-
saas dubartii Liidiyaa jedhamtu
tokkottu ture; Isiin daldaltuu
woyaa diimaa akka dhiigaa tan
magaalaa Tiyaaxirooniitii
dhuftee, Waaqas Waaqeffattu
turte. Gooftaan akka isiin waan
Phaawuloos dubbatu qalbeeffat-
tuuf qalbii isii baneef. **15**Isiinis
erga warra mana isii jiraatan
waliin cuuphamtee booddee,[l]
"yoo akka nama gooftaatti amanu
tokkootti na ilaaltan, koottaatii
mana kiyya turaa"jettee nu waamte;
jabeessitees nu kadhatte.

### Phaawuloosii Fi Siilaas Mana Hidhaa Keessatti

**16**Gaaf tokko otoo bakka itti
Waaqa kadhatan dhaqnuu dubra[m]
garbittii hafuura waa himsiisuun
guutamte tokkoon walitti dhufte;
Ishiin waa namaa himuun goof-
tota ishiitiif horii guddaa galchiti
turte. **17**Intalti sunis, "Namoonni
kunneen tajaajiltoota[n] Waaqa
guddichaa kanneen karaa fayyin-
naa isinitti himanii dha" jettee
iyyaa Phaawuloosii fi nu hor-
dofte. **18**Waan kanas guyyaa
hedduu itti fufte; Phaawuloos ga-
ruu waan akka malee aareef
itti garagalee hafuura, sanaan,
"ani akka ati ishii keessaa baatu
maqaa Yesuus Kiristoosiitiin
si ajaja" jedhe; hafuurichis
yoosuma ishii keessaa ba'e.
**19**Gooftonni intala sanaas yom-
muu akka abdiin galii isaanii
citte hubatanitti Phaawuloosii fi
Siilaasin qabanii fuula abbootii
aangoo[o] duratti dhiyeessuuf
jedhanii lafa irra harkisaa lafa
gabayaatti isaan geessan. **20**Fuula
qondaaltootaa durattis isaan

[j]11 ykn *hoboloon;* [k]13 ykn *fulaa;* [l]15 ykn *duubatti;* [m]16 ykn *intala;* [n]17 ykn *hojjat-toota;* [o]19 ykn *jabeennaa*

dhiyeessanii akkana jedhan;
"Namoonni kunniin Yihuudota;
magaalaa keennas jeequutti[p] jiru.
**21**Isaanis bartee[q] fudhachuun
yookaan itti buluun nu warra
Roomaatiif hin eeyyamamne bar-
siisu."
**22**Namoonnis tokkummaan
Phaawuloosii fi Siilaasitti ka'an;
qondaaltonni sunis akka woyaan
isaan irraa baafamee uleedhaan
tumaman ajajan. **23**Jarris eega
akka malee garafamanii booddee
mana hidhaatti darbataman;
eedduun mana hidhaa sanaas
akka jabeessee isaan eegu aja-
jame. **24**Innis ajaja kana fudhatee
gola[r] mana hidhaa keessa isaan
galche; miila isaaniis jirma jid-
duu galchee hidhe.
**25**Gara halkan wadhakkaatti
Phaawuloosii fi Siilaas Waaqa
kadhachaa, faarfannaadhaanis
Waaqa galateeffachaa turan;
hidhamtoonni kaanis isaan
caqasaa turan. **26**Akkuma tasaa
sochiin lafaa cimaan tokko ta'e;
kanaanis hundeen[s] mana hid-
haa sanaa raafame; yoosuma
balballi hundinuu ni baname;
Sansalanni[t] nama cufaas ni hiikame.
**27**Eedduun mana hidhaa sunis yom-
muu dammaqee akka balballi
mana hidhaa baname argetti
waan hidhamtoonni ba'anii
badan se'ee of ajjeesuuf goraadee
isaa luqqifate. **28**Phaawuloos garuu
sagalee[u] guddaan iyyee, "Nu
hundi asuma jirraatii of hin
miidhin" jedheen.
**29**Eedduun sunis ibsaa fichisii-
fatee fiigaa ol gale; sodaadhaanis
hollachaa Phaawuloosii fi Siilaas
duratti lafa dhaye; **30**Gadi isaan
baasees, "Yaa Gooftota kiyya,
ani akka fayyuuf maal gochuun
qaba?" jedhee gaafate.
**31**Isaanis deebisanii, "Gooftaa
Yesuusitti amani; ati nifayyitaa;
warrii mana kee jiraatanis nifay-
yuutii" jedhan. Dubbii Gooftaas
isaafi warra mana isaa jiraatan
maratti himan. **33**Eedduun mana
hidhaa sunis sa'aatuma halkanii
sana isaan fuudhee madaa isaanii
dhiqeef; yoosumas innii fi maatiin
isaa hundinuu cuuphaman.
**34**Eedduun sunis mana isaatti isaan
geessee nyaata dhiyeesseef; sa-
babii cuftii isaanii Waaqatti
amananiifis warra mana isaa
jiraatan mara waliin akka malee
gammade.
**35**Yommuu lafti bari'etti qon-
daaltonni sun; "Namoota sana
gadi dhiisi" jedhanii eedduu mana
hidhaa sanatti foolisii ergan.
**36**Eedduun sunis, "qondaaltonni
akka isin hiikamtan ajajaniiru;
kanaaf amma deemuu ni dan-
deettu; nagayaan galaa" jedhee
Phaawuloositti hime.

[p]20 ykn *raasuutti;* [q]21 ykn *aadaa/dudhaa;* [r]24 ykn *dinqa;* [s]26 ykn *yayyabii;* [t]26 ykn *haada sibiilaa/sinsilaata/fooncaa* [u]28 ykn *qoonqa/qoonqoo*

[37]Phaawuloos garuu foolisoota sanaan, akkana jedhe; "Isaan otuma nu lammiiwwan[v] Roomaa taanee jirruu, murtii tokko malee nu garafanii mana hidhaatti nu darbatan; amma immoo dhossaan nu baasuu barbaaduu? kun hinta'u! isaanumti mataan isaanii dhufanii nu haa baasanii!" jedhe.

[38]Foolisoonnis dubbii kana qondaaltotatti himan; qondaaltonnis yommuu akka Phaawuloosii fi Siilaas lammiiwwan Roomaa ta'an dhagayanitti ni rifatan. [39]Isaanis dhufanii dhiifama[w] isaan gaafatan; mana hidhaatii isaan baasanii akka isaan magaalattii keessaa ba'anii deemaniif isaan kadhatan.

[40]Phaawuloosii fi Siilaas mana hidhaatii baa'nii mana Liidiyaa dhaqan; isaanis yommuu obboleeyyan arganitti isaan jajjabeessan; achiis ba'anii deeman.

### Phaawuloosii Fi Siilaas Tasaloonqee Keessatti

**17** Isaanis Amfiphoolisii fi Apholooniyaa keessa dabranii Tasaloonqee bakka[x] manni sagadaa Yihuudootaa ture dhufan. [2]Phaawuloosis akkuma amala isaa mana sagadaa seenee, guyyaa Sanbataa sadii dubbii kitaabaa irratti isaan waliin dudubbachaa, [3]Akka Kiristoos dhiphachuufi warra du'an keessaa ka'uu qabu addeessaa, mirkaneessaas ture. Innis, "Yesuusiin ani amma isinitti himu kun Kiristoosii dha" jedhe. [4]Yihuudota keessaa tokko tokko, Girikoota Waaqa sodaatan keessaas namoonni akka malee baay'ataniifi dubartoonni[y] bebeekamoon hedduun amananii[z] Phaawuloosi fi Siilaasitti ida'aman.

[5]Yihuudoonni garuu hinaaffaan guutaman; isaanis lafa gabayaatii kashlabboota[a] tokko tokko walitti qabatanii, uumatas kakaasanii magaalaa[b] keessatti goolii[c] uuman; Phaawuloosii fi Siilaasinis fuula uumataa duratti dhiyeessuuf jedhanii isaan barbaacha mana Yaasoniitti fiigan. [6]Yommuu jara dhabanitti immoo Yaasonii fi obboleeyyan tokko tokko lafa irra harkisaa fuula qondaaltota magaalaa duratti dhiyeessanii akkana jedhanii iyyan; "Namoonni addunyaa mara rakkisaa turan kunniin amma kunoo as dhufaniiru; [7]Yaasonis mana isaatti isaan simateera. Hundi isaaniis, 'Mootiin dhibiin[d] Yesuus jedhamu tokko jira' jedhanii seera Qeesaari cabsu." [8]Uumannii fi qondaaltonni magaalaa sanaas yommuu waan kana dhagayanitti ni raafaman. [9]Isaanis Yaasonii fi warra kaan irraa qabsiisa fuudhanii gadi isaan dhiisan.

[v]37 ykn *nama lafa;* [w]39 ykn *haraara;* [x]1 ykn *fulaa;* [y]4 ykn *nadheeni ;* [z]4 ykn *dhugeeffatanii;* [a]5 ykn *sesseeddota;* [b]5 ykn *dira;* [c]5 ykn *waraana;* [d]7 ykn *gara- biraa*

**Phaawuloosii Fi Siilaas Beeriyaa Keessatti**

[10]Obboleeyyanis yeruma sana Phaawuloosii fi Siilaasin halkaniin Beeriyaatti ergan; isaanis yommuu achi gayanitti mana sagadaa Yihuudotaa seenan.
[11]Yihuudonni Beeriyaa Yihuudota Tasaloonqee irra qalbiqabeeyii turan; isaanis fedhii guddaan dubbii sana fudhatanii akka wonni Phaawuloos jedhe sun dhugaa ta'ee fi akka dhugaa hin ta'in ilaaluuf jedhanii guyyuma guyyaan Kitaabota Qulqulluu qorachaa turaniitii. [12]Kanaaf
Yihuudota keessaa baayeen ni amanan; akkasumas dubartoonni Girikii beekamooni hedduuniifi dhiironni Girikii hedduun ni amanan.

[13]Yihuudonni Tasaloonqee yommuu akka Phaawuloos Beeriyaa keessattis dubbii Waaqaa lallabaa ture dhagayanitti achis dhaqanii rakkoo uumanii uumata kakaasan. [14]Obboleeyyan immoo
yoosuma Phaawuloosin gara qarqara galaanaatti ergan; Siilaasii fi Ximootewoos garuu Beeriyaatti hafan. [15]Namoonni Phaawuloosin
geegessanis Ateenaan isa ga'anii akka Siilaasii fi Ximootewoos hanga isaanii danda'ametti dafanii Phaawuloos bira dhaqaniif ajaja fuudhaniifii deebi'an.

**Phaawuloosii Fi Siilaas Ateenaa Keessatti**

[16]Phaawuloos otoo Ateenaa keessatti isaan eegaa jiruu akka magaalaan sun fakkeenyawwan Waaqota tolfamootiin guutamte argee akka malee gadde[e]. [17]Kanaaf
mana sagadaa keessatti Yihuudotaa fi Girikoota Waaqa sodaatan waliin, Lafa gabayaa keessatti ammoo guyyuma guyyaan warra achitti argaman waliin falmaa ture. [18]Gareen falaastoota[f] Ephi-
quuriyoosiitii fi Isxo'iikii tokkos isaan falmaa turan; isaan keessaa tokko tokko, "Namichi Legellegaan[g] kun maal jedha?" jedhan. Warri kaan immoo, "Inni waayee Waaqota ormaa labsa fakkaata" jedhan. Phaawuloos waayee Yesuusiitii fi waayee du'aa ka'iisaa

[e]16 ykn *laaleffate;* [f]18 ykn *namoota beekumsa haaraya argachuuf waa qoratan;* [g]18 ykn *dubbii dhiiressu*

**17:18** *Garee Ephiquuriyoosi* - Falaasamaan Girikkii kan Ephiquuriyoos jedhamu tokko dhaloota gooftaatiin dura (bara 341-270 keessa) akka gammachuun jireenna namaa keessatti waan hundumaa caalaa dansaa ta'e barsiisee ture. Gareen Ephiquuriyoosi akka waan waaqonni hinjirreetti yookaan akka waan waaqonni waan addunyaa keessatti ta'u irratti humna hin qamneetti amanan.
*Falaasamtoota Isxo'ikii* - Isaan barumsa falaastuu Zeenoo jedhamu kan dhaloota Kiristoosiitiin dura (bara 340-265 keessa) akka gammachuun jireenna tolaan yookaan dhukkubsachaan, injifannoon yookaan moo'atamuun tuqamuu dhabuu keessa jiru addeessanii ibsan.

lallabaa tureetii. 19 Isaanis isa
qabanii gara wal-ga'ii Ari-
yoosfaagosiitti geessan; achittis
akkana jedhaniin; "Barsiisni haarayi
ati fidde kun maal akka ta'e beekuu
dandeenyaa? 20 Ati waan nu takku-
maa hindhagayin nutti himaa
jirta; Kanaaf nu akka wonni kun
maal jechuu ta'e beekuu feena."
21 Warri Ateenaa hundiifi
namoonni biyya ormaa kanneen
achi jiraatan yeroo isaanii waan
haaraya dhagawuufi odeessuu
irratti malee waan biraa irratti hin
balleessan ture.

22 Phaawuloosis wal-ga'ii ari-
yoosifaagosi walakkaa dhaa-
batee akkana jedhe; "Yaa namoota
Ateenaa! ani akka isin karaa
cufaanuu warra amantaa taatan
nan hubadha. 23 Ani yommuu
nannaanna'ee waan isin waaqef-
fattan ilaaletti iddoo aarsaa[h]
kan katabbii, 'WAAQA HIN
BEEKAMNEEF' jedhu uf-irraa
qabu argeeraatii. Eega amma
waan isin otoo hin beekin
waaqeffattan kana isinittin hima.

24 "Waaqni biyya lafaatii fi
waan isii keessa jiru cufa uume
sun Gooftaa samiitii fi lafaati;
inni mana qulqullummaa kan
harka namaatiin hojjatame keessa
hin jiraatu. 25 Inni mataan isaa
sababii jireenna hafuura baafata-
muu fi waan dhibii hunda nama
hundaaf kennuuf akka waan waa
dhabeetti harka namaatiin hin
tajaajilamu[i]. 26 Inni saboota cufa
nama tokko irraa uumee akka
isaan lafa cufa irra jiraatan
godhe; bara jireenyaa kan isaanii
kennamee fi daarii lafa isaan
jiraatanii murteesse. 27 Waaqni yoo
tokkoo tokkoo keenna irraa fagoo
jiraachuu baatellee akka namoonni
isa barbaadanii harkaanis qaqqa-
batanii barbaadanii isa argataniif
jedhee waan kana hojjate. 28 Ak-
kuma weelliftoonni[j] keessan tokko
tokko, 'nu ilmaan isaati' jedhan sana
'nu isa keessa jiraanna; isa keessa
sochoona; eennummaa keenyallee
isa keessatti qabaannaatii.'

29 "Kanaaf nu waan ilmaan
Waaqaa taaneef Waaqni waan
akka worqii yookaan meetii yoo-
kaan dhagaa jechuunis waan
ogummaa fi beekumsa namaatiin
hojjatame fakkaata jennee yaaduu
hinqamnu. 30 Waaqayyo bara
wollaalummaa durii hin ilaalu
ture; amma garuu akka namni
bakka cufa jiru hundi cubbuu
irraa deebi'u ajaja. 31 Innis guyyaa
itti harka namicha filate sanaatiin
qajeelummaadhaan addunyaatti
muru murteesseeraatii; kanas
warra du'an keessaa isa kaasuun
nama hundumaaf mirka neesseera."

32 Isaan keessaa namoonni tokko
tokko yommuu waayee du'aa
ka'iisa warra du'anii dhagayanitti
ni qoosan; warrii kaan ammoo,

[h]23 ykn *fulaa soofiyoo godhamu;* [i]25 ykn
*hingargaaramu;* [j]28 ykn *sirbitoonni*

"nu ammas dubbii kana sirraa dhagawuu barbaanna" jedhan. 33 Kana irratti Phaawuloos isaan keessaa ba'ee deeme. 34 Namoonni tokko tokko garuu gama Phaawuloosi goranii amanan; isaan keessaas namichi Diiyonaasiyoos jedhamu kan miseensa Ariyoosfaagosi ture tokko, dubartiin Damaariis jedhamtuu fi namoonni biraas isaan waliin turan.

### Phaawuloos Qorontoos Keessatti

**18** Kana booddee[k] Phaawuloos Ateenaa ka'ee Qorontoos dhaqe. 2 Achittis Yihuudii Aqiilaa jedhamu kan biyya Phanxoositti dhalate tokko argate; Aqiilaan kunis sababii Qalaawudewoos akka Yihuudonni martinuu biyya Roomaa keessaa bahan ajajeef dhiyoo niitii isaa Phirisqillaa wajjiin Ixaaliyaadhaa dhufe. Phaawuloosis isaan ilaaluu dhaqe; 3 Innis waan akkuma isaanii hojjataa dunkaanaa[l] tureef achi jiraatee isaan waliin hojjate. 4 Guyyaa Sanbataa hundas mana sagadaa keessatti falmee Yihuudotaafi Girikoota amansiisa ture.

5 Phaawuloos yeroo Siilaasii fi Ximootewoos Maqedooniyaadhaa dhufanitti akka Yesuus Masiihicha ta'e Yihuudotaaf dhugeessaa[m] dubbicha lallabuutti nijabaata ture. 6 Yommuu Yihuudonni isaan mormanii isa arrabsanittis garuu Phaawuloos uffata isaa hargufatee, “dhiigni keessan matuma keessan irra haa jiraatuu! Ani qulqulluu dha; ammaa jalqabee gara namoota ormaa nan dhaqa" jedheen.

7 Innis achii ba'ee mana namicha Waaqa waaqeffatuu kan maqaan isaa Yosxoos jedhamu tokkoo dhaqe; manni namicha sanaas mana sagadaatti aana ture. 8 Qarisphoos bulchaan mana sagadaa sanaas warra mana isaa jiraatan cufa waliin Gooftaatti amane[n]; namoota Qorontoosi kanneen Phaawuloosin dhagayan keessaa baay'een isaanii amananii cuuphaman.

9 Halkan tokko Gooftaan akkana jedhee daayyaadhaan[o] Phaawuloositti dubbate; "hin sodaatin! dubbadhu malees hin caldhisin. 10 Sababii ani si wajjiin jiruuf namni tokkolleen si miidhuuf, jedhee si hintuqu; ani magaalaa[p] kana keessaa mana baay'ee qabaatii." 11 Kanaaf Phaawuloos dubbii Waaqaa isaan barsiisaa waggaa tokkoo fi wadhakkaa achi ture.

12 Yeroo Gaaliyoon bulchaa Akayaa turetti Yihuudonni tokkummaadhaan Phaawwloositti ka'anii mana murtiitti isa dhiyeessan; 13 Isaanis, "Namichi kun

[k] 1 ykn *dubbatti;* [l] 3 ykn *waaroo;* [m] 5 ykn *dhuga- ba'aa/rageessaa;* [n] 8 ykn *dhugeeffatee;* [o] 9 ykn *muldhalaan/manaabaan;* [p] 10 ykn *dira*

akka isaan karaa seeraan ala ta'een Waaqa waaqeffataniif namoota sossobaa jira" jedhanii isa himatan.

[14]Otoo Phaawuloos dubbachuuf jedhee afaan banachuutti jiruu Gaaliyoon Yihuudotaan akkana jedhe; "Yaa Yihuudota, otoo dubbiin kun waayee balleessaa hojjachuu yookiin waayee yakka guddaa ta'ee ani silaa obsaan isin dhaga'a ture. [15]Gaafiin keessan garuu waan waayee jechootaa, waayee maqaawwaniitii fi waayee seera keessanii ta'eef kana isinuu fixadhaa; ani waan akkanaatiif abbaa murtii hin ta'uutii." [16]Kanaaf mana murtii keessaa gadi isaan baase. [17]Isaan hundi bulchaa mana sagadaa sanatti jechuunis Sosteneesitti garagalanii fuula mana murtii duratti isa tumuu jalqaban; Wanni kun garuu xiqqumallee Gaaliyoo hin yaaddessine.

## Phirisqillaa, Aqiilaa Fi Aphiloos

[18]Kana booddee Phaawuloos guyyaa hedduu Qorontoos keessa bubbule; eegasiis Obboleeyyaniin, "nagayatti" jedhee Phirisqillaa fi Aqiilaa wajjiin dooniin[q] Sooriyaa dhaqe; innis waan wareega[r] qabuuf otoo hindeemin Kenkiriyaatti mataa haadate. [19] Phaawuloosis yeroo Efeeson ga'anitti Phirisqillaa fi Aqiilaa achitti dhiisee ufii isaatii garuu mana sagadaa seeneee Yihuudotaan mormaa ture; [20]Yommuu isaan akka inni yeroo dheeraa isaan bira turu kadhatanitti immoo dhagawuu dide. [21]Garuu akkuma isaan biraa deemeen, "yoo Waaqayyo jedhe ani deebi'ee nandhufa" jedheen; hoboloodhaanis Efeesonii ka'ee deeme. [22]Innis Qiisaariyaa geennaan olba'ee woldaa kiristaanaa dubbise; eegasiis Anxookiyaatti gad bu'e.

[23]Phaawuloos erga Anxookiyaa keessa takka bubbulee booddee achii ka'ee barattoota cufa jajjabeessaa kutaa biyya Galaatiyaatii fi Firgiyaa mara keessa bakka[s] tokkoo irraa bakka kaanitti nanaanna'aa ture.

[24]Jidduudhuma sana Yihuudiin Iskindiriyaatti dhalate kan Aphiloos jedhamu tokko gara Efeesoni dhufe; Innis nama arraba qajeelu, kan Kitaabota Qulqulluu gadi fageenyaan beeku ture. [25]Namichi kun duraan karaa Gooftaa baratee ture; inni yoo cuuphaa Yohaannisi qofa

[q]18 ykn *hoboloon;* [r]18 ykn *kakuu;* [s]23 ykn *fulaa*

**18:18** *Mataa haadachuu* - kakuu warra Naaziriinii (Seera lak. 6:1 -21) duraan kakuu cimee itti fufu ture; booddee irratti ammoo kan yeroo murtaa'ee, fakkeenyaaf kan yoo diqqaate gara bultii 30 ta'e. Sirni isaas mataa haadachuudhaan hobba'a.

beekellee hafuura Oow'aan waayee
Yesuusi dubbachaa, barsiisaas
ture. [26]Mana sagadaa keessattis
sodaa malee dubbachuu jalqabe;
Phirisqillaa fi Aqiilaanis yommuu
isa dhagayanitti mana isaaniitti
isa waamanii karaa Waaqayyoo
isa duraa caalaatti sirriitti[t]
addeessaniif.

[27]Yeroo Aphiloos Akaayaa dhaquu
barbaadetti obboleeyyan isa jajja-
beessanii akka barattoonni achi
jiran sun isa simataniif xalayaa
barreessaniif. Innis achi gayee
warra ayyaana Waaqatiin amananii
turaniif gargaarsa guddaa ta'e.
[28]Inni akka Yesuus kun Masii-
hicha ta'e Kitaabota qulqulluud-
haan mirkaneessaa, jabaatee
ifaan ifatti Yihuudotaan mormee
amanisiisaa tureetii.

**Phaawuloos Efeeson Keessatti**

**19** Otoo Aphiloos Qorontoos
keessa jiruu, Phaawuloos
immoo biyya ol aanu keessa ba'ee
Efeeson dhufe;achittis barattoota
tokko tokko argate. [2]Innis, "isin
yeroo amantanitti[u] Hafuura
Qulqulluu[v] argattaniirtuu?" jedhee
gaafate.

Isaan immoo deebisanii, "hinar-
ganne; nu akka hafuurrii qulqul-
luun jiruyyuu takkumaa hin
dhageenne" jedhan.

[3]Phaawuloosis, "Yoos cuuphaa
kami cuuphamtan ree?" jedhee
gaafate.

isaanis, "Cuuphaa Yohaan-
nisiiti" jedhan.

[4]Phaawuloosis, "Cuuphaan Yo-
haannisi cuuphaa cubbuu irraa
deebiiti; Yohaannis akka isaan
kan isa dudda duubaan dhufaa
jirutti, jechuunis Yesuusitti
amananiif namootatti hima ture"
jedhe. [5]Isaanis waan kana dha-
gayanii maqaa Gooftaa Yesuusiitti
cuuphaman. [6]Yommuu Phaawu-
loos harka isaan irra kaa'etti ha-
fuurrii Qulqulluuni isaan irra bu'e;
isaanis afaan haarayaan dubbatan;
raajiis dubbatan[w]**;** [7]Isaanis walu-
matti gara nama kudhanii lamaa
turan.

[8]Phaawuloosis mana sagadaa
seenee waayee mootummaa
Waaqayyoo isaan waliin dudub-
bachaa, akka isaan amananiifis
yaalaa, ji'a sadii sodaa malee
dubbachaa ture. [9]Isaan keessaa
tokko tokko garuu mata jabeeyyii
ta'an; amanuus didanii waayee
karaa sanaa uumata duratti waan
hamaa dubbatan; kanaaf Phaawu-
loos isaan dhiisee deeme; barat-
tootas ofitti fudhatee galma
Xiraanoosi keessatti guyyuma
guyyaan isaan waliin mariyachaa
ture. [10]Kunis waggaa lama itti
fufe; kanaaf Yihuudonnii fi
Girikoonni kutaa biyya Isiyaa
keessa jiraatan martinuu dubbii
Gooftaa dhagayan.

[11]Waaqayyo harka Phaawu-
loosiitiin hujii baasaa kan akka

[t]26 ykn *akka dansaa;* [u]2 ykn *dhugeeffat-
tanitti;* [v]2 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [w]6 ykn
*infagan/dubbii raagaa dubbatan*

malee ajaa'ibsiisu[x] hojjachaa ture.
[12]Kanaaf Maarrabii[y] fi woyaan
nafa isaa tuqeyyuu dhukkubsat-
tootatti[z] geeffama ture; isaanis
nifayyu; hafuurri xuraawaanis
isaan keessaa ni ba'a ture.

[13]Yihuudonni biyya keessa nanaan-
na'anii hafuurota xuraawoo nama
keessaa baasan tokko tokkos
namoota jinniin qabaman irratti
maqaa Gooftaa Yesuusi waamuu
yaalan; isaanis, "Ani maqaa Ye-
suusi kan Phaawuloos lallabu
sanaan si ajaja " jedhan. [14]Ilmaan
Asqewwaa, isa luba[a] hangafa
Yihuudotaa ture sanaa torbanis
waan kana hojjataniiru. [15]Ha-
fuurri xuraawaan sun garuu,
"Ani Yesuusin beeka; waayee
Phaawuloosis beeka; isin immoo
eenyu?" jedhee deebiseef. [16]Namichi
hafuura xuraawaan qabame
sunis isaanitti utaale; hunda
isaaniis moo'ate; nitumes, isaanis
madaa'anii qullaa isaanii mana
keessaa ba'anii baqatan.

[17]Kunis Yihuudotaa fi Girikoota
Efeeson keessa jiraatan cufa
biratti beekame; isaan cuftis so-
daan guutaman; maqaan Gooftaa
Yesuusis akka malee ulfeef-
fame. [18]Warra amanan keessaas
baayyeen isaanii dhufanii hujii
isaanii hamaa sana ifatti baasanii
himachaa turan. [19]Warra fal-
fala hojjachaa turan keessaas
namoonni baayyeen kitaabota
isaanii walitti qabanii fuula uu-
mataa duratti guban; gatiin ki-
taabota sanaas yommuu shalla-
gametti[b] gara meetii kuma
shantamaa ta'e. [20]Haala kanaanis
dubbiin Gooftaa akka malee ba-
baldhate; humnaanis guddate.

[21]Erga wonni kun martinuu ta'ee
booddee Phaawuloos Maqedooni-
yaa fi Akaayyaa keessa dabree
Yerusaalem dhaquu murteeffate;
innis, "ani eegii achii gahee
booddee Roomaas dhaquun qaba"
jedhe. [22]Innis gargaartota isaa
keessaa nama lama jechuunis
ximootewoosiifi Erasxoosin Maqe-
dooniyaatti ergee ufii immoo
yeroof kutaa biyya Isiyaa keessa
ture.

### Goolii Efeeson Keessatti Ka'e

[23]Jidduma sana waayee karaa
sanaa irratti gooliin[c] guddaan
Uumame. [24]Tumtuun meetii kan
Dimeexiroos jedhamu tokko fakkii
mana qulqullummaa Arxeemiisi
meetii irraa hojjachuun ogeeyyii
hujii harkaatiif galii guddaa gal-
chaa ture. [25]Innis isaan cufaafi
namoota hujii akkasii qaban dhibii[d]
walitti waamee akkana jedheen;
"Yaa namootanana, akka nu hujii
kana irraa galii guddaa argannu
ni beettu. [26]Isin akka namichi

[x]11 ykn *dinqisiisu/maadeffachiisu;* [y]12 ykn *kitaambaa;* [z]12 ykn *worra fayyaa hin qabnetti;* [a]14 ykn *qaallicha;* [b]19 ykn *herregametti;*[c]23 ykn *lolii;* [d]25 ykn *biraa*

**19:24** *Arxeemiis* - waaqittii tolfamtuu dhaltii; manni qulqulluummaa isii ajaa'ibaawwan torbaan addunyaa durii keessaa tokko ture.

Phaawuloos jedhamu kun otoo Efeeson qofatti hinta'in kutaa biyya Isiyaa hunda keessattis akka Waaqonni harka namaatiin tolfaman Waaqota hinta'in dubbachuudhaan nama hedduu karaa irraa balleesse ni argitu; ni dhageettus**.** **27**Kanaaf akka gurrii hujii keennaa inni gaariin sun badu sodaan jira; garuu kana qofa otoo hinta'in manni qulqullummaa Arxeemiis Waaqayyittii guddoo sanaayyuu ni salphata; Waaqayyittiin kutaa biyya Isiyaa guutuufi addunyaa keessatti Waaqeffatamtu mataan isiiyyuu ulfinna Waaqayyumma isii ni dhabdi."

**28**Isaanis yommuu waan kana dhagayanitti akka malee aaranii, "Arxeemiisiin warra Efeesoni guddoo dha!" jedhanii iyyan. **29**Yoosuma magaalattiin[e] ni raafamte; namoonni sunis miiltowwan[f] Phaawuloosi kanneen maqedooniyaadhaa dhufan jechuunis Gaayyoosii fi Arisxaarkoosin qabanii akkuma nama tokkootti gara bakka[g] itti tapha agarsiisanii girrisanii fiigan. **30**Phaawuloos uumatatti muldhachuu barbaade; barattoonni garuu hin eeyyamneef. **31**Qondaaltota kutaa biyya Isiyaa warra jaallan[h] Phaawuloosi turan keessaas tokko tokko nama isatti erganii akka inni bakka itti tapha agarsiisan sana hin dhaqne isa kadhatan.

**32**Yaa'ichis burjaaja'ee[i] ture; garri tokko waan tokko garri kaan waan biraa iyye. Garri caalaan isaanii ammoo waan achitti walitti qabamaniifillee hinbeenne. **33**Yihuudonnis Iskindiroosin dhiibanii fuula uumataa duratti baafnaan, namoonni tokko tokko uumata keessaa iyyanii gorsa kennaniif; innis uumata duratti falmachuuf jedhee akka namoonni caldhisaniif harkaan milikkita[j] kenne. **34**Yommuu akka inni Yihuudii ta'e hubatanitti garuu isaan martinuu sagalee[k] tokkoon, "Arxeemiisiin warra Efeesoni guddoo dha!" jedhanii gara sa'aatii lamaa iyyaa turan.

**35**Barreessaan magaalattiis uumata caldhisiisee akkana jedhe; "Yaa namoota Efeesoni, akka magaalaan Efeesoni kun eedduu mana qulqullummaa Arxeemiisi guddittiitii fi fakkii ishii kan samii irraa bu'e sanaa taate namni hin beenne jiraa? **36**Kanaaf waan namni dhugaa kana falmu hinjirreef isin caldhisuu qabdu; waan tokkollee jarjarsuun hojjachuu hinqabdan. **37**Isaan mana qulqullummaa saamuu yookaan Waaqayyittii teenna arrabsuu baatanillee isin jara kana asi fiddaniirtu. **38**Kanaaf Dimeexiroosii

[e]29 ykn *dirii sun;* [f]29 ykn *waa'ela;* [g]29 ykn *fulaa;* [h]31 ykn *michoota/hiriyyoota;* [i]32 ykn *jaanja'ee;* [j]33 ykn *malkata/milikkeeta;* [k]34 ykn *qoonqa/qoonqoo*

fi ogeeyyiin isa waliin jiran sun
yoo waan ittiin nama tokkoyyuu
himatan qabaatan manneen
murtii banaadha; bulchitoonni
biyyaas jiru. Isaan himata qaban
achitti haa dhiyeeffatanii. **39**Yoo
wonni biraa kan isin dhiyeef-
fachuu barbaaddan tokkolleen
jiraate garuu wonni sun yaa'ii
idilee[l] irratti ilaalama. **40**Nu wal-
ga'ii kanaaf sababii dhiyeeffannu
waan hinqamneef goolii hardha
ta'e kanatti akka gaafatamnu
sodaa qabna." **41**Innis eega waan
kana dubbatee booddee yaa'ii
sana gadi lakkise.

### Phaawuloos Maqedoniyaa Fi Girikii Dhaqe

**20** Phaawuloos eega gooli-
in[m] qabbaa'ee booddee[n]
barattoota waamsisee isaan jajja-
beese; "nagayatti" isaaniin jedhees
Maqedooniyaa dhaquuf ka'e. **2**Innis
dubbii nama jajjabeessu baayyee
uumatatti dubbachaa naannoo
sana keessa dabree dhuma irratti
Giriki gaye; **3**Achis ji'a sadii ture.
Akkuma inni dooniin[o] Sooriyaa
dhaquuf ka'eenis Yihuudonni isatti
mariyannaan karaa Maqedooni-
yaatiin deebi'uuf kutate. **4**Beeri-
yaadhaa Sophaaxiroos ilmi Phi-
roosi, Tasaloonqeedhaa Arisxaa-
rkoosii fi Sakondoos, darbeedhaa
ammoo Gaayyoos isa waliin
deeman; akkasumas Ximootewoos,
kutaa biyya Isiyaatii immoo Ti-
kiqqoosii fi Xiroofimoos isa
waliin deeman. **5**Namoonni kun-
niin nu dura dabranii Xiro'aadaatti
nu eegan. **6**Ayyaana qixxaatiin[p]
booddee garuu Filiphiisiyuusii
hoboloon kaanee bultii shan
booddee warra kaan waliin
Xiro'adaatti wal-arganne; achis
guyyaa torba turre.

### Awuxikoos Du'aa Kaafamuu Isaa

**7**Nus guyyaa jalqaba torbaan
sanaatti buddeena caccabsuuf
jennee walitti qabamne; Phaawu-
loos namoota waliin dubbate;
Innis waan guyyaa itti aanutti
deemuu barbaadeef haga halkan
walakkaatti haasaa dheeresse.
**8**Kutaa gubbaa manaa bakka[q] nu
itti walitti qabamne keessa ibsaa
baayyeettu ture. **9**Dargaggeessi
Awuxikoos jedhamu tokkos fod-
daa[r] irra taa'aa ture; yommuu
Phaawuloos haasaa dheeressettis
hirriibni cimaan isa fudhate; otoo
hirriibaan of wallaalee jiruus
fooqii[s] sadaffaa irraa lafa dha'e;
isaanis reeffa isaa lafaa fuudhan.
**10**Phaawuloosis gadi bu'ee dar-
gaggeessa sana irratti gombi-
famee isa hammachuudhaan[t],

[l]39 ykn *beekamaa;* [m]1 ykn *lolii;* [n]1 ykn *duubatti;* [o]3 ykn *hoboloon;* [p]6 ykn *maxinootiin/qixxaa hinbukaa'iniitiin;* [q]8 ykn *fulaa;* [r]9 ykn *qaawa manaa/qaalawa manaa/maskootii;* [s]9 ykn *mana ol dheeraa;* [t]10 ykn *amnatee*

"Lubbuun keessa jirtiitii hin rifat-
inaa!" jedhe. 11Innis kutaa gubbaa
manaa sanatti ol-deebi'ee bud-
deena cabsatee nyaate; hanga
lafti bariituttis yeroo dheeraa
isaan waliin dudubbatee achii
deeme. 12Namoonnis dargaggeessa
sana fayyaa isaa manatti gees-
san; baayyees jajjabaatan.

### Phaawuloos Maanguddoota Waldaa Kiristaana Efeesoni Gorsuu Isaa

13Nus Phaawuloosin achii fuud-
huuf jennee duraan dursinee gara
doonii dhaqnee dooniidhaan
Asoositti qajeelle; Phaawuloos
miilaan deemuuf jedhee ufuma
isaatii waan kana karoorfatee
tureetii. 14Asoosittis isaan wal-
arginee dooniidhaan Mixiliinitti
dabarre. 15Guyyaa itti aanuttis
hoboloon achii kaanee fuullee[u]
Kiiyuus geenye; guyyaa tokko
booddees Saamusitti baane; guyyaa
itti aanu immoo Miilexoos geenne.
16Phaawuloosis yoo danda'ameef
waan guyyaa Pheenxeqoosxeetiin
Yerusaalem ga'uuf ariifateef akka
kutaa biyaa Isiyaa keessatti yer-
oon isa duraa hindhumneef jed-
hee hoboloon Efeeson bira dabree
deemuu murteeffatee ture.

17Innis Miilexoosii Efeesonitti
nama ergee maanguddoota wal-
daa kiristaanaa ofitti waamsise.
18Isaan gara isaa dhufnaan
akkana jedheen; "Ani guyyaa
kutaa biyya Isiyaa dhufe kan
duraatii jalqabee yeroo isin waliin
jiraachaa ture sana hunda haala
akkamii keessa akka ani jiraachaa
ture isin mataan keessaniyyuu
beettu. 19Ani yoo daba Yihuudo-
taatiin akka malee qoramellee[v]-
gadi ufqabiisa guddaa fi imim-
maaniin Gooftaadhaaf hojjadheera.
20Otoo waan faayidaa isinii qabu
tokkollee lallabuu irraa uf hin-
qusatin akka ani mana tokkoo
gara mana kaanii deemee ifatti
baasee isin barsiise isinuu beettu.
21Ani akka Yihuudonnii fi Girik-
onni cubbuu irraa deebi'uun gara
Waaqaatti deebi'anii fi akka
isaan Gooftaa keenna Yesuus
Kiristoositti amanan[w] isaanitti
himeera.

22"Ammas ani otoo waan achitti
narra gawuuf jiru hin beekin
hafuuraan dirqamee[x] Yerusaalem
dhaquuttin jira. 23Hafuurri
Qulqulluun[y] immoo akka hidha-
muufi rakkachuun na eegatu
magaalaa[z] cufa keessatti dhugaa
naa ba'a[a]. 24Ta'us ani fiigicha
sana xummuruufi[b] hujii gooftaa
Yesuus natti kenne sana hob-
baafachuuf jedhee jireenya kiyya
akka waan faayidaa hinqam-
neetti nan lakkaa'a[c]; hujiin kunis

[u]15 ykn *adda;* [v]19 ykn *ilaallatamellee;* [w]21 ykn *dhugeeffatan;* [x]22 ykn *giddeef-famee/giddisiifamee;* [y]23 ykn *Ayyaanni Woyyuun;* [z]23 ykn *dira;* [a]23 ykn *naa dhugeessa/naa rageessa;* [b]24 ykn *fixuufi;* [c]24 ykn *herrega*

wangeela ayyaana Waaqayyootiif dhugeessuudha.

25"Ani akka isin warra ani keessa nanaanna'ee mootummaa Waaqayyoo lallabe kanneen keessaa namni tokkoyyuu deebi'ee na hin agarre nan beeka. 26Kanaaf ani akka ofii kiyyaa dhiiga nama hundaa irraa qulqulluu ta'e hardha isinitti nan hima. 27Ani fedhii Waaqayyoo mara isinitti himuu irraa uf hinqusanneetii. 28Isin uf eegaa; karra hoolota[d] hafuurrii qulqulluun irratti eeddota isin godhe sanaa cufas eegaa; Woldaa kiristaanaa Waaqayyoo kan inni dhiiga ufii isaatiin bitate sanaafis tissitoota ta'a. 29Erga ani deemee booddee akka Yeeyyiwwan[e] hamoon dhufanii jidduu keessan seenan, akka isaan karra hoolotaa sana keessaa tokkollee hin hambifnes ani beeka. 30Isinuma keessaayyuu namoonni barattoota uf-faana fudhachuuf jedhanii dubbii michiiramaa dubbatan ni ka'u. 31Kanaaf isin of eegadhaa! akka ani waggaa sadii halkanii guyyaa otoo gargari hin kutin imimmaaniin tokkoo tokkoo keessan gorsaa ture yaadadhaa[f].

32"Ani amma Waaqayyotti, akkasumas dubbii ayyaana isaa kan isin ijaaruu danda'uufi kan warra qulqullaa'an mara keessatti dhaala isinii kennuu danda'u sanatti imaanaa isin kennadha. 33Ani meetii yookaan worqii yookaan uffata nama tokkooyyuu hin kajeelle. 34Akka ani harkuma kiyya kanaan hojjadhee waan naafi warra na waliin jiraniif barbaachisu argamsiise isin mataan keessaniyyuu nibeettu. 35Ani waan hojjadhe hunda keessatti nu dubbii Gooftaa Yesuus mataan isaa, 'Waa fudhachuu irra waa kennuuttu eebba qaba' jedhee dubbate sana qaabachaa hujii jabaa akkanaatiin akka warra dadhabaa gargaaruu qamnu isin agarsiiseera."

36Innis waan kana dubbatee isaan cufa waliin jilbiinfatee waaqa kadhate. 37Hundi isaaniis akka malee boo'aa morma Phaawuloosiitti marmanii[g] isa dhuungatan. 38Wonni akka malee isaan gaddisiise[h] akka isaan yeroo sanaa jalqabanii lammata isa hin agarre dubbachuu isaa ti; isaanis hanga dooniitti isa geegessan.

### Phaawuloos Yerusaalem Dhaquu Isaa

**21** Erga isaaniin gargari baanee booddees[i] hoboloon[j] kaanee otoo mirgaa bitaatti hingorin Qoositti qajeelle. Guyyaa itti aanutti Roodee dhaqnee achii immoo Phaaxiraatti dabarre. 2Doonii Fiinqeetti ce'u[k] tokkos

[d]28 ykn *Ooliyyee;* [e]29 ykn *yayiini;* [f]31 ykn *qaabadhaa;* [g]37 ykn *mammaratanii;* [h]38 ykn *laaleffachiise;* [i]1 ykn *duubatti;* [j]1 ykn *dooniin;* [k]2 ykn *taakku*

argannee isa yaabbannee adeemsa itti fufne. **3**Yommuu Qophiroosin arguu dandeennetti, harka bitaatti ishii dhiifnee Sooriyaatti qajeelle; nus bakka[l] dooniin keenya fa'iisa isaa itti buufachuuf ture Xiiroositti irraa buune. **4**Achitti barattoota argannee guyyaa torba isaan bira turre. Isaanis akka Phaawuloos Yerusaalemitti hin dabarre humna hafuuraatiin[m] isa dhowwan. **5**Garuu yeroon keenna dhumnaan achii kaanee deemsa keenna itti fufne; barattoonni cuftinuu niitota isaaniitii fi ijoollee isaanii waliin magaalattii[n] keessaa nu baasanii nu geegessan; nus achitti Waaqa kadhachuuf jennee qarqara galaanaa irratti jilbiinfanne. **6**Eega nagayatti waliin jennee booddees hoboloo yaabbanne; isaan immoo mana isaaniitti deebi'an.

**7**Xiioosii kaanee adeemsa keenya itti fufuudhaan Phexelemaayisitti galle; achittis obboleeyyan dubbifnee guyyaa tokko isaan bira oolle. **8**Guyyaa itti aanutti achii kaanee Qiisaariyaa geenne; achittis mana lallabaa wangeelaa tokkoo mana Filiphoos isa warra torbaan keessaa tokko ture sanaa dhaqnee isa bira turre. **9**Innis ijoollee dubraa kanneen hin heerumin afur qaba ture; isaanis raajii[o] dubbatu turan.

**10**Eegii nu guyyaa hedduu achi turree booddee raagni[p] Agaabos jedhamu tokko Yihuudaadhaa gadi bu'e. **11**Innis gara keenya dhufee gurdaa[q] Phaawuloosi fuudhee harkaa fi miila ofii isaa hidhee, "Hafuurri Qulqulluun[r], 'Yihuudonni Yerusaalem jiraatan abbaa gurdaa kanaa akkanatti hidhanii dabarsanii namoota ormaatti isa kennu' jedha" jedhe.

**12**Nus yommuu waan kana dhageennetti akka Phaawuloos Yerusaalemitti ol hin baaneef namoota achi turan waliin isa kadhanne. **13**Phaawuloos immoo deebisee, "Isin maaliif boottanii garaa na raaftu? Ani maqaa Gooftaa Yesuusiitiif jedhee Yerusaalemitti hidhamuu qofa otoo hin ta'in du'uufillee qophaa'eeraatii" jedhe. **14**Yommuu inni nuu sarmuu didettis, "Fedhiin Gooftaa haa ta'uu" jennee dhiifne.

**15**Guyyoota kanneen booddees qophoofnee Yerusaalemitti ol baane. **16**Barattoota Qiisaariyaadhaa dhufan keessaas tokko tokko gara fulaa itti buufachuun nurra ture gara mana Minaasoni nama Qophiroosiitti nu geessan; innis barattoota durii keessaa tokko ture.

[l]3 ykn *fulaa;* [m]4 ykn *ayyaanaatiin;* [n]5 ykn *dira sun;* [o]9 ykn *infagan /dubbii raagaa dubbatan;* [p]10 ykn *raajaan;* [q]11 ykn *saqqii/qabattoo;* [r]11 ykn *Ayyaanni Woyyuu*

## Phaawuloos Yerusaalemitti Galuu Isaa

[17]Yommuu nu Yerusaalem geenyetti obboleeyyan gammachuun nu simatan. [18]Guyyaa itti aanuttis Phaawuloos nu wajjiin Yaaqoob bira dhaqe; maangud-doonni martinuus achi turan. [19]Phaawuloosis erga nagaya isaan gaafatee[s] booddee waan Waaqayyo tajaajila[t] inni kenneen namoota ormaa keessatti hojjate cufa tokko tokkoon isaanii ibse.

[20]Isaan yommuu Waan kana dhaga'anitti Waaqa galateeffatan.Phaawuloosiinis akkana jedhan; "Yaa obboleessa, ati akka Yihuudonni kuma hedduun amanan[u] ni argita; hundi isaaniis hinaaffaa seeraaf qabu. [21]Ati akka Yihuudonni namoota ormaa keessa jiraatan martinuu ilmaan isaanii hingadoomsine[v] yookiin akka isaan akka aadaa keennaatti hinjiraanne itti himtee akka isaan seera Muusee irraa garagalan akka barsiiftu isaanitti himameera. [22]Isaan akka ati dhufte dhugumaan nidhagawuutii; eegaa maal gochuu wayya? [23]Kanaaf ati waan nu sitti himnu godhi; namoonni wareega[w] of irraa qaban afur nu bira jiru. [24]Akka isaan mataa isaanii aadataniif namoota kanniin ufitti fuudhiitii isaan waliin of qulqulleessiitii baasii isaanii ati baasi. Kanaanis namoonni cuftinuu akka oduun waayee kee odeeffame sun dhugaa hinta'in, akka ati mataan keeyyuu seera jalatti bultu nibeeku. [25]Waayee warra namoota ormaa keessaa amananii garuu akka isaan nyaata Waaqota tolfamoof aarsaa[x] dhiyeeffame, dhiiga, foon horii hudhamee du'eetiifi saala qunnamtii seeraan alaa lagataniif nu murtii keenya barreessinee isaanii ergineerra."

[26]Phaawuloosis guyyaa itti aanutti namoota sana ufitti fuudhee isaan waliin uf qulqulleesse; eegasii immoo guyyaa sirni[y] qulqullaa'ummaa sun itti xummuramuufi[z] yeroo itti aarsaan maqaa tokkoo tokkoo isaaniitiin dhiyeeffamuu malu beessisuuf mana qulqullummaa seene.

## Phaawuloos Qabamuu Isaa

[27]Yommuu guyyoonni torbaan sun xummuramuu ga'anitti Yihuudonni kutaa biyya Isiyaatii dhufan tokko tokko Phaawuloosin

[s]19 ykn *fuudhee;* [t]19 ykn *hujii;* [u]20 ykn *dhugeeffatan;* [v]21 ykn *dhagna hin qabne/ qabaanqabaa hin qabneef;* [w]23 ykn *kakuu;* [x]25 ykn *Sooriyyoo;* [y]26 ykn *jiltii;* [z]26 ykn *hobbaatuufi*

**21: 26** *Yeroo qulqullaa'ummaa* - Yeroo guyyaa torbanii kan itti namoonni afran sirna Naazirummaa guutatan sun otoo akka aadaatti aarsaa dhiyeessuuf jilaan hin qulqulleeffamin dura keessa dabruu malan agarsiisa.

mana qulqullummaa keessatti argan. Isaanis nama hundumaa kakaasanii isa qaban. [28]Iyyaniis, "Yaa namoota Israa'eli, nu gargaaraa! namichi kun nama saba keennaan mormaa, seera keennaafi mana qulqullummaa mormaa nama mara bakka cufatti barsiisuu dha.Kana malees inni Girikoota mana qulqullummaatti ol galchee lafa qulqulluu kana xureesseera" jedhan. [29]Isaanis waan duraan namicha Efeesoni kan maqaan isaa xiroofimoos jedhamu tokko Phaawuloos biratti magaalaa keessatti arganii turaniif, waan Phaawuloos mana qulqullummaatti ol isa galche se'aniiti.

[30]Magaalaan sunis guutummaatti ni raafamte; namoonnis karaa hundumaan fiigaa dhufan; Isaanis Phaawuloosin qabanii lafa irraa harkisaa mana qulqullummaatii gadi baasan; yoosuma karroonni ni cufaman. [31]Otoo isaan isa ajjeesuu yaalanuu akka magaalaan Yerusaalemi guutummaatti raafamaa jirtu oduun isaa ajajaa waraana Roomaa ga'e. [32]Innis yeruma sana loltootaa fi ajajjuuwwan dhibbaa tokko tokko fudhatee fiigichaan isaanitti gadi bu'e; isaanis yommuu ajajaa sanaa fi loltoota isaa arganitti Phaawuloosin tumuu dhiisan.

[33]Ajajaan sunis dhufee isa qabe; akka inni sansalata[a] lamaan hidhamuus ajaje; akka inni eenyu ta'eefi akka inni maal hojjachaa tures isa gaafate. [34]Tuuta sana keessaas garri tokko waan tokko jedhanii iyyaa, garri kaan ammoo waan biraa[b] jedhanii iyyaa turan; ajajaan sunis sababii woca namaatiif waan tokkollee dhagawuu waan dadhabeef akka Phaawuloos gara buufata[c] loltootaatti geeffamu ajaje. [35]Phaawuloos gulantaa ittiin gadi ba'an bira geennaan sababii goolii[d] namootaatiif loltoonni isa baatan. [36]Namoonni hedduunis "isa ajjeesi!" jedhanii iyyaa hordofan.

**Dubbii Phaawuloos Dubbate**
*22:3-16 KWF HUE 9:1-22:26:9-18*

[37]Phaawuloos yommuu loltoonni isa fuudhanii buufata loltootaatti ol isa galchuuf jedhanitti, ajajaa sanaan, "akka ani waa sitti himu naa eeyyamtaa?" jedhee gaafate.

Ajajaan sun immoo deebisee akkana jedhe; "Ati afaan Girikii nidubbattaa? [38]Ati namicha biyya Gibxii kan dhiyeenya kana goolii kaasee warra nama ajjeesan kuma afur fudhatee lafa onaatti[e] gale sanaa mitii?"

[a]33 ykn *haada sibiilaa/sinsilaata/foonca'a;* [b]34 ykn *dhibii;* [c]34 ykn *quttuma;* [d]35 ykn *lola;* [e]38 ykn *alootti*

**21:38** *Warra nama ajjeesan* - namoonni kunneen finqiltoota ciccimoo akka diinota warra Roomaattiifi akka diinota Yihuudota warra Roomaa deeggaraniitti uf ilaalan maraatti uf lakkaa'anii dha. Isaanis yeroo ayyaana garagaraatti saba kaanitti makamanii diinota isaanii ajjeesaa turan.

39Phaawuloosis "ani Yihuudii magaalaa Xarseesi ishii biyya Kiilqiyaa keessaa sanaati; jiraataa magaalaa beekamtuu sanaatis. maaloo, akka ani namoota kanatti dubbadhu naa eeyyami" jedhee deebise.

40Phaawuloos akkuma eeyyama ajajaa sanaa argateen gulantaa sana irra dhaabatee akka namoonni caldhisaniif harkaan milikkita[f] kenne; Yommuu isaan martinuu caldhisanitti immoo afaan Ibraayisxiitiin akkana jedheen.

**22** "Yaa obboleeyyaniifi abbootii, falmata ani amma isin duratti dhiyeeffadhu kana mee naa dhagayaa."

2Jarris yommuu isaa afaan Ibraayisxiitiin isaanitti dubbattu dhagayanitti kan duraallee caalaa caldhisan.

Phaawuloosis akkana jedhe; 3"Ani Yihuudii dha; Magaalaa[g] xarseesi ishii biyya Kiilqiyaa keessaa sanattin dhaladhe; garuu Yerusaalemittin guddadhe. Miila Gamaaliyaali jalattis seera Abbootii keennaa akka gaariitti baradhee, akkuma isin hundi hardha hinaaftan kana anis Waaqayyoof hinaafaa ture. 4Dhiiraa nadheenis qabee, mana hidhaa keessa isaan buusuudhaan hordoftoota karaa kanaa hanga du'aatti gaargalcheera[h]. 5Waan kanas lubni ol aanaanii[i] fi gumiin maanguddootaa cuftinuu dhugaa naa bawu;[j] anis xalayoota isaan gara Obboleeyyan isaanii warra Damaasqoo jiraataniitti barreessan fudhadhee akka namoonni kunniin adabamaniif jedhee hidhee Yerusaalemitti isaan fiduuf achi dhaqe.

6"Gara guyyaa saafaa, akkuma ani Damaasqootti dhiyaadheen ifni guddaan isaa akkuma tasaa samii irraa naannoo kiyyatti balaqqise[k]. 7Anis lafa dhayeen sagalee[l], 'Saa'ol! Saa'ol! Ati maaliif na gaargalchita?' naan jedhu tokko dhaga'e.

8"Anis, 'Yaa Gooftaa ati eennu ?' jedhee gaafadhe.

"Inni immoo deebisee, 'Ani Yesuus nama Naazreeti isa ati gaargalchaa jirtuudha' naan jedhe. 9Warri na waliin turanis ifa sana argan malee qoonqa nama natti dubbachaa ture sanaa hin dhageenye.

10"Anis, 'Yaa Gooftaa ani maal haa godhuu ree?' jedhee gaafadhe.

"Gooftaanis, 'Ol-ka'iitii Damaasqoo seeni; wonni akka ati hojjatuuf sii kaa'ame hundinuu achitti sitti himamaatii' naan jedhe.

11Anis sababii billiqa ifa sanaatiif lafa arguu dadhabnaan

[f]40 ykn *milikkeeta/malkata;* [g]3 ykn *dira;* [h]4 ykn *ariyadheera/baqachiiseera;* [i]5 ykn *qaallicha guddaa;* [j]5 ykn *naa dhugeessan /rageessan;* [k]6 ykn *billiqe;* [l]7 ykn *qoonqa/ qoonqoo*

warri na wajjiin turan harka qabanii Damaasqootti na galchan.

[12]"Namichi Hanaaniyaa jedhamu kan sirriitti[m] seera eegu, kan Yihuudota cufa birattis maqaa dansaa qabu tokko achi jiraata ture. [13]Innis gara kiyya dhufee na bira dhaabatee, "Yaa obboleessa kiyya Saa'ol, agartuun kee sii haa deebi'uu' naan jedhe; agartuun kiyyas yoosuma naa deebi'e; anis isa arguu danda'e.

[14]"Innis akkana jedhe; 'Waaqni abbootii keennaa akka ati fedhii isaa beettu, akka isa qajeelaa sanas argituu fi akka afaan issa irraas dubbii dhageessuuf si filateera. [15]Atis waan argitee fi waan dhageette sana fuula nama hundumaa duratti isaaf dhugeessita. [16]Eegaa amma maal eedda ree? Ol ka'iitii maqaa isaa waammachaa cuuphami; cubbuu kees of irraa dhiqi.'

[17]"Anis Yerusaalemitti deebi'ee otoo mana qulqullummaa keessatti waaqa kadhachaa jiruu akka waan uf wallaaluu nan ta'e. [18]Gooftaas isaa, 'Jarri kun waan ati waayee kiyya rageessitu hin fudhataniitii dafii ammuma Yerusaalem keessaa ba'i!' jedhee natti dubbatu nan arge.

[19]"Anis deebiseen akkana jedhe; 'Yaa Gooftaa jarri kunniin akka ani warra sitti amanan hidhuu fi dhaanuuf jedhee mana sagadaa tokko irraa gara isa dhibiitti dabraa ture beeku. [20]Yeroo dhiigni dhugaa baatuu keetii jechuun dhiigni Isxifaanosi dhangalaafamettis ani ajjeefamuu isaatti namootaan walii galee achi dhaabadhee uffata warra isa ajjeesanii eegaa ture.'

[21]"Gooftaanis, 'ka'ii deemi; ani fagootti, gara namoota ormaatti sin ergaatii' naan jedhe.

### Phaawuloos Akka Lammii Roomaa Ta'e Ibse

[22]Namoonni sunis hanga inni dubbii kana dubbatutti isa dhagayaa turan; ergasiis qoonqa isaanii ol fudhatanii, "Namni akkanaa jiraachuu hin qabuutii lafa irraa balleessaa!" jedhanii iyyan.

[23]Otoo Isaan uffata isaanii daddarbatanii, awwaaras qilleensa keessa bibittinneesanii iyyanuu, [24]Ajajaan sun akka Phaawuloos buufata[n] loltootaatti ol galfamuu ajaje; Innis waan namoonni akkas isatti iyyaniif beekuuf jedhee akka Phaawuloos garafamee qoratamu ajaje. [25]Phaawuloos immoo yommuu isaan isa garafuuf jedhanii teephaan isa hidhanitti ajajaa dhibbaa kan isa bira

[m]12 ykn *akka dansaa;* [n]24 ykn *quttuma*

**22: 25** *Garafuu* - gochii kun akka adabbiitti otoo hin ta'in karaa ittiin nama tokko qoratanii yookiin rakkisanii akka inni dhugaa baasu mirkaneessuuf itti fayyadamanii dha. Gochi kun garba yookiin maxxantuu irratti raawwatama malee lammii Roomaa tokko irratti hin raawwatamu ture.

dhaabachaa tureen, "Lammii[o] Roomaa tokko murtii malee garafuun isiniif ni eeyyamamaa?" jedhe.

26Ajajaan dhibbaa sunis Yommuu waan kana dhagayetti ajajaa kumaa bira dhaqe, "Namichi kunoo lammii Roomaatii ati maal gochuu yaadda?" jedheen.

27Ajajaan kumaa sunis Phaawuloos bira dhaqee, "Mee natti himi; ati lammii Roomaatii?" jedhee gaafate.

Innis, "Eeyee" jedhee deebise.

28Ajajaan sunis, "Ani lammummaa kana argachuuf gatii guddaa baase" jedhe.

Phaawuloos immoo deebisee, "Ani garuu ittin dhaladhe" jedhe.

29Warri isa qoruuf yaadanis Yoosuma isa dhiisanii sokkan; ajajaan kumaa sunis yommuu akka Phaawuloos lammii Roomaa ta'eefi akka ufii isaatii immoo Phaawuloosin sansalataan[p] hidhe hubatetti nirifate.

### Phaawuloos Yaa'ii Yihuudotaa Duratti Dhiyaate

30Ajajaan kumaa sun sababii Yihuudonni Phaawuloosin himataniif sirriitti beekuu fedhee guyyaa itti aanu isa hiikee akka luboonni hangafooniifi gumiin Yihuudotaa cufti walitti qabaman ajaje. Eegasii immoo Phaawuloosin fidee akka inni fuula isaanii duratti dhiyaatu godhe.

**23** Phaawuloos xiyyeeffatee yaa'ii sana ilaalee, "yaa obboleeyyan kiyya, ani hanga guyyaa hardhaatti fuula Waaqaa dura yaada gaariin jiraadheera" jedhe. 2Kana irratti Hanaaniyaan lubni ol aanaan[q] akka warrii Phaawuloos bira dhaabachaa turan sun afaan isaa keessa dhahan ajaje. 3Phaawuloosis deebisee, "Ati gidgiddaa booralee dibame nana; Waaqayyo si rukuta! seeraan natti muruuf jettee achi teettee atumti mataan kee immoo akka ani dha'amu ajajuudhaan seera cabsitaa? jedhe.

4Warri Phaawuloos bira dhaabachaa turanis; "Ati lubicha ol - aanaa Waaqayyoo arrabsitaa?" jedhaniin.

5Phaawuloos immoo deebisee, "Yaa obboleeyyani, ani akka inni lubicha ol-aanaa ta'e hin beenne, 'Bulchaa uumata keetii hin arrabsin' jedhamee barreeffameeraatii" jedhe.

6Phaawuloosis akka isaan keessaa garri tokko Saduuqota garri kaan immoo Fariisota ta'an hubatee, "Yaa obboleeyyan kiyya ani Fariisicha Fariisota keessaa dhaladheedha; ani sababii akka warrii du'an du'aa ka'an abdadhuuf qoramuuf dhiyaadheera" jedhe.

[o]25 ykn *nama lafa;* [p]29 ykn *haada sibiilaatiin/fooncaan/sinsilaataan;* [q]2 ykn *qaallichi guddaani*

[7]Yommuu inni waan kana dubbatetti Fariisotaa fi Saduuqota jidduutti lolii uumame; yaa'iin sun gargari qoodame. [8]Saduuqonni, 'du'aa ka'iisni hin jiru, maleekkonnis, hafuuronnis hin jiran' jedhu; Fariisonni garuu akka kunniin martinuu jiran amanu.

[9]Waci guddaani isaa uumame; barsiistonni seeraa tokko tokkos garee Fariisotaa keessaas ka'anii, "Nu balleessaa tokkollee namicha kana irratti hin arganne; hafuura[r] yookiin maleekkaatu isatti dubbate ta'innaa?" jedhanii cimsanii dubbatan. [10]Ajajaan kumaa sunis yommuu lolii jabaachaa deemetti jarri kun Phaawuloosin cicciru jedhee sodaate; Kanaaf akka loltoonni dhaqanii humnaan achii isa fuudhanii buufata[s] loltootaatti ol galchan ajaje.

[11]Gooftaanis halkan itti aanutti Phaawuloositti muldhatee, "hin sodaatin; akkuma Yerusaalem keessatti dhugaa naa baate[t] sana Roomaa keessattis dhugaa ba'uu qabdaatii" jedheen.

**Marii Phaawuloosin Ajjeesuuf Mariyatame**

[12]Yihuudonnis barii guyyaa itti aanuu mariyatanii akka hanga Phaawuloosin ajjeessanitti waa hin nyaanne yookaan waa hindhunne walii kakatan. [13]Namoota afurtamaa oliittu marii kana irratti hirmaate. [14]Isaanis gara luboota hangafootaatiifi gara maanguddootaa dhaqanii akkana jedhan;"Nu hanga Phaawuloosin ajjeefnutti akka womaa hin nyaanne jabeessinee kakanneerra. [15]Kanaaf isinii fi gumiin Yihuudotaa waan waayee Phaawuloosi siriitti[u] qorachuu barbaaddan fakkeessaatii akka ajajaan kumaa sun Phaawuloosin gara keessanitti gadi ergu kadhadhaa; nu otoo inni achi hinga'in karaatti isa ajjeesuuf qophoofneerraatii."

[16]Garuu ilmi obboleettii Phaawuloosi yommuu marii kana dhagayetti buufata loltootaatti ol galee Phaawuloositti hime.

[17]Phaawuloosis ajajjuuwwan dhibbaa keessaa nama tokko waamee, "Dargaggeessi kun waan isatti himu qabaatii mee ajajaa kumaatti isa geessi" jedheen. [18]Innis ajajaa kumaa sanatti isa geesse.

Ajajaan dhibbaa sunis, "Phaawuloos inni mana hidhaa jiru sun na waamsisee waan dargaggeessi kun waan sitti himu tokko qabuuf akka ani isa sitti fidu na kadhate" jedheen.

[19]Ajajaan kumaas dargaggeessa sana harka qabee kophaatti baasee, "Wonni ati natti himuu barbaaddu maali?" jedhee gaafate.

[20]Dargaggeessi sunis akkana

[r]9 ykn *ayyaana;* [s]10 ykn *quttuma;* [t]11 ykn *naa dhugeessite/rageessite;* [u]15 ykn *akka dansaa*

jedhe; "Yihuudonni waan waayee isaa sirriitti qoruu barbaadan fakkeessanii akka ati Phaawulosin bor gara Yaa'ichaatti gadi ergitu si kadhachuuf walii galaniiru.
21Waan nama afurtamaa oli ta'anii riphanii isa eegachaa jiraniif ati isaan jalaa hinqabin. Isaan akka hanga isa ajjeesanitti waan tokkollee hin nyaanne yookiin hin dhunne kakataniiru; Qophaa'aniis eeyyama kee eegachaa jiru."

22Ajajaan kumaa sunis, "Ati akka waan kana natti himte nama tokkottillee hin dubbatin" jedhee dargaggeessa sana akeekkachiisee[v] gadi dhiise.

**Phaawuloos Qiisaariyaatti Dabarfamuu Isaa**

23Innis ajajjuuwwan dhibbaa keessaa nama lama waamee akkana jedhee ajaje; "Akka loltoonni dhibbi lama, abbootiin fardaa torbaatamnii fi warri eboo[w] qabatan dhibbii lama edana sa'aatii sadiitti Qiisaariyaa dhaqaniif qopheessaa.
24Phaawuloosiifis geejjiba inni ittiin deemu qopheessaatii bulchaa biyyaa kan feeliks jedhamu sanatti nagayaan geessaa."

25Innis akkana jedhee xalayaa tokko barreesse;

26Qiloodiyoos Loosiyaas irraa,
Gara bulchaa biyyaa kabajamaa[x], gara Feeliksiitti;
Nagaya jirtaa?

27Yihuudonni namicha kana qabanii ajjeesuu barbaadaa turan; ani garuu akka inni lammii Roomaa ta'e beekee loltoota kiyya wajjiin dhaqee isa baase. 28Anis waan isaan isa himataniif beekuu barbaadee fuula gumii isaanii duratti isa dhiyeesse. 29Ani akka inni waayee gaafii seera isaaniitiin himatame arge malee akka inni waan du'aan yookaan hidhaan isa ga'u tokkumaanuu himatame hin agarre.
30Ani yeroo akka isaan namicha sanatti mariyatan dhagayetti dafee isa sitti erge. Worra isa himatanillee akka isaan himata isaanii sitti dhiyeeffatan ajajeera.

31Kanaaf loltoonni sun akkuma ajajaman sana halkaniin ka'anii Phaawuloosin fuudhanii Antiiphaaxriisitti geessan. 32Isaanis guyyaa itti aanutti akka abbootiin fardaa isa waliin deeman godhanii ofii immoo buufata loltootaatti deebi'an. 33Abbootiin fardaa sunis yommuu Qiisaariyaa gayanitti xalayaa sana bulchaa biyyaatti kennan; Phaawuloosinis fuula isaa dura dhaaban. 34Bulchaan biyyaa sunis eegii xalayaa sana dubbifateen duubatti, akka inni kutaa biyya kamiitii dhufe isa gaafate; Yommuu akka inni kiilqiyaadhaa dhufe barettis, 35"Ani yeroo himattoonni kee asi

[v]22 ykn *seeree;* [w]23 ykn *woraana;* [x]26 ykn *ulfinna qabeessa*

ga'an dubbii kee dhaga'a" jedhe. Akka Phaawuloos mana mootummaa Heroodisi keessatti eegamus ajaje.

### Phaawuloos Fuula Feeliksi Duratti Dhiyaachuu Isaa

**24** Guyyaa shan booddee[y] Hanaaniyaan lubni olaanaan[z] maanguddoota tokko tokkoo fi abukaattoo[a] Xarxuloos jedhamu tokko waliin Qiisaariyaatti gadi bu'e; Isaanis waan ittiin Phaawuloos himatan bulchaa
biyyaa duratti dhiyeeffatan. **2**Yommuu Phaawuloos waamamee ol galetti, Xarxuloos akkana jedhee himata isaa Feeliksi duratti dhiyeeffate; "Yaa feeliks kabajamaa[b], nu bara kee keessa yeroo dheeraa nagayaan jiraanneera; qaroomni kees saba kanaaf jijjiirama fi-
deera. **3**Waan kanas karaa hundumaafi bakka[c] cufatti galata gud-
daadhaan ni fudhanna. **4**Garuu ani akka hagana irra si hindadhabsiifneef akka ati gabaabumatti garaa laafinnaan nu dhageettu sin kadhadha.

**5**"Nu akka namichi kun dhukkuba hamaa ta'ee Yihuudota addunyaa mara irra jiran cufa keessatti goolii[d] kaasaa jiru argineerra; Inni dura deemaa garee Naazirootaa guddi-
cha. **6**Inni mana qulqullummaayyuu xureessuu yaaleera; nu immoo akka seera keennaatti itti muruuf
jennee isa qabne. **7**Garuu Loosiyaas ajajaan kumaa sun dhufee humna guddaan harka keenya keessaa isa baase; akka himattoonni isaa fuula kee duratti dhiyaatanis ajaje.
**8**Ati mataan keeyyuu isaa qoruun waayee waan nu isa himannu kanaa hunda beekuu nidandeessa."

**9**Yihuudonnis akka dubbiin kun dhugaa ta'e mirkaneessanii himata sana deeggaran[e].

**10**Phaawuloosis yommuu bulchaan biyyaa sun akka inni dubbatuuf harkaan milikkita[f] kenneefitti akkana jedhee deebii kenne; "ani akka ati waggoota hedduuf abbaa murtii saba kanaa taate nan beeka; kanaaf ani falmii kiyya gamma-
chuun nan dhiyeeffadha. **11**Akkuma ati rakkoo malee mirkaneeffachuu dandeessu ani waaqeffachuuf jedhee Yerusaalemitti ol bawuun kiyya guyyaa kudhanii lama hin
caaluu. **12**Warri na himatan kun anaa mana qulqullummaa keessatti yookaan mana sagadaa keessatti yookaan magaalaa[g] keessatti nama tokkoonillee falmu yookaan uumata kakaasu na hin arganne.
**13**Isaan waan amma ittiin na himachaa jiran kanas sii mirkaneessuu hin danda'an. **14**Ta'us ani akka nama karaa isaan garee mormitootaa jedhaniin sana hordofu tokkootti akka Waaqa abbootii keennaa Waaqeffadhu

[y]1 ykn *duubatti,* [z]1 ykn *qaallichi guddaan;* [a]1 ykn *jaallaba/nama seeraan falmu;* [b]2 ykn *ulfinna qabeessa;* [c]3 ykn *fulaa;* [d]5 ykn *lola;* [e]9 ykn *gargaaran;* [f]10 ykn *malkata/milikkeeta;* [g]12 ykn *dira*

nanfudhadha. Waan seera
Muuseetiin walii galuufi waan
kitaabota raagotaa[h] keessatti
barreeffame hundas nan amana.
**15**Anis akkuma jara kanaa akka
du'aa ka'iisni qajeeltotaatiifi
hamootaa jiraatu Waaqa nan
abdadha. **16**Kanaaf ani akka
yeroo cufa Waaqaafi nama
duratti yaada qulqulluu qa-
baadhu nan tattaafadha.

**17**"Anis bara baayyee hiyyeey-
yii saba kiyyaatiif gargaarsa ken-
nuuf, Waaqayyoofis aarsaa[i] dhiy-
eessuuf jedhee Yerusaalem dhufe.
**18**Yeroo ani waan kana hojjachaa
turettis isaan anaa qulqullaa'ee
jiru mana qulqullummaa kees-
satti na argan. Tuunni tokkolleen
na bira hinturre; anis goolii kees-
satti hin hirmaanne. **19**Garuu
Yihuudonni kutaa biyya Isiyaatii
dhufan kanneen yoo waan ittiin
na himatan tokkollee qabaatan
si duratti asi dhiyaatanii na hi-
machuu malan tokko tokko jiru.
**20**Yookiin warri asi jiran kunniin
balleessaa yeroo ani fuula gumii
Yihuudotaa dura dhaabadhe sana
narratti argan haa himanii.
**21**Jecha ani yeroo fuula isaanii
dura dhaabadhe sana iyyee, 'ani
hardha waayee du'aa ka'iisa
warra du'anii irratti qoramuuf
jedhee fuula keessan dura dhaa-
badheera' jedhe sana malee yoo
wonni biraa[j] jiraate haa himanii."

**22**Feeliks garuu waan waayee
karaa sanaa sirriitti[k] beekuuf, 'Ani
gaafa Luusiyoos ajajaan kumaa
sun dhufutti dubbii keessan isinii
murteessa' jedhee yeroo dhibiitti
dabarse; **23**Innis akka ajajaan
dhibbaa sun Phaawuloosin eegumsa
jala tursu, garuu akka mirgii
isaaf kennamuufi akka firoonni
isaas waan isa barbaachisu dhiy-
eessuufii danda'an ajaje.

**24**Feeliksis bultii hedduun bood-
dee niitii isaa Diroosiilaa ishii
Yihuudii turte wajjiin dhufe;
innis Phaawuloosin waamsisee
isaa waayee Kiristoos Yesuusitti
amantii[l] qabaachuu dubbatu dhag-
eeffate[m]. **25**Yommuu Phaawuloos
waayee qajeelummaa, waayee of
dhowwuutii fi waayee murtii kan
dhufuuf jiru sanaa dubbatetti
feeliks sodaatee, "Ammaaf ni
ga'aatii deemi! Yommuu naa
mijaawutti anuu si waamsi-
saatii" jedhe. **26**Yeroodhuma
sanattis inni akka waan Phaawu-
loos matta'aa[n] isaa kennuutti
waan abdachaa tureef ammuma
amma waamsisee isa waliin
haasa'aa ture.

**27**Erga waggaan lama dabree
booddees Phoorqiyoos Fisxoos
bakka Feeliksi qabate; Feeliksis
waan Yihuudota gammachiisuu
barbaadeef Phaawuloosin manuma

[h]14 ykn *raajotaa;* [i]17 ykn *sooriyoo;*
[j]21 ykn *dhibiin;* [k]22 ykn *akka dansaa;*
[l]24 ykn *dhugeeffachaa;* [m]24 ykn *caqase;*
[n]26 ykn *gubboo*

hidhaatti dhiise.

### Phaawuloos Fisxoos Duratti Qoramuu Isaa

**25** Fisxoosis kutaa biyyaa sanatti galee guyyaa sadii booddee[o] Qiisaariyaadhaa ka'ee Yerusaalemitti ol ba'e; 2 Achittis luboonni hangafoonniifi[p] dura buutonni Yihuudotaa fuula isaa duratti dhayaatanii himata Phaawuloos irraa qaban dhiyeeffatan. 3 Isaanis waan karaatti riphanii Phaawuloosin ajjeesuuf qophaa'aa turaniif akka fisxoos isaan gargaaree nama ergee gara Yerusaalemiitti isa fichisiisu kadhatan. 4 Fisxoos immoo akkana jedhee deebiseef; "Phaawuloos Qiisaariyaatti eegamaa jira; ani mataan kooyyuu dhiyeenyatti achi nan dhaqa. 5 Kanaaf abbootii aangoo[q] keessan keessaa tokko tokko na waliin deemanii yoo namichi sun balleessaa wayii qabaate achitti isa haa himatani."

6 Innis erga guyyaa saddeeti yookiin kudhan isaan bira bubbulee booddee Qiisaariyaatti gadi bu'e; guyyaa itti aanuttis barcumaa murtii irra taa'ee akka Phaawuloos fuula isaa duratti dhiyeeffamu ajaje. 7 Yommuu Phaawuloos dhiyaatettis Yihuudonni Yerusaalemii gadi bu'an sun isatti naanna'anii dhaabachuun himata ciccimaa hedduu isatti dhiyeessan; garuu amansiisuu hin dandeenye.

8 Phaawuloosis mormii isaa keessatti, "Ani seera Yihuudotaa irratti yookaan mana qulqullummaa irratti yookaan Qeesaar irratti yakka tokkollee hinhojjanne" jedhe.

9 Fisxoosis Yihuudota gammachiisuuf jedhee Phaawuloosiin, "Ati Yerusaalemitti ol baatee himata kana irratti fuula kiyya duratti qoratamuu nifeetaa?" jedhe.

10 Phaawuloos garuu akkana jedhee deebise; "Ani amma dhaddacha itti qoratamuu qabu barcumaa Qeesaari dura dhaabadhee jira; akkuma ati mataan keeyyuu sirriitti beettu ani yakka tokkollee Yihuudota irratti hin hojjanne. 11 Ta'us ani otoo waan du'a natti mursiisu tokkollee hojjadhee du'a jalaa bawuuf hin carraaqu; garuu yoo wonni Yihuudonni kunniin ittiin na himatan dhugaa hinta'in, namni tokkolleen dabarsee harka isaaniitti na kennuuf mirga hinqabu. Ani qeesaaritti oli iyyadha!"

12 Fisxoosis eega gorsitoota isaa waliin mariyatee booddee, "Ati Qeesaaritti ol iyyatteerta; gara Qeesaari ni dhaxxa" jedhe.

### Fisxoos Gorsa Agriiphaa Gaafachuu Isaa

13 Bultii diqqoon booddee Agriiphaan mootichii fi Barniiqeen Fisxoos simachuuf Qiisaariyaa

[o]1 ykn *duubatti;* [p]2 ykn *qaallolee gugurdoofi;* [q]5 ykn *jabeennaa*

dhaqan. **14**Fisxoosis isaan guyyaa hedduu achi bubbullaan akkana jedhee waayee himata phaawuloosi mooticha waliin dubbate; "Namichi feeliks mana hidhaa keessatti dhiisee deeme tokko as jira. **15**Yeroo ani Yerusaalem turetti luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni Yihuudootaa isa himatanii akka itti muramu kadhatan.

**16**"Anis akka namni kamiyyuu akka seera biyya Roomaatti otoo fuula himattoota isaa duratti dhiyaatee himata sana falmachuuf carraa[r] hin argatin dabarfamee kennamuu hinqamne isaanitti himeera. **17**Kanaaf ani yommuu isaan na wajjiin asi dhufanitti barcumaa murtii irra taa'ee akka namicha natti fidan ajaje malee dubbii sana lafa irra hinharkifne. **18**Himattoonni isaas yommuu dubbachuuf ka'anitti yakka ani ittiin isa himatu jedhee eege keessaa tokkollee isa irratti hin dhiyeessine. **19**Garuu isaan waayee amantii[s] isaaniitiifi waayee namicha du'e kan Yesuus jedhamu isa Phaawuloos immoo, 'Inni jiraataa dha' jedhee falmu tokkoo irratti wal-dhaban. **20**Anis akka itti dubbii sana qoradhu wallaale; kanaaf akka inni Yerusaalem dhaqee himata kana irratti qoratamuuf fedhii qabuufi akka inni hinqabne isa gaafadhe. **21**Garuu yommuu Phaawuloos murtii moottichaa argachuuf jedhee turfamuu kadhatetti ani akka inni hanga ani Qeesaaritti isa ergutti eegamu nan ajaje."

**22**Agriiphaanis Fisxoosiin, "Ani mataan kiyya namicha kana dhagawuu nan barbaada" jedhe.

Inni immoo deebisee, "Bor isa dhageetta" jedheen.

**Phaawuloos fuula Agriiphaa Duratti Dhiyaachuu Isaa**

*26:12-18 Kwf ⇒ Hue 9:3-8; 22:6-11*

**23**Guyyaa itti aanuttis Agriiphaa fi Barniiqeen ulfinna guddaan dhufanii ajajjuuwwan kumaatii fi gugurdoota magaalaa[t] waliin galma wal-ga'ii seenan. Fisxoos ajajnaan Phaawuloosin ol galchan. **24**Fisxoosis akkana jedhe; "Yaa Agriiphaa mooticha, warri nu wajjiin asi jirtan hundinuus isin namicha kana ni argitu! Sabni Yihuudotaa guutummaatti, 'Namichi kun ammaan achi jiraachuu hinqabu' jedhanii waayee isaa Yerusaalemittii fi Asi Qiisaariyaatti iyyanii na kadhatan. **25**Ani waan du'aan isa gawu kan inni hojjate tokkollee hin agarre; ani garuu sababii inni Awugusxoositti ol iyyateef gara Roomaatti isa erguu murteesse. **26**Ani waayee namicha kanaa waan ifatti bahe kan gooftaa kiyyaaf barreessu tokkollee hinqabu; kanaaf ani eegii

[r]16 ykn *qoommii;* [s]19 ykn *aadaa dhugeeffachaa;* [t]23 ykn *dira*

isa qorannee booddee akka
waan barreessu argadhuuf jedhee
fuula cufa keessanii duratti,
keessumattuu yaa Agriiphaa
mooticha, fuula kee duratti isa
dhiyeesseera. 27Ani nama tokko
otoo waan inni ittiin himatame
ifatti hin baasin ol dabarsuu
qajeela hin se'uutii."

**26** Agriiphaan Phaawuloosiin,
"akka ati ufii keetiif dub-
battu sii eeyyamameera" jedhe.

Phaawuloosis harkaan milikki-
ta[u] kennee akkana jedhee falma-
chuu[v] jalqabe; 2"Yaa Agriiphaa
mooticha, ani sababii waan
Yihuudonni ittiin na himatan
mara falmachuuf jedhee hardha
fuula kee dura dhaabadhuuf akka
ayyaantuu tokkoottin of herrega.
3Kunis sababii ati barteefi[w] wol-
mormii Yihuudootaa hunda keessa
beettuufiidha. Kanaaf ani akka
ati obsaan na caqastu sin kad-
hadha.

4"Ani ijoollummaa kootii jalqa-
bee biyya kiyya keessatti, Yeru-
saalem keessattis akkamitti akka
jiraachaa ture Yihuudonni mar-
tinuu ni beeku. 5Akka ani akka
fariisicha tokkootti akkuma sirna
garee amantaa keenya isa cimaa
sanaatti jiraachaa ture isaanuu
yeroo dheera waan beekaniif,
yoo fedhii qabaatan dhugeessuu[x]
ni danda'u. 6Ammas ani waadaa[y]
Waaqni abbootii keennaaf gale
sana waan abdadhuuf qoratamuuf
dhiyaadhee as jira. 7Waadaan kun
isuma gosoonni keenya kudhanii
lamaan halkanii guyyaa jabaatanii
Waaqa tajaajilaa[z] raawwatama[a]
isaa arguu hawwan sanadha; Yaa
mootii, Yihuudonnis sababiid-
huma abdii kanaatiif na hi-
machaa jiru. 8Akka Waaqayyo
warra du'an du'aa kaasu isin
maaliif akka waan hin amanamne
tokkootti herreddu?

9"Ani mataan kiyyayyuu maqaa
Yesuus nama Naazretiitiin mor-
muuf akka waan danda'amu hunda
gochuu qabu nan amana[b] ture.
10Wonni ani Yerusaalem keessatti
hojjadhes kanuma; ani aangoo[c]
luboota hangafoota[d] irraa argad-
heen qulqulloota mana hidhaatti
naquu qofa otoo hin ta'in yeroo
isaan ajjeefamanillee dubbicha
irratti walii galaa ture. 11Anis
akka isaan adabamaniif yeroo
baay'ee mana sagadaa tokko
irraa gara mana sagadaa dhibiit-
ti[e] dabraa, akka isaan amantii
isaanii gananiifis[f] isaan dirqisiisaan[g]
ture. Ani waan akka malee isaanitti
aaraa tureefis hanga magaalota[h]
biyya alaattillee deemee isaan
gaargalchaa[i] ture.

[u]1 ykn *milikkeeta/malkata;*[v]1 ykn *mormachuu;* [w]3 ykn *aadaa duudhaa*[x]5 ykn *dhuga-gawuu/rageessuu* [y]6 ykn *kakuu;* [z]7 ykn *hojjachaa;* [a]7 ykn *guutama;* [b]9 ykn *indhugeeffadha;* [c]10 ykn *guddinna;* [d]10 ykn *qaallolee gugurdoo;*[e]11 ykn *biraatti;* [f]11 ykn *mormataniif;* [g]11 ykn *giddeessaa/giddisiisaa;* [h]11 ykn *dira;* [i]11 ykn *ariyachaa/baqachiisaa*

[12]Anis gaafa tokko kanumaaf jedhee jabeennaafi ergama luba hangafa biraa fudhadhee Damaasqoo dhaqe. [13]Yaa mooticha, ani otuman karaa deemuu gara guyyaa walakkaatti ifa ifa aduu caalaa ibsu tokko isaa samii irraa naannoo kiyyattiifi naannoo warra na waliin deemaniitti ibsu arge. [14]Cuftii keenya lafa dhodhoofne; anis sagalee[j] afaan Ibraayisxiitiin, "Saa'ol! Saa'ol! ati maaf na gaargalchita? Arfii[k] wayii dhiituuni suma miidha" naan jedhu tokko dhaga'e.

[15]"Anis, 'yaa Gooftaa ati Eennu?' jedhee gaafadhe.

"Gooftaanis deebisee akkana jedhe; 'Ani Yesuus isuma ati gaargalchaa jirtuu dha! [16]Amma ka'iitii miila keetiin dhaabadhu; anis akka ati tajaajilaa kiyya taatee, waayee kiyyas waan argitee fi waan ani sitti muldhisuuf deemu akka dhugaa baatuuf si muuduuf jedhee sitti muldhadheera. [17]Ani saba keetiifi namoota ormaa jalaa si baasa; gara isaaniittis si erga. [18]Atis ija[l] isaanii bantee dukkana keessaa gara ifaatti, humna Sheexanaa jalaas gara Waaqaatti isaan deebifta; kunis akka isaan dhiifama[m] cubbuu argataniifi akka isaan warra natti amananii qulqullaa'an jidduutti dhaala argataniif.'

[19]"Kanaaf yaa Agriiphaa mooticha, ani daayyaa[n] samii irraa dhufe sanaaf ajajamuu hin dinne. [20]Anis akka isaan cubbuu irraa deebi'anii gara Waaqaatti deebi'aniif, cubbuu irraa deebi'uu isaaniis akka hujiin mirkaneessaniif jalqabatti warra Damaasqoo jiranitti, warra Yerusaalem jiranitti, ergasii immoo warra Yihuudaa guutuu keessa jiranitti lallabeera. [21]Sababiin Yihuudonni mana qulqullummaa keessatti na qabanii na ajjeesuu yaalaniifis kanuma. [22]Ani garuu hanga guyyaa hardhaatti gargaarsa Waaqayyoo qaba; Wonni ani as dhaabadhee nama diqqaafi guddaafillee rageessuufis kanumaaf. Ani waan raajonniifi[o] Muuseen 'ni ta'a' jedhanii dubbataniin alatti waan tokkollee hindubbadhu. [23]Kunis akka Kiristoos cinqamuu qabu, akka inni jalqabatti warra du'an keessaa ka'uu isaatiin saba isaatii fi namoota ormaatiif ifa labsuu dha."

[24]Otuma Phaawuloos akkanaan falmachaa jiruu fisxoos qoonqa guddaan, "Phaawuloos, ati maraatteerta! Barumsi kee guddaan sun si maraachisaa jira" jedheen.

[25]Phaawuloosis akkana jedhee deebise; "yaa Fisxoos kabajamaa[p], ani hin maraanne; wonni ani dubbachaa jirus dhugaa dha; sirriidhas[q]. [26]Waan mootichi sirriitti

[j]14 ykn *qoonqa/qoonqoo;* [k]14 ykn *Abrii/qara;* [l]18 ykn *ila* [m]18 ykn *haraara;* [n]19 ykn *muldhata/ manaaba;* [o]22 ykn *raagotaafi;* [p]25 ykn *ulfinna qabeessa;* [q]25 ykn *qajeelaallee*

waan kana beekuuf, ani ifatti
baasee isatti himuu nan dan-
da'a; sababii wonni kun suuqatti
hin hojjataminiif ani akka waan
kana keessaa tokkoyyuu isa duraa
hin dhokatin nan amana. **27**Yaa
Agriiphaa mooticha, ati raagota ni
amantaa? akka ati amantu aniy-
yuu beeka."
**28**Agriiphaanis Phaawuloosiin,
"Ati Kiristaana na gochuuf xiqqu-
mattu si hafa!" jedhe.
**29**Phaawuloosis deebisee,
"Xiqqaatus guddatus si qofa otoo
hin ta'in akka warri hardha
na dhagayaa jiran martinuu
sansalata[r] kana malee akkuma
kiyya ta'an ani Waaqa nan kad-
hadha" jedhe.
**30**Yommuu inni waan kana
dubbatettis mootichi, bulchaan
biyyaatii fi Barniiqeen, akka-
sumas warri isaan waliin tataa'aa
turan ol ka'an. **31**Isaanis yeroo
gadi bahanitti, "Namichi kun waan
du'aan yookiin hidhaan isa gawu
tokkollee hin hojjanne" waliin
jedhan.
**32**Agriiphaanis Fisxosiin, "Nam-
ichi kun otoo Qeesaaritti ol-
iyyachuu baatee silaa ni hiikama
ture" jedhe.

**Phaawuloos Roomaa Dhaqu Isaa**

**27** Yommuu dooniin[s] Ixaali-
yaa dhaquun keenya mur-
teeffametti, Phaawuloosii fi
warri hidhaman dhibiin[t] ajajaa
dhibbaa kan Yuuliyoos jedhamu
tokkotti dabarfamanii kennaman;
innis miseensa kutaa "Awug-
isxoos" jedhamu tokkoo ture.
**2**Nus hoboloo Adraamixiisii ka'ee
gara buufatawwan[u] hoboloo kan-
neen qarqara galaana Isiyaa dhaqu
tokko yaabbannee deemuu jalqamne;
Arisxirokoos namni Maqedooni-
yaa kan Tasaloonqeedhaa dhufe
tokkos nu wajjiin ture.
**3**Guyyaa itti aanutti Siidoonaatti
galle; Yuuliyoosis Phaawuloosiif
garaa laafee akka inni firoota
isaa bira dhaqee waan isa bar-
baachisu argatu eeyyameef. **4**Nuus
dooniin achii kaanee waan bub-
been fuula keenya duraan nutti
bubbisaa tureef Qophiroosiin
da'annee dabarre. **5**Erga galaana
Kiilqiyaatiifi Phamfiiliyaa irra
hoboloon dabarree booddees[v]
magaala[w] miiraa tan Luuqiyaa
keessaa tokko geenne. **6**Ajajaan
dhibbaa sunis doonii Iskindiriyaa
tan Ixaaliyaa dhaquutti jirtu tokko
achitti argatee nu yaabbachiise.
**7**Nus guyyaa hedduu suuta jen-
nee dooniin deemnee rakkin-
naan naannoo Qaniidoosi geenye;
yommuu bubbeen naannoo sana
irra dabruu nu dhowwettis
Salmuunaa biraan gara da'oo

[r]29 ykn *haada sibiilaa/sinsilaata;* [s]1 ykn *hoboloon;* [t]1 ykn *gara biraa;* [u]2 ykn *quttuma/ hiikata;* [v]5 ykn *duubatti;* [w]5 ykn *dira;* [x]8 ykn *fulaa*

Qarxeesiitti qajeelle. **8**Rakkinna
guddaanis qarqara galaanichaa
irra dabrinee bakka[x] 'buufata
doonni dansaa' jedhamu kan
magaalaa Laasiyaa biraa tokkotti
baane.

**9**Yeroon dheeraan badeera; sa-
babii yeroon sun erga soomiin
dabre ta'eef hoboloodhaan imala
deemuun sodaachisaa ta'eera; kanaaf
Phaawuloos, **10**"Yaa jarana, ani
akka imalli keenya kun badiisa
uf keessaa qabu, akka inni
doonichattiifi miya qofatti otoo
hinta'in jireenna keennattillee balaa
fiduuf deemu nan arga" jedhee
isaan gorse. **11**Ajajaan dhibbaa sun
garuu qooda waan Phaawuloos
jedhe dhagawu gorsa ooftuu
hobolootii fi gorsa abbaa ho-
boloo fudhate. **12**Sababii buufanni
doonii sun ganna achi turuuf
mijaawaa hinta'iniif baayeen isaanii
fiinqeetti galanii ganna achitti
dabarsuu abdatanii akka nu it-
tuma fufnee dooniin deemnu mur-
teessan; Buufanni Qarxeessi kun
fuulli isaa gara kibba[y] dhiyaattiifi
gara kaaba[z] dhiyaatti deebi'ee ture.

### Obombolettii Galaana Irraa

**13**Yommuu bubbeen kibbaa suuta
bubbisuu jalqabetti waan kaay-
yoo isaanii guutachuu danda'an
se'anii gadiitoo doonii hiikanii
cina Qarxeesiitiin qarqara galaana
irra dabran. **14**Otoo hinturinis
bubbeen hamaan, "Yuurokiliidon"
jedhamu tokko lafa bisaan jid-
duu sana irraa gadi bubbise.
**15**Dooniin sunis obomboleettiid-
haan qabamee gara bubbee
sanaatti deemuu dadhabe; nus
abdii kutannee akka inni bub-
been fudhatamuuf ittuma dhi-
ifne. **16**Nus lafa diqqoo bisaan
jidduu tan Kilaawudaa jedhamtu
tokkoon da'anee rakkinna gud-
daan bidiruu[a] oolchuu dandee-
nye. **17**Namoonni sunis bidiruu
sana dooniitti ol baasanii akka
dooniin sun gargari hin diigam-
neef jedhanii haadaan walitti
hidhan. Isaanis tima cirracha
sartiisiitti bu'uu sodaatanii gadii-
too galaanaa gadi buusanii
akka dooniin sun bubbeen oo-
famtuuf ittuma dhiisan. **18**Waan
obombolettiin sun akka malee
nutti jabaachaa deemeef isaan
guyyaa itti aanutti doonii sana
irraa fa'iisa guuranii bishaanitti
dadarbachuu jalqaban. **19**Guyyaa
sadaffaatti immoo mi'a doonii
sanaa harkuma ufiitiin fuudhanii
darbatan. **20**Nu waan otoo aduu
yookiin urjii hin argin guyyaa
hedduu turreefii, waan obombo-
lettiin nutti jabaateef abdii badiisa
ooluuf qabnu hunda ni kutanne.

**21**Phaawuloosis eega namoonni
sun hagabuu isaanii yeroo dheeraa
turanii booddee jidduu isaanii
dhaabatee akkana jedhe; "Yaa

[y]12 ykn *bitaa;* [z]12 ykn *mirga;* [a]16 ykn *hoboloo diqqoo*

jarana, isin otoo gorsa kiyya dhageessanii Qarxeesii kawuu baattanii isinii wayya ture; silaa balaa fi badiisa kana hundumaa irraa of oolchitu turtan. 22Amma garuu ani akka isin jabaattan isin gorsa; doonicha malee isin keessaa lubbuun nama tokkooyyuu hinbaduutii. 23Maleekkaan waaqa ani kan isaa ta'eefi Waaqa ani isa tajaajilu[b] sanaa tokko eda dhufee na cina dhaabatee, 24'Yaa Phaawuloos, hin sodaatin; ati Qeesaar dura dhaabachuu qabdaatii; kunoo, Waaqayyo warra si waliin deemaa jiran cufa dabarsee sitti kenneera' naan jedhe. 25Kanaaf yaa jarana jabaadhaa! ani akka wonni kun akkuma natti himame sana ta'u waaqa nan amanaatii[c]. 26Ta'us lafa bisaan jidduu tokkotti bu'uun keenna waan hin oolle."

**Dooniin Caccabuu Isaa**

27Halkan kudhanii afraffaatti otoo galaana Adiriyaa irra asii fi achi oofamaa jirruu gara halkan wadhakkaatti warri doonii irra hojjatan sun waan gara lafaatti dhiyaatan se'an. 28Isaan funyoo ittiin gadi fageenna galaanaa ilaalan gadi buusanii akka galaanni sun faana dhibba tokkoofi diddamaa gadi fagaatu argan; yeroo gabaabaa booddee ammas funyoo sana gadi buusanii akka gadi fageenyi galaanichaa faana sagaltamaa ta'e argan. 29Isaanis qarsaatti buuna jedhanii sodaatanii gadiitoo afur dudda duubaan hoboloo irraa gadi buusan. Akka lafti bariituufis Waaqa kadhatan. 30Warri hoboloo irra hojjatanis hoboloo keessaa baqachuuf jedhanii waan fuula hoboloo duraan gadiitoo buusan fakkaatanii bidiruu sana galaana keessa buusan. 31Phaawuloos immoo ajajaa dhibbaatiifi laltootaan, "yoo namoonni kunniin hoboloo keessa turan malee isin badii ooluu hin dandeettan" jedhe. 32Kanaaf loltoonni sun haada bidiruu sanaa irraa kutanii galaanatti gadi ishii dhiisan.

33Gara barii lafaattis Phaawuloos akka namoonni hundinuu waa nyaataniif isaan kadhate; akkanas jedheen; "isin torbaan lamaan dabre yaadda'aa, otoo waa tokkollee hin nyaatin agabuu keessan ooltanii bultaniirtu. 34Kanaaf ani akka isin waa nyaattaniif isin kadhadha; nyaanni jiraachuuf isin gargaaraatii. isin keessaa nama kamiyyuu rifeensa mataa isaa keessaa tokkolleen hin baduutii." 35Innis erga waan kana dubbatee booddee buddeena fuudhee hunduma isaanii duratti Waaqa galateeffate; cabsatees nyaachuu jalqabe. 36Isaan cuftinuu jajjabaatanii ufumaan buddeena nyaatan. 37Walumatti

[b]23 ykn *hojjadhuuf;* [c]25 ykn *in dhugeeffadha*

nu nama dhibba lamaa fi torbaatamii ja'aattu doonii sana keessa ture. [38]Isaanis eegii nyaatanii quufanii booddee qamadii[d] fa'amee ture sana galaanatti naqanii akka ulfinni doonii sanaa salphatu godhan.

[39]Isaanis yommuu lafti bariitetti galoo galaanaa kan kuufama cirrachaa qabu tokko argan malee akka biyyi sun eessa ta'e hin hubanne; doonii sanas yoo isaanii danda'ame dhiibanii qarqara galaanaatti baasuu murteessan. [40]Kanaaf gadiitoo kutanii galaana keessatti gadi dhiisan; yeruma sana funyoo batoon[e] ittiin hidhame sana hiikan; eegasiis sharaa karaa fuula doonii duraan jiru sana qilleensatti ol fuudhanii gara kuufama cirrachaatti qajeelan. [41]Garuu dooniin sun fulaa itti galaannii lama walga'utti tima cirrachaatti bu'ee lafa tuqe. mataan isaa achitti qabamee socho'uu dide; dudduubni isaa immoo humna dhawaa galaanaatiin dhawamee caccabe.

[42]Loltoonnis akka warra hidhaman sana keessaa namni tokkoyyuu bishaan daakee baqatee jalaa hin baaneef isaan ajjeesuuf mariyatan. [43]Garuu ajajaan dhibbaa sun waan Phaawuloosin du'a oolchuu fedheef akka isaan waan mariyatan sana hin goone dhowwe; innis akka warri bishaan daakuu danda'an duraan dursanii doonii irraa utaalanii gara lafaatti ba'an ajaje. [44]Akka Warri hafan immoo saanqaa[f] yookaan caccabaa doonii qabatanii achi ga'an ajaje; haala kanaan hundi isaanii nagayaan lafatti ba'an.

### Phaawuloos Malaaxiyaa Ga'uu Isaa

**28** Nus nagumaan qarqara galaanaatti baanee akka lafti bisaan jedduu sun malaaxiyaa jedhamtu beenne. [2]Namonni biyya bishaan jidduu sana irra jiraatanis garaa laafinna dinqisiisaa[g] nu agarsiisan; isaanis sababii bokkaan roobaa, laftis dhaamochaa tureef ibidda bobeessanii hunda keenna simatan. [3]Otoo Phaawuloos hanxaxii qoraanii walitti qabee ibiddatti naqaa jiruu buutiin sababii oow'aatiin gadi baate tokko harka isaatti fayyitee gadhiisuu didde. [4]Warri biyya bisaan jidduu sana irra jiraatan sunis buutii harka isaatti rarraatu arganii, "Namichi kun nama nama ajjeese ta'uu hin oolu; inni yoo balaa galaanaa jalaa ba'ellee murtiin waaqaa akka inni jiraatu hin eeyyamneef" waliin jedhan. [5]Phaawuloos buutii sana ibidda keessa of irraa buuse; miidhaa tokko malees hafe.

[d]38 ykn *dargaayyee;* [e]40 ykn *muka hoboloon deemsisan;* [f]44 ykn *muka battee/muka haffallicha;* [g]2 ykn *ajaa'ibsiisaa/maadeffachiisaa*

[6]Namoonni sunis, "inni ni iita'a yookaan akkuma tasaa lafa dhayee du'a" jedhanii eegan; garuu yommuu yeroo dheeraa eeganii akka inni waa tokkollee hin ta'iin arganitti yaada jijjiratanii, "namichi kun Waaqa" jedhan.

[7]Bulchaan biyya sanaa kan Phubiliyoos jedhamu tokkos naannoo sanaa Oobruu[h] qaba ture; innis mana isaatti nu simatee guyyaa sadii jaalalaan nu keessumsiise. [8]Abbaan Phubiliyoosi dhukkuba nafa nama gubuufi garaa nama kaasuun qabamee ciisaa ture; Phaawuloosis isa gaafachuuf ol seenee erga kadhateefii booddee[i] harka irra kaa'ee isa fayyise. [9]Yommuu wonni kun ta'etti dhukkubsattoonni[j] lafa bishaan jidduu sana irra jiraatan dhibiin[k] hundi dhufanii fayyan. [10]Isaanis karaa baay'eedhaan ulfinna nuu kennan; yommuu nu dooniin[l] deemuuf kaanettis waan nu barbaachisu hunda nuu kennan.

**Phaawuloos Roomaa Ga'e**

[11]Nus ji'a sadii booddee hoboloo Iskindiriyaa kan lafa bisaan jidduu sana irratti yeroo gannaa dabarse tokkoon kaanee deemsa jalqabne; hoboloon sunis milikkita diyoosqoroosi[m] adda isaa irraa qaba ture. [12]Siiraakuu geennees bultii sadii achi turre. [13]Achiis kaanee Reegiyuumitti galle; guyyaa tokko booddees waan bubbeen kibbaa[n] bubbiseef guyyaa itti aanutti Putiyooloos geenye. [14]Achitti obboleeyyan tokko tokko arganne; isaanis akka nu bultii torba isaan bira turru nu kadhatan. Nus akkasiin Roomaatti galle. [15]Obboleeyyan achi turanis yommuu dhufaatii keenya dhagayanitti hanga lafa gabayaa Aphiyuusiitti, hanga bakka[o] 'Tiree Tabarnees' jedhamuutti nu simachuu dhufan; Phaawuloosis isaan argee Waaqa galateeffate; ufii isaatiis ni jajjabaate. [16]Yommuu nu Roomaa geennetti Phaawuloos akka loltuu isa eegu tokko waliin kophaa isaa jiraatu eeyyamameef.

**Phaawuloos Roomaatti Lallabuu Isaa**

[17]Phaawuloosis guyyaa sadii booddee dura-bu'oota Yihuudotaa walitti waame; yommuu isaan walitti qabamanitti akkana jedheen; "Yaa obboleeyyan kiyya, ani otoo waan saba keennaan yookiin bartee[p] abbootii keennaatiin mormu tokkollee hin hojjatin Yerusaalem keessatti qabamee dabarfamee harka warra Roomaatti kennameera. [18]Isaanis

[h]7 ykn *maasaa/maasii;* [i]8 ykn *duubatti;* [j]9 ykn *warri fayyaa hinqamne;* [k]9 ykn *gara biraan;* [l]10 ykn *hoboloon;* [m]11 ykn *fakkeenna waaqota lakkuu (Kastarii fi Phooluksi)* [n]13 ykn *bitaa;* [o]15 ykn *fulaa;* [p]17 ykn *aadaa/duudhaa*

eega na qoranii booddee sababii ani yakka du'a namatti mursiisu tokkollee hin qabaatiniif gadi na dhiisuu barbaadan.
**19**Ani garuu yoo waan ittiin saba kiyya himadhu tokkoyyuu hinqabaatinillee yommuu Yihuudonni mormanitti akka Qeesaaritti ol iyyadhu nan dirqame[q].
**20**Wonni ani isin arguu fi isin waliin haasa'uu kadhadheefis kanuma; ani sababuma abdii Israa'eliitiif jedhee sansalata[r] kanaan hidhamee jira."

**21**Isaanis akkana jedhanii deebisan; "Nu xalayaa waayee kee dubbatu tokkollee biyya Yihuudaatii hin arganne; obboleeyyan achii dhufan keessaas namni tokkoyyuu waayee kee waan hamaa hin dubbanne; nuttis hinhimne.
**22**Nu garuu yaadni kee maal akka ta'e sirraa dhagawuu barbaanna; nu akka namoonni bakka cufa jiran garee kanaan morman nibeennaatii."

**23**Isaanis eegii guyyaa itti Phaawuloos wajjiin wal argan dhaabbatanii booddee, baayyatanii lafa inni jiraachaa ture dhaqan; innis ganamaa jalqabee hanga galgalaatti waayee mootummaa Waaqayyoo isaanii ibsaa, lallabaas ture; waayee Yesuusis seera Muuseetii fi kitaabota raajotaa[s] keessaa eeree[t] isaan amansiisuu yaalaa ture.
**24**Isaan keessaa warri tokko tokko waan inni jedhe ni fudhatan; warri kaan immoo amanuu[u] didan.
**25**Isaan jidduutti waldhabiisi uumamnaan ka'anii deemuu jalqaban; kunis erga Phaawuloos akkana jedhee dubbii dhumaa dubbateen duubatti; Hafuurri Qulqulluun[v] yeroo karaa Isaayyaas raagichaatiin abbootii keessanitti dubbate sana dhugaa isaa dubbate; innis akkana jedhe:

**26**" 'Gara saba kanaa dhaqiitii
akkana jedhi;
"dhagawuu dhugumaan ni dhageessu garuu hin hubattan;
ilaaluus dhugumaan ni ilaaltu garuu hin argitan."
**27**Sabni kun mataa jabaateraatii
gurri isaanii dhagawuu dideera;
ija[w] isaaniis dunuunfataniiru;
silaa ija isaaniitiin arganii,
gurra isaaniitiin dhagayanii,
qalbii isaaniitiin hubatanii,
gara kiyyatti deebi'u turan;
anis isaan nan fayyisa ture.'

**28**"Kanaaf ani akka fayyisuun Waaqaa gara namoota ormaatti ergame akka isin beettan nanbarbaada; isaanis ni dhagawu."
**29**Yihuudonnis eega inni waan kana dubbatee booddee jabeessanii waliin mormaa achii deeman.

**30**Phaawuloosis waggaa lama

[q]19 ykn *giddaaye/giddisiifame;* [r]20 ykn *haada sibiilaa/sinsilaata/ fooncaa;* [s]23 ykn *raagotaa;* [t]23 ykn *tuqee/fudhatee;* [u]24 ykn *dhugeeffachuu;* [v]25 ykn *Ayyaanni Woyyuun;* [w]27 ykn *ila*

guutuu mana ofiisaatii kireeffate
keessa jiraachaa, warra isa dubbi-
suu dhufan cufas simachaa ture.
**31**Innis ija[x] jabeennaan, gufuu
tokko malees mootummaa Waaqay-
yoo lallabaa, waayee Gooftaa
Yesuus Kiristoosiis barsiisaa ture.

[x]31 ykn *adda*